# QAACCESSA QUBEESSUUFI FAYYADAMA SIRNA TUQAALEE BARREEFFAMA BEEKSISOOTA WAAJJIRAALEE MOOTUMMAAFI MIT-MOOTUMMAA: HAALA GODINA ARSII AANAA ZUWAAY DUGDAA

TAAMMIRAAT DHAABAATIIN

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUUF GAMISAAN GUUTTACHUUF

DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII, KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA,

JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

AMAJJII 2014/2021

FINFINNEE

# QAACCESSA QUBEESSUUFI FAYYADAMA SIRNA TUQAALEE BARREEFFAMA BEEKSISOOTA WAAJJIRAALEE MOOTUMMAAFI MIT-MOOTUMMAA HAALA GODINA ARSII AANAA ZUWAAY DUGDAA

TAAMMIRAAT DHAABAATIIN

GORSAA: DINQEESSAA DHEERREESSAA(PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUUF GAMISAAN GUUTTACHUUF

DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII, KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA,

JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

AMAJJII 2014/2021

FINFINNEE

# YUUNIVARSIITII FINFINNEE

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo barsiisuu gamisaan guuttachuuf,Taammiraat Dhaabaa Dhaadhii mata duree:Qaaccessa qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa haala Godina Arsii Aanaa Zuwaay Dugdaa jedhu irratti qophaa'ee, sadarkaa qorannoo Yuunivarsiitii Finfinnee guutee kan dhiyaate ta'uu isaa ni mirkaneessina.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa____________________________Mallatto___________ Guyyaa___________

Qoraa keessaa_________________________Mallattoo__________Guyyaa____________

Gorsaa_______________________________Mallattoo__________Guyyaa____________

_________________________________________________________________

Itti gaafatamaa Muummee yookiin walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

# Axereeraa

*Kaayyoon qorannoon kun qabatee ka`e Qaaccessa doggongora qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee barreefama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa aanaa Zuwaay Dugdaa keessa jiran xinxaluun furmaata kaa'uudha Mataduree qorannoo kanaa ijaaruudhaaf kitaabileen garaagaraa sakatta`amanii akka sakatta`a barruutti qorannicha keessatti hammatamanii jiru. Saxaxni qorannoo kanaa saxaxa ibsaati. Qorannichi mala makaa fayyadame. Kunis kan ta'eef, ragaalee bifa bilchina qabuun funaanuufi qaaccessuuf barbaadameeti. Maddi odeeffannoo tokkoffaan beeksisoota garaa garaa kanneen bara 2012 A.L.I. keessa magaalicha keessatti barreeffamanii maxxanfamanii(dookmentii) argaman kan ilaallatu yemmuu ta'u, maddi odeeffannoo inni lammaffaan immoo Hojjettootni kanneen Aanaa Zuwaay Dugdaa Magaalaa Ogolchoo keessatti waajjira mootummaa keessatti hojjetaniifi waajjira mit-mootummaa keessatti hojjetan afgaaffichaaf iddataan filataman keessatti hirmaatanii jiru. Qoratichi tooftaalee iddatteessuu jiran hunda keessaa waajjiraalee filachuuf mala mit-carraa fayyadamuun hojii iddatteessuu isaa gaggeesse jira. Sababni malli kuni filatameefis, waajjiraaleen filataman kunneen kaayyoo qorannoo kanaa galmaan naaf gahuu danda'u jedhee qorataan waan itti amaneefidha.Kanumaan walqabatee, qoratichi gosa iddatteessuu mit-carraa kana keessaa immoo, mala iddatteessuu akkayyootti dhimma ba'e. Qorannoo kan geggeesse qoratichi meeshaalee mijatoofi odeeffannoo gahaa argamsiisuun qorannoo kiyya galmaan naaf gahuu danda'a jedhee itti amanuun filate sakatta'a dookumantiifi af-gaaffiitti dhimma bahee jira. Qorannoon kun amalaafi adeemsa qabu irraa ka'ee mala makaatiin gaggeeffame. Kuinis, mala akkamtaafi hammamtaa jechuudha. Mala ammamtaa fayyadamuu keessaatti qoratichi ragaaleen funaanaman akka sirriitti ifa ta'aniif, dogoggora qubeessuu jiru gosaan qoodee dhibbeentaan kaa'e. Ergasii ibsi itti kenname. Mala akkamtaa fayyadamuu keessatti immoo dogoggoroota mul'atan karaa afgaaffiin adda baasuun qaaccessee ibse. Bifa kanaan, ragaalee cunfame kanarraa argannoon qoratichaa:qaacceessa haala qubeessuufi sirna tuqaalee barreeffama beeksisoota hojjettoota waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa keessa hanqinni jiraachuu qoratichi adda baasee jira;Dogoggorri barreeffama beekisisoota isaanii keessatti mul`atanis:seeraan qubeessuu dhabuufi sirna tuqaaleetti seeraan fayyadamuu dhabuun afaanichaa akkaataa seerri isaa ajajuun gargaaramuu dhabuu akka ta`e mul`ate jira; Maddi dogongora barreessuu isaanii: xiyyeeffannaa itti kennuu dhabuu, gahumsa barbaachisu fayyadama afaaniirratti dhabuufi leenjiin yeroo yeroon hojjettoota mootummaaf ogummaa barreessuurratti kennamuu dhabuu akka ta`e adda baafamee jira*

# Galata

Waan hundumaa dura nagaafi fayyaa naaf laachuudhaan sadarkaa kanaan isa nagahe Waaqayyoon baay`een galateeffadha. Ittaansee, yeroon waraqaa qorannoo kana qopheessu jalqabaa hanga dhumaatti beekumsaafi gahumsa qaban daangaa malee naaf gumaachuudhaan kan nagorsaa turan Dinqeessaa Dheerassaa (PhD) baay`een galateeffadha. Dabaltaanis, hiriyoota koo iddoo hojiitti yaadaafi beekumsa qabaniin; kallattii adda addaan waraqaa qorannoo koo galmaan gahuuf ragaalee funaanuu keessatti, gulaaluu keessatti natumsaa turanis nangalateeffadha. Akkasumas, intala koo Bisraat Taammiraat kan yeroo hunda nuffii tokko malee karaa hundumaan nabira dhaabbattee gargaarsa gahaa naaf gochaa turte baay`ee galateeffachuun barbaada

Itti dabalees, nuffii tokko malee gaaffii kootiif deebii kan naaf kennan, ragaalee ani barbaades kan naaf gumaachan hojjettoota waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa Godina Arsii Aanaa Zuwaay Dugdaa iddattoota koo kan turan hundumaa baay`een galateeffadha. Dhumarratti carraa kana argadhee mata-duree kanarratti akkan hojjedhuuf daandii kan naaf bane Yuunivarsiitii Finfinnee daran galateeffachuun barbaada.

## Gabaajee

C/D/A = Charity and Development and Association(Waldaa Misoomaafi Tola-ooltumma)

W/B/M/O = Waajjira Bulchiinsa Magaalaa Ogolchoo

W/I/F/L/B/A/Z/D =Waajjira Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Zuwaa Dugdaa

W/M/W/D/A/Z/D =Waajjira Maallaqaafi Walta'iinsa Diinagdee Aanaa Zuwaay Dugdaa

W/P/S/Q/N/A =Waajjira Pabliik Sarviisiifi Qabeenya Namaa Aanaa Zuwaay Dugdaa

W/W/L/Q/O = Waajjira Waldaa Aaksiyoona Liqiifi Qusannaa Oromiyaa

W/W/K/AZ/D =WaajjiraWaldaa Kaatolikii Aanaa Zuwaay Dugdaa

Z/D = Zuwaay Dugdaa

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Axereeraa ............ i
Galata ............ ii
Gabaajee............ iii
Baafata ............ iv
Gabateewwan ............ vii
Suuraawwan............ viii
Boqonnaa Tokko: Seensa............ 1
1.1Ariirata Qoranichaa ............ 1
1.2.Ka’umsa Qorannichaa ............ 3
1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa ............ 4
1.4. Faayidaa Qorannichaa ............ 5
1.5. Daangaa Qorannichaa ............ 5
1.6. Hanqina Qorannichaa............ 6
1.7. Qindoomina Qorannichaa ............ 6
1.8. Ibsaa Nannoo Qorannoo............ 7
Boqonnaa Lama: Sakatta’a Barruu ............ 9
2.1. Sakatta’a Barruu Yaadrimee ............ 9
2.1.1. Maalummaa Beeksisaa ............ 9
2.1.2. Kaayyoo Beeksisaa............ 11
2.1.3. Faayidaa Beeksisaa............ 12
2.1.3.1. Hubachiisuu (precipitation) ............ 12
2.1.3.2. Amansiisaa (persuasion)............ 13
2.1.3.4. Yaadachiisuu (reminder) ............ 14
2.1.4. Amaloota Barreeffama Beeksisaa ............ 14
2.1.5. Beeksisni Eenyuun Barreeffamuu Qaba? ............ 14
2.1.6. Beeksisa Irratti Ofeeggannoo Gochuun Maalif Barbaachise?............ 16
2.2. Seera Barreeffama Afaan Oromoo............ 16

2.2.1. Dheeressuufi Gabaabsuu Sagalee ........ 18
2.2.2. Jabeessuufi Laaffisuu Sagalee ........ 19
2.2.3. Dhamjecha ........ 19
2.2.3.1. Dhamjecha walabaa ........ 20
2.2.3.2. Dhamjecha Hirkataa ........ 20
2.2.4. Itti Fayyadama Hanqina Sirna Tuqaalee Ilaalchisee ........ 21
2.2.4.1. Tuqaafi Qooduu Fayyadamuu ........ 22
2.2.4.1.1. Tuqaa ........ 22
2.2.4.1.2. Qoodduu ........ 22
2.2.4.2. Qub-guddeessa Fayyadamuu ........ 23
2.3. Dhiibbaawwan Hanqina Qubeessuu ........ 24
2.3.1.Ergaa Dabsuurratti ........ 24
2.3.2. Seera Afaannichaarratti ........ 24
2.4. Sakatta`a Barruu Walfakkii ........ 25
Boqonnaa Sadi: Saxaxaafi MalaQorannichaa ........ 27
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 27
3.2. Mala Qorannichaa ........ 27
3.3. Madda Ragaalee ........ 27
3.4. Mala Iddatteessuu ........ 28
3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee ........ 29
3.5.1. Sakatta'a Dookumantii ........ 29
3.5.2. Afgaaffii ........ 30
3.6. Mala Qaaccessa Ragaalee ........ 30
Boqonnaa Afur: Hiikaafi Xiinxala Ragaalee ........ 32
4.1. Xiinxala Beeksisoota (Sakatta'a Dookumantii) Irratti Taasifame ........ 32
4.1.1. Qaaccessa Sadarkaa Qubeessuu Irratti Taasifameefi Hanqinoota Mul'atan ........ 32
4.1.1.1. Hanqina Dubbachiistota Dheeressuufi Gabaabsuu Irratti Mul'ate ........ 33
4.1.1.2. Dogoggora Sagaleewwan Dubbifamaa Jabeessuufi Laaffisuu Ilaallatu ........ 40
4.1.1.3. Hanqina Itti Fayyadama Qub-guddeessaa ........ 44

4.1.1.4. Hanqinoota Itti Fayyadama Irrabutaan Walqabatanii Mul'atan ............................... 50
4.1.1.5. Hanqinoota Itti Fayyadama Hudhaa Irratti Mul'atan (') ......................................... 50
4.1.1.6. Hanqina Dhamjechoota Hirkatoo Akka Ofdanda'ootti Fayyadamuu ...................... 51
4.2. Hanqinoota Itti Fayyadama Sirna Tuqaaleen Walqabatan ................................................. 54
4.2.1. Hanqinoota Itti Fayyadama Mallattoo Tuqaa (.) ........................................................ 55
4.2.2. Hanqinoota Itti Fayyadama Mallattoo Qoodduu (,) .................................................. 56
4.3. Qaaccessa Odeeffannoowwan Af-gaaffii ........................................................................... 59
4.3.1. Xiinxala Afgaaffii Waajjiraalee Mootummaafi Mit-mootummaa............................... 60
4.3.1.1 Rakkoolee Qubeessu Barreeffama Beeksisaa Keessatti Mudate............................. 60
4.3.1.2. Madda Qulqullina Dhabuu Qubeessuu Barreeffama Beeksisootaa.......................... 61
4.3.1.3.Miidhaa afaan irraan gahu. ......................................................................................... 62
4.3.1.4. Hanqinaalee kanaaf fala kaa'ame ............................................................................. 63
Boqonnaa Shan: Cuufaa,Argannoofi Yaada Furmaataa .............................................................. 65
5.1. Cuunfaa ................................................................................................................................. 65
5.2. Argannoo ............................................................................................................................... 66
5.2. Yaada Furmaataa .................................................................................................................. 67
Wabii.............................................................................................................................................. 69
DABALEE "A"
DABALEE "B"
DABALEE "C"
DABALEE "D"

## Gabateewwan

**Fuula**

Gabatee 1.Hanqinoota Dubbachiistota dheeressuu dhabuu irratti mul’atu. .................................. 34
Gabatee 2. Hanqinoota Dhubbachiistota gabaabsuu dhabuu irratti mul’atan. .............................. 37
Gabatee 3.Dogongora dubbifamtoota jabeessu dhabuu irratti mul’atu. ....................................... 41
Gabatee 4. Dogongora dubbifamtoota laaffisuu dhabuu irratti mul’atu. ...................................... 43
Gabatee 5. Hanqina itti fayyadama qub-guddeessatti fayyadamuu osoo qabanuu fayyadamuu dhabuu. ................................................................................................................ 45
Gabatee 6. Hanqina itti fayyadama qubee xiqqaatti fayyadamuu osoo qabanuu fayyadamuu dhabuu .................................................................................................................. 48
Gabatee 7. Dogoggoroota gama fayyadama irra-butaatiin mul’ata ............................................. 50
Gabatee 8.Hanqina itti fayyadama sagalee hudhaa irratti mul’atu. ............................................. 51
Gabatee 9.Hanqina Dhamjechoota Hirkatoo Akka ofdanda’ootti Fayyadamuu .......................... 52
Gabatee 10. Iddoowwan hanqinni itti fayyadama mallattoo tuqaa itti mul’atan .......................... 55
Gabatee 11. Iddoowwan hanqinni fayyadama mallattoo qoodduu itti mul’atan .......................... 56
Gabatee 12. Cuunfaa qaaccessa ragaalee sakatta’a dookumeentii ibsu ....................................... 58

## Suuraawwan

**Fuula**

Suuraa 1: Kaartaa Lafa Aanaa Zuway Dugdaa ........ 7
Suuraa 2 Beeksisa W.M.W.D.A.Z.D guyyaa 09/10/2012 baase ........ 35
Suuraa 3. Beeksisa W.I.F.L.A.Z.D.guyyaa13/08/2012 baase ........ 42
Suuraa 4.Beeksisa W.P.S.M.N.A.Z.D. guyyaa 26/09/2012 baase ........ 47
Suuraa 5 Beeksisa W.P.S.M.N.A.Z.D. guyyaa 19/05/2012 baase ........ 54
Suuraa 6. Beeksisa Waajjirri Barnootaa guyyaa 30/03/2012 baase ........ 57

# Boqonnaa Tokko: Seensa

## 1.1Ariirata Qoranichaa

Barreessuuun ergaa keenya karaa dubbisaan gaariitti hubachuu danda`uun akka dabarfannuuf kan nugargaaruudha. Yaada kana deggeruun Pincas (1982:5) hiika barreessuu jedhu akkas jedhee lafa ka`a, "Writing is an instrument of both communication and self expressions," jedha. Kana jechuun barreessuun meeshaa quunnamtiifi yaada sammuu ofii keessa jiran kan ittiin ibsaniidha. Barreessaan tokkos, yeroo dhimma barreessuu kana raawwatu yaada isaa haala caasaa afaanichaatiin qindeessuun isarraa eegama. Dabalataan akka Misgaanuu (2011:94-95) ibsutti, "Barreeffamni ulaagaa gaarii guuteera kan jedhamu; barreeffama walquunnamtii yaadaa ifaa, qulqullinaafi gahaa ta‟e tokko argachuuf tarsiimoo, caasima, qabiyyee, adeemsa barreessaa, qaama barreeffamaa, dhimma filannoo jechootaafi qindoomina seer-lugaa, sirna tuqaaleefi qub-gudeessa yoo qabaateedha." Kanaafuu, namni Afaan Oromootiin barreessu tokko kana xiyyeeffannaa keessa galchuun ofeeggannoon barreessuutu isa barbaachisa jechuudha. Dhalli namaa Ogummaawwan afaanii afran keessaa dubbachuufi barreessuudhaan ergaan kan darbu yookiin ergaa ittiin dabarfachuuf irra caalaa kan itti fayyadaman yoo ta`u, Ogummaawwan dhaggeeffachuufi dubbisuu immoo odeeffannoo haaraafi beekumsa ittiin hubachuudhaaf yookiin fudhachuudhaaf kan itti tajaajilamaniidha. Barreessuu keessatti garuu, ergaa dabarsuuf ofeeggannoon qindeessaanii barreessuun barbaachisaadha. Dandeettiiwwan kun lamaan karaa ergaa dabarsuutiin walhaafakkaatan malee adda addummaas niqabu. Barreessuun ogummaa ulfaataafi kan dogongorri garaagaraa keessatti argamuu danda`uudha. Dogongorri barreessuu keessatti mul`atanis: qubeessuu, ittifayyadama sirna tuqaaleefi caaslugafaa ta`uu danda`a. Dabalataan, Harmer (1991:53) akka ibsutti: "Barreessuun dubbachuurra ulfaataa waan ta'eef qindeessuun isaa sammuu cimaa gaafata; kunis waanta bareessaan barreesse dubbisaaf hubatamuu qaba malee kan dubbisaa keessatti gaaffii kaasu ta'uu hinqabu. Sababni isaas, qabxii hinhubatamne iddoo itti barreessaa mariisisu waan hinqabneef" jedha. Kunis, kan hubachiisu, barreessuun bilchinaan qindeeffamuu akka qabu ibsa. Dabalataanis, ogummaa kanatti gargaaramanii barreessuun yeroodhaa gara yerootti jijjiirama argamsiisaa dhufuun isaa kitaabileen barnootaa, galmeen jechootaa, barrulleewwan, gaazexaa, kitaabileen caaslugaafi k.k.f fooyya`uu isaaniiti.

Afaan Oromoo sadarkaa Biyyaa irra darbee, sadarkaa Afrikaatti afaanota Kibba Sahaaraatti dubbataman keessaa, Afaan Arabaafi Haawusaatti aanee sadarkaa sadaffaarratti argama (Tamasgen 1992; Hamid 1995; Asafaa 2009). Afaan kun Carraa barruun dagaaguu utuu hin argatiin hanga jaarraa 19ffaatti turuu isaa Makura Bulcha (1995:36) barreessee jira.Kana malees, afaan kun afaan barreeffamaan tajaajilu ta`ee hinturre. Yaada kana Asafaa(2009)fi Geetaachoon (1998) yoo ibsan, "Afaanni Oromoo waggoota muraasaan achitti Afaan hojii, Afaan qorannoo, Afaan barreeffamaafi barnootaa akka hinturre" ibsaniiru.Gragg (1976)fi Gadaa (1988), akka ibsanitti;Bara 1970 dura Afaan Oromoo barreessuun kan danda`amu qubee Afaan Gi`iizii yookiin qubee Afaan Arabaa qofa fayyadamuun akka ta`e addeessu. Haata`u malee, jalqaba bara 1970 Addi Biliisummaa Oromoo qubeen laatinii Afaan Oromoo barreessuuf akka ooluuf filate (Tilahun, 1994). Bara 1974-1991tti Afaan Oromoo qubee Gi`iiziitiin akka barreeffamuufi hojiirra oolu sirni abbaa irree murteessee ture (Gragg, 1976;Tilahun,1994). Dabalataan, chaarteriin mootummaa ce`umsaa Itoophiyaa Afaan Mootummaa Naannoo Oromiyaa ta`ee bara 1991 irraa eegalee hojiirra akka oolu heera mootummaa naannoo Oromiyaa keeyyata 5$^{ffaa}$ irratti yeroo murteessu kan barreeffamus qubee Afaan Oromootiin (laatiinii) ta`uu mirkaneessee jira (Misgaanuu, 2011). Kanarraa kan ka`e, bara 1993 irraa eegalee Afaan Oromoo Manneen barnootaa sadarkaa 1$^{ffaa}$ keessatti akka Afaan barnootaatti, manneen barnootaa sadarkaa 2$^{ffaa}$ keessatti immoo akka gosa barnootaa tokkotti akka kennamu ta`uun yeroo ammaattis Kolleejjiifi Yunivarsitii adda addaatti (bakka muraasa irraan kan hafe) sadarkaa Digirii 1$^{ffaa}$tti kan kennamaa jiruufi barattoonnis kan ittiin eebbifamaa jiraniidha. Dabalataanis, Yunivarsitii Finfinnee, Yunivarsitii Haramaayyaa, Yunivarsitii Wallaggaa, Yunivarsitii Jimmaafi Yunivarsitii Arsiitti sagantaa Digirii 2$^{ffaa}$tti,eebbisiisa jiru.Wanti nama gammachiisu immoo Yuunivarsitiin Wallaggaa hanga Digrii 3$^{ffaa}$tti(PhD)kennamaafi eebbisiisaa jiraachuun isaa kan jajjabeeffamu ta'ee yunivarsiitiin birootis osoo muuxannoo isaa kana qooddatanii bayeessa.

Haalli kun barnoota Afaan Oromootiif mijaawuun isaa immoo, ogummaan barreessuu yeroodhaa gara yerootti akka fooyya`uuf karaa saaqeera. Ogummaan kun yeroo baay`ee, kan shaakalaan yookiin muuxannoorraa argamu ta`uu isaa beektonni kanneen akka Raimes (1983)fi Byrne (1988) ibsan. Nunan (1989), Halliday (1985) waabeffachuun barbaachisummaa ogummaa kanaarratti yoo ibsitu, Barreessuun sirrii ta`e guddina afaaniifi jijjiirama aadaa keessatti feedhii ummanni dubbii afaaniin guuttachuu hindandeenye furuuf akka gargaaru ibsiti.

Ummanni Oromoos afaan isaatiin barachuun, ittiin hojjetee ogummaa isaa dagaagsuuf yaalii godhuun isaa afaanichis mallattoo tokkummaa isaafi agarsiistuu eenyummaa isaa akka ta`e hubachiisa. Yaada kanaan walqabatee, wayita ammaa kana Afaan Oromoo afaan barreeffamaa, Sabquunnamtii, qorannoofi qo'annoon ittiin geggeeffamu, afaan hojii mootummaa, afaan mana murtiifi afaan barumsaa ta`ee jira. Haata`u malee, hojjettoota mana hojii mootummaa biratti ogummaa barreessuutiin walqabatee yoo hanqinni adda addaa mul`atan kan ittifufan ta`e barreeffama afaanichaan waliigaluun rakkiisaa ta`uu danda`a. Kanaafuu, qorannoon kun dhimma kana xiyyeeffannoo keessa galchuudhaan afaan kun sadarkaa kanarra ga'ee utuu jiruu guddina afaan kanaafis ta'e tajaajila afaan sun kennurratti rakkoo kan fidu rakkoo qubeessuu haalaan mul'ata. Qorannoon kunis, rakkoo guddina afaan sanaafis ta'e ergaa afaan sanaan darbaa jirurratti dhiibbaa cimaa kan qabu qaaccessa haala qubeessuu barreefama beeksisoota, miidhaa isaa adda baasuun furmaata isaa akeeku irratti kan xiyyeeffatu ta'a. Qaaccessa qubeessuufi fayyadam sirna tuqaalee barreeffamoota beeksisoota hojjettoota mootummaafi miti-mootummaa Godina Arsii Aanaa Zuwaay Dugdaa irratti geggeeffameedha.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Adeemsa mana hojii mootummaa keessatti ogummaan barreessuu iddoo olaanaa qaba. Hojjettoonni mana hojii mootummaas ogummaa barreessuutiin gahumsa olaanaa ta`e qabaachuun barbaachisaadha.

Ergaan barreeffamootaan daddarban hundinuu sababii ofiin of ibsaniif, of eeggannoo cimaafi bilchina ogummaatiin deeggaramanii qubeeffamuu qabu. Kunis, kan milkaa'uu danda'u, seera barreeffama afaanichaa eeggachuun ogeessa afaanichaatiin irra caalayo barraa'e. Bu'uruma kanaan, mata duree "Qaaccessa qubeessuufi fayyadam sirna tuqaalee barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa Aanaa Zuwaay Dugdaa'' jedhu irratti qorannoo kana geggeessuuf dhimmootni garaa garaa qoraticha kakaasanii jiru. Isaanis, beeksisootni Afaan Oromootiin barreeffamanii magaalaa Ogolchoo iddoowwan garaa garaatti maxxanfamanii argamaa turan keessatti hanqinoota seera barreeffamaa qabaachuu isaanii argaafi dhaga'aa turuu isaati.

Qorannoon kana dura mata-duree kana waliin walitti dhiyaatu geggeeffames tokkoffaa Geetoo (2012) yoo ta'u mata-dureen isaa "Qaaccessa dogoggor rakkoo qubeessuu waajjiraalee

mootummaa aanaa Balee Gasgaar keessa jiran balballoomsuufi furmaata kaa'uudha". Kaayyoon isaa, rakkoo qubeessuu waajjiraalee mootummaa aanaa Balee Gasgaar keessa jiran balballoomsuufi furmaata kaa'uudha Lammaffaa, Oliiqaa (2018) Qaaccessa Haala Qubeessuu Barreeffama Beeksisoota Waajjiraalee Mootummaafi Miti-Mootummaa Aanaa Warra Jaarsoo Magaalaa Gohaatsiyoon"jedhu. Kaayyoon isaas. "Qaaccessa haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi miti-mootummaa , Aanaa Warra Jaarsoo magaalaa Gohaatsiyoonitti kan hojjetame." Geetoon rakkoo qubeessu wajjiraalee mootummaa irratti xiyyeeffata.Achi keessaa hinmurteessine ykn baayyee bal'ata.Akkasumas waajjiraalee miti mootummaa hinhaammatu.Kan Oliiqaa immoo haala qubeessuu beeksisa wajjiraalee ilaalata. Qurannoon kun immoo Qaaccessa qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa Aanaa Zuwaay Dugdaa furmaata kaa'uudha.

Kana malees, qorannoowwan dhimma qubeessuun walqabatanii barraa'an dubbisuudhaan qoratichi mata-duree kana irratti qorannoo geggeessuuf kaka'umsa hedduu argatee jira. Kanaafis, qoratichi ka'umsa qorannoo isaatiif furmaata barbaachisu eeruudhaaf, adeemsa hojii qorannoo kanaa keessatti gaaffilee bu'uraa armaan gadii kanneen deebisee jira.

1. Beeksisoonni Waajjiraalee Mootummaafi Mit-mootummaa Magaalaa Ogolchootiin barreeffamanii maxxanfaman hanqinaalee qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee akkam akkamii qabu?
2. Hanqinaaleen Qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee Beeksisoota Waajjiraalee ka'umsi isaanii maal faa'a?
3. Dogoggoraan Qubeessuunfi fayyadama sirna tuqaalee Beeksisootaa Ergaa darbuu barbaadame irratti dhiibbaa maal maal qaba?
4. Rakkoolee dogoggoraan Qubeessuufi Fayyadama Sirna tuqaalee sirnaan gargaaramuu dhabuu barreessitoota Waajjiraalee kanneen akkamiin furuun danda'ama?

## 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, "Qaaccessa qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee barreefama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa aanaa Zuwaay Dugdaa

keessa jiran xinxaluun furmaata kaa'uudha. Kanarratti kan bu'uure kaayyoon gooree qorannoo kanaa immoo:

1. Beeksisoota waajjiraalee Mootummaafi Mit-mootummaa Magaalaa Ogolchoo barreeffamanii maxxanfaman hinqinaalee qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee akkam akkamii akka qaban adda baasuu,
2. Hanqina Qubeessuufi Fayyadama Sirna Tuqaalee Beeksisa Waajjiraalee Mootummaafi Mit- mootummaa ka'umsi isaanii maal akka ta'e ibsuu ;
3. Dogongoraan Qubeessuufi Fayyadama Sirna Tuqaalee Beeksisootaa ergaa darbuu barbaadame irratti dhiibbaa maal maal akka qabu ibsuu ;
4. Rakkoolee dogoggoraan Qubeessuufi Fayyadama Sirna tuqaalee sirnaan gargaaramuu dhabuu barreessitoota Waajjiraalee kanneen akkamiin furuun akka danda'am eeruu.

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kunun Qaaccessa qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee barreefama beeksisoota waajjira mootummaafi miti-mootummaa keessatti hojiif barreeffaman kan xinxaaludha.Kana malees, waraqaa qorannoo kana yuunvarsiitiin itti baradheefi mana barumsaa ani keessatti barsiisuu fudhatanii dubbisuun bifa garagaraan irraa fayydamaa ta'uu danda'u jedhamee tilmaamama.Dabalataan Hojjettoonni waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa bu'aa qorannichaa fayyadamoo ta'u. Kana malees, namoota mataduree kanaafi kana fakkaatan irratti qorannoo sadarkaa garaagaraatti hojjechuu barbaadaniif, akka madda ka`umsaatti gargaara. Dabalataan qaamolee waaltina barreeffama Afaan Oromoo irrattii hojjetaniifis hanga tokko gargaaruu danda'a. Dhumarratti, Ogeeyyii barnootaa yeroo meeshaalee barnootaa qopheessan qubeessuu ilaalchisee akkamittiin akka qopheessan hanga tokko waan gochuu qaban akka godhaniif isaanitti mul'isuu yaala.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan daangeffames, naannoo Oromiyaa, godina Arsii aanaa Zuwaay Dugdaa magaalaa Ogolchoo keessatti waajjiraalee mootummaa soddomaa(30)fi miti-mootummaa shan(5)keessa kan mootummaa sagal (9)fi miti-mootummaa sadi (3) daangeeffameera.Isaanis waajjiraalee kudha lama(12) qofa kan haammatu ta'a. Akkasumas, rakkoofi madda dogoggora haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaa sagaliifi mit-mootummaa

sadii keessatti barreeffaman kanneen akka beeksisoota kan ji'a Fulbaanaa,2012A.L.I. hanga Hagayya 30,2012A.L.I.barreeffaman irratti ta'a. Dabalees,barreeffamoota ibsa adda addaa baatanii dhaaba manaafi eddoo garagaraarratti hapheeffaman (dhoobaman) kan qabatu ta'a. Akkasumas, namoota waajjiraalee filataman keessatti hojjetan irraatti daangeffama.

Waajjiraalee hundarratti osoo hojjetamee bu`aan argamu hedduu ture. Haata`u malee hanqina yeroorraan kan ka`e waajjiraalee mootummaa soddoma (30)keessaa sagal(9)fi miti-mootummaa shan(5)keessaa sadi,walitti qabaa waajjiraalee kudha lama (12) qofa irratti xiyyeeffate.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Hojii qorannoo "Qaaccessa haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa" jedhu kana keessattis hanqinoonni armaan gadii qoraticha mudateera.Isaan keessa hangafoonni; qorannoo yeroo, qaamonni mootummaas ta'ee miti-mootummaa waraqaa haftee beeksisaa gaafataman akka waan rakkoo irraan gahuu kenniif fedhii dhabuu , maddoonni odeeffannoo kennan odeeffannoo qulqulluufi amanamaa kennuurratti of kennuu dhabuudha,sababa korannaa(covid 19)waajjiraaleen mootummaafi mit-mootummaa cufamuufi akkasumas sababa jaalatamaafi kabajamaa Artiistii Haacaaluu Hundeessaa ajjeefameef ragaan wajjira keessa gubachuu fa'a.Kana malees waajjiraaleen mit-mootummaa W.K.A.Z.Dfi W.C.D.A.A.Z.D beeksisni kan bahu akka godinaafi federaalatti waan taheef waraqaa beeksisaa argachuun hindandahamne.Dabalatan immoo hanqina bajataa irra kan ka'e qacarriin hojjeettootaa waan hinadeemsifamneef warakaa beeksisaa argachuun rakkisaa ture. Haaluma kanaan qoratichis rakkoo yeroo waliin walqabatee yeroo boqonnaa ofii duguugee itti fayyadamuun kan fure jira.Dokmantii gubateef kanuma argameetti dhimma bahee jira. Dhumarrattis hanqina gama odeef-kennitootaan isa qunnames kaayyoofi galmasaa ibseefi amansiisuun furee jira.


## 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Boqannaani inni jalqabaa seensa yoo ta'u, innis ariirata qorannichaa,ka'umsa,kaayyoo, barbaachisummaa, daangaafi hanqinoota kan ofkeessatti hammatu yoo ta'u, boqonnaan lammaffaa keessatti barruuleen armaan dura matadurichaan walitti dhiyaatan kan keessatti dhiyaachuun adeemsa qorannichaa murteessaniidha. Kutaan inni itti aanu boqonnaa sadaffa mala qorannichi ittiin gaggeeffame yoo ta'u; akkaataa maddii qorannichaa filatame, meeshaaleen

raga guuuruuf tajaajilaniifi akkataa ragaan quurame itti qaacca'uu kan balbaloomsuudha. Kutaan inni itti aanu boqonnaa arfaffaa yoo ta'u, kunis ragaaleen guuraman kan keessatti qaacca'uun hiika argataniifi kutaan inni dhumaa boqonnaa shan yoo ta'u, hojiin waliigalaa qorannichaa kan keessatti cuunfaman, yaada furmaataa argataniifi yaboon kaa'amuudha.

## 1.8. Ibsaa Nannoo Qorannoo

Aanaan Zuwaay Dugdaa aanaalee 25 Godina Arsii keessatti argaman keessaa tokko yoo ta'u magaalaa guddaa godina Arsii Asallaa irra gara dhiyaatti kilomeetira 46 fagaata. Aanaa kana aanaalee afur: aanaa Xiyoo, aanaa Doddotaa, aanaa Heexosaa, aanaa Muunessaa, Godina Shawaa Bahaatiifi Hara Danbaltu daangeessa. Magaalaan guddaa aanaa Zuwaay Dugdaa Ogolchoo yookaan Aburaa jedhama




Suura 1: Kaartaa Lafa Aanaa Zuway Dugdaa

Bal'inni lafaa Aanaa Zuwaay dugdaa kiloomeetira iskuweerii 82136.3 yoo ta'u as keessaa misooma oomishaatiif kan oole kiloomeetira iskuweerii 32414 bosonaafi huurraf immoo kiloomeetira iskuweerii 4071.5 gara fuulduraa faayidaa irra kan oolu Kiloomeetira iskuweerii 4286fi karaa, qilee, mana jireenyaafi kan birootiif oolee kiloomeetira iskuweerii 37078.8 marga loon dheedaniif kan olee kiloomeetira iskuweerii 4286 ta'uu ragaan W.M.Q.A.Z.D. irraa argadhe ni ibsa. Baay'inni ummata aanaa Zuwaay Dugdaa dhiirri 69032 dubartii 68861 ida‟amni 137892 W.M.W.D.A.Z.D irraa argadhe ni agarsiisa. Baay'inni uummataa kun sabaafi sablammoota adda addaa ofkeessaa qaba. Saba Oromoo, Amaara, Guraagee, Uummatoota kibbaa, Zaayifi kan biroollee sabaafi sablammoota aanaa kana keessa jiraatan. Sabaafi sablammootni adda addaa aanaa kana keessa haajiraatan malee dhibbeentaan %90 oli saba Oromoo akka ta'e ragaan W.A.T.A.Z.D. irraa argadhe ni mirkaneessa.

Afaan walii galteedhaaf aanaa kanatti tajaajilan Afaan Oromoo, Afaan Amaaraa, Afaan Guraagee, Afaan Zaayi, Afaan Walayitaafi kan biroollee tajaajila waliigalteef oolan. Haata'u malee, harki caalaan jiraataa aanaa Zuwaay Dugdaa saba Oromoo waan ta'eef, kan ijoolleen afaan itti hiikkatan, itti barataniifi waajjiraalee gara garaa keessatti hojiin itti hojjatamu Afaan Oromoo waan ta'eef, harki caalaan uummataa Afaan oromoo dubbatan. Ijoollee maatii saba Oromoo hintaane irraa dhalataniillee Afaan Oromootiin afaan hiikkatan.

Aanaa Zuwaay Dugdaa keessaatti iddoon beekkamaan daawwannaa Turizimiif oolus jira. Innis Iddoola Dabra Tsiyoon yookaan Tullu Guddoodha. Iddoolli Dabra Tsiyoon kun bakka jireenya uummata Zaayiiti.Sabni Zaay aadaa, amantaa, duudhaa, seenaa mataa isaanii qabu. Afaan dubbatan Zaay jedhama. Afaan isaanii kun Afaan Oromoo, Afaan Silxee, Afaan Amaaraa, Afaan Guraagee wajjin walitti dhufeenya cimaa qaba. Sabni Zaayii hordoftoota Amantaa Ortodoksiiti. Jireenyi isaanii qurxummii qabanii gurguruu irraatti kan hundaaye ta'us, dabalataan kafana dhawuufi qonnallee hamma tokko lafa xiqqoo qaban irraatti qonnallee niqotu. Dabra Tsiyoon akka aanaatittis ta'ee akka biyyaatti waan ittiin beekamu keessaa tokko ayyaana Amajjii 21 waggaa waggaadhaan kabajamu "Astaroo Maariyaam" jedhamuun beekamaadha. Guyyaa kana namoota hordoftoota amantaa kanaa qofa osoo hintaane daawwachuudhaafis kallattii adda addaa irraa walgahu. Bataskaanni kun taabota 44 kan keessatti argamuu jedhamee dubbatamuudha. Guyyaan ayyaanaa kun uummata Zaayiitiifis ta'ee keessumotaafi akkasumas, hordoftoota amantaa Ortoodoksii ta'anii iddoo adda addaa irraa achitti walgahaniif hundaaf guyyaa addaati.

# Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

## 2.1. Sakatta'a Barruu Yaadrimee

### 2.1.1. Maalummaa Beeksisaa

Akka hayyuun Robert (2004:197-211) ibsutti, "The verb "announce‟ means to declare publicly; give notice of formally; proclaim. The key to announcement is news you are telling others something important, news, and relevant to their interests." Yaada kanarraa waanti hubachuun dandaa`amu gochimni "Beeksisuu‟ jedhu hawaasatti waa labsuu, yaadannoo idilaawaa ta`e kennuu kan jedhuun yoo walqabatu; "beeksisa‟ kan jedhu immoo, oduu barbaachisaa ta`e waan namoota biroof himamu kan fedhii isaaniitiin walqabatu jechuudhaan ibsee lafa kaa`a. Beeksisni dhimmoota adda addaatiif barreeffama fakkeenyaaf, sadarkaa guddina hojjettootaa beeksisuuf, qaxarrii garaagaraa geggeessuuf, haala geejjibaa hubachiisuuf, leenjii garaagaraa beeksisuufi akeekkachiisa garaagaraa kennuuf beeksisatti dhimma bahama. Kanaafuu beeksisni hojjettoota mootummaatiin mana hojii mootummaa keessaa bahanii maxxanfamanis odeeffannoo wayitaawaa qabatanii waan dhiyaataniif karaa ifaafi salphaatti hubatamuu danda`uun barreessuun bay`ee barbaachisaadha.

Beeksisa keessatti fayyadamni afaanii iddoo olaanaa qaba. Sababiinsaas afaan maloota beeksisoonni ittiin darban keessaa isa tokkoodha. Beeksisni yaadaafi qalbii fayyadamtootaa hawwachuuf, of eeggannoon jechootaa filachuu gaafata. Kanaafuu, fayyadamni afaanii beeksisa keessatti qulqullina, iftoominafi beekamtii qabaachuu qaba. Yaaduma kana cimsuun Reece-Myron (1998) yoo ibsu, "In Spoken or written, the clarity of the language of expression remains the issue of first priority in billboard advertisements," jedha. Yaanni kun kan addeessu dubbiinis ta'ee barreeffamaan qulqullini afaan nuti itti fayyadmne hojii beeksisaa hojjennu keessatti iddoo olaanaa akka qabuudha. Kunis jechoonni nuti beeksisa keessatti fayyadamnu miira namaa kan harkisuufi oomisha keenya sirriitti ibsu keessatti shoora olaanaa taphat.

Kanumaaan walqabsiisuun, afaan beeksisaa kaanneen biroorraa adda ta'uu Goshgarrian (2001:321) irratti yoo ibsu, "Advertising language differs from other type of language in another important respect; it is simple language," jedha. Akka yaada kanaatti afaan beeksisaa ifaafi salphaa ta'uu qaba. Kunammoo kanneen biroorraaa adda ta'uusaa nu hubachiisa.

> *One important factor associated with the effectiveness of billboard as a communicative medium is its format (Taylor, Franke & Bang, 2006). The verbal message must be readable, presented in a concise and simple manner and supported with effective visuals* (Taylor et al., 2006:277).

Jedhu. Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu beeksisin tokko qabatamaa sababni taasisan ergaa haala itti dhiyeessuudha.Haalli galuumsa jechootaa gabaabatanii kan dubbifamanfi kan ergaa dabarsan akkasumas seeraan kan qubeeffamuufi bu'aan isaanii kan mul'atu ta'uu qaba.

Boove (1989:275) beeksisa keessatti fayyadama afaaanii yoo ibsu, "You will get your point across better if you use words and phrases that are familiar to your reader," jedha. Askeessatti jechootaafi gaaleewwan dubbistoota keenya biratti beekaman yoo gargaaramne haala gaariidhaan kaayyoon keenya fiixaan ba‟‟uu kan danda‟‟u ta‟‟uu nutti agarsiisa. Kana malees faaayidaa hubatamuu danda‟‟uu beeksisaa Boove (isuma) akkas jechuun ibsa, "Thousands of advertisement competes for your reader. The more understandable your advertisement, the more likely it will be read," jedha. Yaadasaa kanarraa beeksisoonni kumaatamattii lakkaa'aman yoo jiranaataniiyyuu, kan sirriitti hubatamuu danda‟‟u kaan caalaa akka dubbifamu isa taasisa.

Goshgarian (2001:313) jechoota beeksisa keessatti faayyadamnu ilaalchisee; "Every word in advertising is there for areason; no word is wasted," jedha. Kanarraa jechoota biroorraa kan adda isaa taasisu qusannaa jechaa akka iddoo olaanaa qabuufi jechoonni muraasni ergaa bal‟‟aa akka dabarsanitti fayyadamuu jechuudha. Gama birootiin beeksisa keessatti yeeroo baay'ee seerlugniifi sirnituqaalee maqanii mul'atu. Kana ilaalchisee Boove (1989:460) yoo ibsu, "Grammar rules and speciaally punctuation rules are commonly broken by advertising, copy writers, and this truly infuriates the critics," jedha. Akkaataan ittifayyadama seerlugniifi sirnituqaaleee barreessitoota beeksisaa biratti kan hanqina qabu yoo ta‟‟u, kun ammoo walumaagalatti, yaadolee olitti ibsaman kanarraa fayyadamni afaanii beeksisa keessatti qulqullina qabaachuu akka qabu nutti agarsiisa.

Zalaalam (2012:19,

> *Beeksisni odeeffannoo quunnamtii dhuunfaa ta'uu dhabuu, waa'ee meeshaalee, oomishaalee, tajaajilaafi yaadolee karaa addaa addaatti fayyadamuudhaan kan nama amansiisuuf hojjetaman akka ta'eefi wal quunnamtii dhuunfaan kan raawwatamu akka hin taane akkasumas, tajaajilamtoota amansiisuufi hubachiisuuf mala ittiin wal quunnamaniidha.*

jechuun ibsa. Backhaus (2007:5) immoo, yemmuu ibsu,“ Beeksisni karaa uummatni ittiin wal quunnamu ta’ee, qaama biroo tajaajiluuf malee, mataa ofii tajaajiluuf kan hin barreeffamneedha’’ jedhee ibsa. Beeksisni yaada barreeffamee bakka ifa ta’ee argamutti maxxanfamu yookan bakka namootni baay’een arganiifi dhaga’anitti ilaalun maxxanfama. Galmee Jechoota Afaan Oromoo (1993:39) Zalaalam (2012:21),“Beeksisni yeroo durii dhagaa irratti fakkii kaasuudhaanifi namootni karaa irra asiifi achi adeemanii lallabuun dhimma barbaadan tokko ibsachaa turan. Ammas taanaan, bara duriitii eegalanii wantootni hawaasichaaf akka beeksisaatti tajaajilaas turan kunneen yeroo ammaas yemmuu tajaajila kennan ni mul’atu’’jedha.Geediyoon (2013:14), beeksisni kanneen akka fakkii, fiilmiifi barreeffamoota ta’an waa’ee hojiiwwan garaagaraa ykn tajaajila oomishaa kan namatti himan, bakkeetti maxxanfamanii yookan dhaabbatanii walquunnamtii hawaasaaf kan oolaniidha. Beeksisni waa’ee uummataa kan dubbatuudha. Kunis, akkaataa ittiin jiraataniifi hojii isaan hojjetan, tajaajila isaan barbaadan jechuunis warreen hojii barbaadaniif warreen hojjechiisuu barbaadan kan wal quunnamsiisudha jedha. Waajjiraalee mootummaas ta’ee, kan mit mootummaa garaa garaa keessatti hojiiwwan kutaalee addaa addaatti hojjetaman adeemsisuuf beeksisatti fayyadamuun beekkamaadha. Kanaaf, maalummaan beeksisa waajiraalee jalqaba irratti ergaa dabarsuuf barbaadame tokko qaama barbaadameen gahuudha. Kuni immoo, fiixaan bahiinsa argachuuf unkaafi qabiyyeen isaa iddoo ol’aanaa kan qabu ta’uu isaa agarsiisa.

### 2.1.2. Kaayyoo Beeksisaa

Beeksisni kamiyyuu yemmuu barraa’u kaayyoo, ergaafi sababa mataa isaa qabaatu malee callisee hin barraa’u.Yaada kaayyoo beeksisaa kana Ben Rafaeletal (2006:14), “Defines linguistic landscape as referring to any sign announcement located outside or inside a public institute or private business in a given geographical location public sign are types of semiotic sign in that they too stand for something other than themselves,’’ jedha. Beeksisni mallattoodha. Mallattoon kunis, mallattoo ergaan walii galaa fedhiin uummataa ittiin darbu fakkeenyaaf, odeeffannoo teessuma lafaa, odeeffannoo kallattii agarsiisu, odeeffannoo ogummaa hawaasa naannoo murtaa’aa tokko jiraatu yookan akeekkachiisaafi wkkf mallattoon uummataa haala daldalaa keessatti mul’atu waan akka bittaafi gurgurtaa agarsiisa. Faayidaan isaaniis, qalbii maamiltootaa gara hojii, daldala ykn oomishaafi kkf tti harkisuuf ta’uu isaati. Backhause (2007:5) Dabalataanis, yaaduma kana kan deeggaru Getaachoo (2009:7) yoo ibsu,

*Barreessuun karaa yaada yookan ergaa ittiin dabarfatan keessaa isa tokko ta'ee, waraqaa irratti barreessuun nama dubbisee hubachuu danda'uuf ergaa ykn dhaamsa kaa'uudha. Kana malees, barreessuun qubeewwan uumaman irratti hundaa'uun kanneen akka waraqaa, sibiila, dhagaafi kkf irratti barreessuun karaa ittiin dhaloota biroof ergaa dabarsinuudha*

jedha.Yaada kana irraa hubachuun akka danda'amuttis, beeksisni barreeffamaan kaawwamu karaa ittiin ergaa dabarfannu keessaa tokko ta'uu isaati**.**

ዳንኤል (2007፡ 30)yaadamu kana አማርቻንዲና ቫራዳጃን፡ 1989፡93) wabeeffachuun yemmuu ibsu, *"ኣንድ ማስታወቅያ ሶስት አበይት ፍላጎቶች ይኖሩታል፡ እነዚህም 1.ማስታወቅያዉ እንድደርሰዉ የተፈለገዉን ክፍል ቀልብ መሳብ፤ 2.ከፍላጎት ኣልፎም፤ ከሚተዋወቀዉ ነገር ተጠቃሚ ለመሆን እንድወስን ለመርዳት፤ 3. ምርቱን እና አምራቹ ስም እና ማ ንነት በተደራሹ ህሊና ዉስጥ ለማተም ነዉ"* Jechuudhan ibsa. Akka yaada kanaatti beeksisni fedhiiwwan ijoo ta'an sadi raawwachuuf kan barreeffamu ta'uu isaati. Isaanis:1.Yaada dubbistoota sanaa ofitti harkisuuf, 2.Wanta beeksifame sana irraa fayyadamtoota akka ta'aniif kan isaan murteeffachiisuu danda'u ta'uu akka qabuufi 3 immoo, beeksisichi hojii hojjetame sanaafi warra hojii sana hojjete bareechee dhiyeessuun sammuu dubbistootaa sana keessatti hapheeffamee akka hanbisuuf kan barreeffamu ta'uu isaa addeessa.

### 2.1.3. Faayidaa Beeksisaa

Beeksisni faayidaa hedduu qaba.ዳንኤል (2007፡38)yaaduma kana(ሮዞልና ሀፍነር፤ 1996፡114)wabeefachuun yemmuu ibsu, "ማስታወቂያ አራት መሰረታዊ አገልግሎቶች አሉት ሲሉ ጽፈው ነበር፡፡እነዚህም፤ማሳሰብ(precipitation)፣ማሳመን(persuasion)፣መገፋፋት(reinforcement)እና መስታወስ (reminder) የሚሉ ናቸው፡፡" Jechuun ibsu.Akka yaada kanaatti beeksisni faayidaa bu'uuraa afur qaba.Isaania:hubachiisuu(precipitation),amansiisuu(persuasion),sisi'eessuu(reinforcement)fi yaadachiisuu kan jedhamaniidha.Tokkoon tokkoon yemmuu ilaallu

#### 2.1.3.1. Hubachiisuu (precipitation)

Yaada kana ዳንኤል (2007፡38) yemmuu ibsu,

*ማሳሰብ ሲባል ደንበኞች ለመግዛትና ለመጠቀም ያላሰቡትን ምናልባትም መኖሩንም ያላወቁትን ምርት እንዲያውቁትና እንዲሞክሩት ማድረግ ለማለት ነዉ፡፡የምርቶቹን ተፈላጊነት ማጉላትንም ይጨምራል፡፡የዚህ ኣይነት ማስታወቂያ ብዙ ጊዜ ጥቅም ላይ ሲዉል የሚታየዉ ወደ ገበያዉ ለገቡ ኣዳዲስ ምርቶች ነው፡፡መለያዉም ስለምርቱ ምንነት፣ከሌሎች የሚለይባቸውን ባህሪያትና የት ማግኘት እንደሚቻል የሚያመለክት መረጃዎችን የሚይዝ መሆኑ ነዉ፡፡*

jedha.Yaada hayyuu kana irraa kan hubachuun danda’amu,hubachiisuu jechuun maamilli keenya oomisha bitachuufi itti fayyadamuu kan hin yaadne,jiraachuu isaatuu quba kan hinqabaanne akka beekuufi akka yaaluu danda’u gochuudha.Barbaachisummaa oomishichaa daran guddaa ta’uufi xooxessamuu dabalata.Akaakuun beeksisa kanaa yeroo baayyee hojii irra yemmuu oolu oomishoota haaraa reefu gara gabaa dhiyaataniif.hubachiisuun kan adda ta’us maalummaa oomishichaa,amala kanneen kaanirra wanti adda isa godhuufi eessatti argamuu akka danda’amu kan agarsiisu odeeffannoo kan qabu ta’uu isaat ibsa.

### 2.1.3.2. Amansiisaa (persuasion)

ዳንኤል (2007፡38) yaada kan yemmuu ibsu,

> *የሰዎችን ስሜት የሚነኩና ሊያሳምኑ የሚችሉ ቃላትንና ቴክኒኮችን በመጠቀም ምርቱን ወደመግዛት በአገልሎቱም ወደመጠቀም እንዲያመሩ ማድረግ ዋንኛ መነሻዉ ነዉ፡፡በማሳመን ላይ ያተኮሩት ማስታወቂየዎች ብዙውን ጊዜ ለፍቅረኛ ስጦታ ከማበርከት ጋር የተያያዘ፣በራስና በቤተሰብ ሊደረግ የሚችልን አደጋ በመከላከል፣በራስ መተማመንን ስለማጎልበትና የመሳሰሉትን የሰዎችን ተፈጥራዊ ስሜቶችን መነሻ በማድረግ የሚዘጋጁ ናቸዉ ማለት ይቻላል ፡፡*

jedha. Yaada hayyuu kana irraa hubachuun kan danda’amu amansiisuun faaydaa beeksisaa tokko ta’ee fedhii namootaa kan qirqidan,tooftaa fi jechoota nama amansiisuu danda’anitti fayyadamuun oomishicha bituu fi itti fayyadamuun kaayyoo isaa guddaadha.Yeroo baayyee beeksisni amansiisaa irratti bahan kenna jalalleef kennuuf kan walqabate,maatiifi nama dhuunfaarra rakkoo gahu ittisuuf,ofitti amanamummaa dabaluufi fedhii uumamaa dhala namaa ka’uumsa godhachuun kan qophaa’aniidha. **2.1.3.3. Sisi’eessuu (reinforcement)**

Yaada kana ዳንኤል (2007፡39) yemmuu ibsu,

> *በዚህ የሚዘጋጀዉ ማስታወቂያ ስለምርቱ/አገልግሎቱ መረጃ ሊይዝ ይገባል፡፡ይህም መረጃ ከነባር ምርጫዎች መካከል ምርቱን ሊያስመርጠዉ አዲስም ከሆነ ከነባሮቹ ልቆ እንዲታይ የሚያደርግ ሊሆን ይገባል፡፡አንዳንዴ አንድ ደንበኛ ዕቃ ከገዛ በኃላ ከኩባንያዉ የሚወጡ ልዩ ልዩ ጽሁፎች በየጊዘተዉ በአድራሻቸው የሚላኩለት ያለምክንያት አይደለም፡፡አንድም የገዛው እቃ ትክክለኛ ምርጫ መሆኑን እንዲየረጋግጥ አንድም ደግሞ ከዚህ በኃላ የተሻለ ምርት በመመረቱ እንዲገዛ ለመገፋፋት ነው፡፡*

Jedha.Yaada hayyuu kana irraa wanti hubatamuu qabu,aakaakuun beeksisa kanaa odeeffannoo waayee faayidaa ykn oomishichaa qabachuu qaba.Odeeffannoon kun kanneen duraan jiran keessaa kan filachiisu yoo ta’u,haarawas yoo ta’e kan duraan jiran caalee akka mul’atu kan taasisu ta’ee argamuu qaba.Yeroo tokko tokko maamilli erga meeshaa biteen booda warshicha irraa

barreeffamootni gara garaa kan teessoo isaatti ergamaniif waa malee miti.Inni tokko meeshaa inni bitate filannoo sirrii akka ta'e,inni

biraa immoo meeshaan haaraa  kan biraa waan oomishameef akka bitatu sisi'eessuufi.

### 2.1.3.4. Yaadachiisuu (reminder)

ዳንኤል (2007፡39) yaada kana yemmuu ibsu,"በማስታወቂያ አማካኝነት ለማስታወስ የሚፈለገው ዋነኛው ጉዳይ የምርቱን መለዮ (Brand)ነዉ፡፡ መለዮው ዘወትር በደንበኞች ህሊና እንዲመላለስ ለማድረግ ነው አስፈላጊነቱ፡፡" Jedha.Yaada hayyuu kana irraa wanti hubatamuu qabu,Faayidaa beeksisaa inni biroo maamiltoota yaadachiisuudha.Yaadachiisuun gama beeksisaatin kan barbaadameef oomishichi mallattoo  adda isa taasisu yaadachiisuudha.Mallattoon oomishichaa yeroo mara sammuu maamilaa keessa akka deddeebi'u taasisuu barbaachisaadha. Walumaagalatti beeksisni faayidaalee armaan olitti eeraman kan ofkeessatti hammata.

## 2.1.4. Amaloota Barreeffama Beeksisaa

Akka Sharon (1994) ibsutti, Galma gahiinsi amala barreeffama qulqullinaan barreeffameeti yookiin iftoominaan dhiyaachuu yaadaati. Iftoominni immoo bu`aa ogummaa barreessuu qabaachuuti: caasluga, kallattummaa, cimina, gooree ta`uu yaadaafi dhageettii ofitti amanamummaati. Yaada kanarraa salphaatti waanti hubachuu dandeenyu barreeffamoonni mana hojii mootummaa amala qulqullinaan barreeffamuu qabaachuun isaanii ergaan isaan dabarsan salphaatti akka dubbistootaaf galu hubachiisa. Dabalataanis, hayyuun kun yoo ibsu, mana hojii tokko keessatti ogummaa barreessuu gaarii qabaachuun hojii ofii galmaan gahuufi hariiroo hojii gaarii uumuuf kan gargaaru kan ta`eefi akka meeshaalee hojiittis kan gargaaruudha. Kanaafuu, amalli barreessuun mana hojii qabu hojjetaa keessatti ofitti amanuu uumuudhaan hojii ifaa ta`e hojjechuuf waan gargaaruuf fiixaan ba`iinsa kaayyoo mana hojichaatiif gumaacha guddaa kan taasisuudha.

## 2.1.5. Beeksisni Eenyuun Barreeffamuu Qaba?

Beeksisin  eenyuun barreeffamuu qaba yaada jedhu kana ዳንኤል (2007፡ 98) yaaduma kana (አማርቻንድና ቫራዳራጃን፤1989፤93) wabeeffachuun yemmuu ibsu, " ማስታወቂያ አዲስነት ሊታይበትና "ፈጠራ" የታከለበት ሊሆን ይገባል የሚለው ምላሽ ባለሙያዎቹን ያስማማል፡፡በማስታወቂያ ስራ ዉስጥ "ፈጠራ" የሚለው ቃልና ጽንሰ-ሀሳብ ከፍ ያለ ቦታ ይሰጠዋል፡፡አንድ ማስታወቂያ ከሌሎች መለየት ስላለበት ብቻ ሳይሆን የሚያስተዋውቀዉን ምርት እንዲሸጥ ማድረግ ስላለበት ማስታወቂያ ጸሃፊው የግድ ሊጠበብ ይገባዋል፡፡"Jedha.Yaada hayyuu kanarraa wanti

hubatamu namni beeksisa barreessu tokko,beekisisichi “kalaqaa”fi haarawa tahu qaba jedha.Hojii beeksisaa keessatti jechi yaad- rimee “kalaqa”jedhu iddoo guddaa kennaafi.Beeksisni tokko,beekisisa biraa irraa adda tahuu qofa osoo hintaane oomishin tokko akka gurguramu barreessan beeksisaa dirqamaan itti dhiphatee qopheessuu qaba jedha.Yaaduma kaana cimsuuf ዳንኤል (2007፡ 99) (ዶ/ር ጀትዋኒ(1999) wabeeffachuun akka ibsetti,barreessan beekisisaa tokko galma gahuu barbaade san gahuuf odeeffannoo quubsaa qabaachuu qaba jedha.

Akka ዳንኤል (2007፡ 100) ኬነት (1992፤159-161) wabeffachuun akka ibsutti “Sansaka beekisisa qopheessaa” jechuun akka ibsetti, “Namni beekisisa bareeffamaa qopheessu tokko naamusa ogummaan barbaadu qabaachuu qaba.”jedha.Kana malees jedha “barreessan beekisisaa tokko waa kalaquu cimaa fi jijjiirama waliin kan tarkaanfatu akka ogeessonni beekisisaa irratti waliigalu”jedha.

**Barreessan beekisisaa tokko**:

- Dandeetti odeeffannoo hubachuu saffisaa qabachuu qaba.
- Dandeettii ogummaa bashannansiisa beekisisa hubannoo gahaa kan qabu,Goda-hambaa, konsartiifi egizivishinii ada addaa muuxannoo daawachuu kan qabu.
- Dandeettii waa gaafachuu,waa’ee gabaafi shamattoota,dandeettii bu’uraa kan qabu, seera nama biratti fudhatama qabu.
- Dandeetti rakkooleef furmaata kennuuf yaada haaraa burqisiisuf kan qophaa’e.
- Dandeetti xalayaa,gabaasaafi yaadannoowwan adda addaa barreessu kan qabu.
- Dandeettii nama amansiisuu osoo qabaate bareeda”jedha.

Ogeessi beeksisaa ዴቪድ አግሊቭ yemmu ibsu qopheessaan bareeffama beeksisaa dandeetti addaa inni qabaachu qabu:

- Dandeetti miira namaa harkisuu,
- Beeksisicha bifa bashannanaatin kan dhiyeessu,
- Kan nama hin nuufisiisne,
- Kaka’umsa kan qabu ,
- Maalummaa fi amala beeksisaa yeroo maraa beekuf kan yaalu,Hojjetaa cimaafi tajaajila beeksisuu sirritti beekuu qaba”jedha.

### 2.1.6. Beeksisa Irratti Ofeegganoo Gochuun Maalif Barbaachise?

Yaada kana ዳንኤል (2007፡ 30) yemmuu ibsu, "ማስታወቅያዎችን መጻፍ ከመጀመራችን በፊት፡ ለምን እንደሚንፀፍ፡ ስለ ምን እንደምንፀፍ እና እንዴት መፃፍ እንዳለብን ከሁሉም አስቀድመን ማሰብ እና ማወቅ ይኖርብናል፡፡" Jedha.Yaada hayyuu kanaa irraa wanti hubatamuu qabu, osoo beeksisa tokko barreessuu hin eegalin dura wantootni beekuu qabnu 1. Maaliif akka barreessinu, 2. Waa'ee maalii akka barreessinuufi 3. Akkamitti barreessuu akka qabnu dursinee itti yaaduufi beekuun dirqama akka ta'eedha. Yaada kana bu'ureeffachuudhaan beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa garaa garaa keessatti barraa'anii maxxanfamaa turaniifi maxxanfamaa jiran fudhannee yoo ilaalle, dhuguma ulaagaalee kana keessa darbanii barreeffamanii maxxanfamu moo, miti laata gaaffiin jedhu wanta deebii barbaadu ta'a.

Kanumatti dabaluun, ዳንኤል (2007፡ 43) እነራይት፡ (1982፡251) wabeeffachuun yemmuu ibsu,

> *የማስታወቅያ ፅሁፍ ዝግጁት ጉልበት የሚጠይቀዉ ክህሎት በሚሰጠዉ አነስተኛ የግዜ ሽራፊ ዉስጥ መባል ያለበትን ነገር ብሎ ለመጨረስ የሚያስችል ብቃት ነዉ፡፡ ማኳሪ እና ማይክ (1996) እንደሚሉትግን የማስታወቅያ ፅሁፍ ከሚያዘጋጁት ብዙዎች ይህንን ዉጤት ልደርሱበት አልቻሉም፡ ምክንያቱም ደግሞ የማስታወቅያ የፅሁፍ ብልሃቶችን ጠንቅቀዉ ካለመገንዘብ እና ተግባራዊ ካለማድረግ ይመነጫል፡፡*

jedha.Yaada kana irraa kan hubatamu, hojiin beeksisa barreessuu hojii human ogummaa nama gaafatu ta'ee, yeroo xiqqoo namaaf kennametti ogummaadhaan gargaaramuun wanta jechuu barbaadan hunda jechuu danda'uu kan nama gaafatu ta'ee, namootni beeksisa barreessan hedduun isaanii garuu bu'aa ogummaa kanaa bira gahuu kan hin dandeenye ta'uu isaaniiti. Sababni isaatis, ogummaa beeksisni ittiin barreeffamu hubachuu dhabuu irraa kan ka'eefi isuma beekan iyyuu immoo, hojiirra oolchuu dadhabuu irraa kan madduun ta'uu isaati.

## 2.2. Seera Barreeffama Afaan Oromoo

Robitaillefi warri biroo (2002) qubeessuun ogumma bu'uuraa ta'uu tuquun; dogoggora qubeessuun dubbistoota dogoggorsiisuurra darbee kan burjaajessu ta'uu ibsa. Kun kan addeessu dogoggorri caasaa bifa akkasiin uumamu gama tokkoon hiika kan jijjiiru yoo ta'u gama biroon ammo jecha hiika waan dhabsiisuuuf dubbisaan ergaasaa akka hin hubanne taasisa. Haaluma walfakkaatuun dhiibbaa dogoggorri qubeessuu itti fayyadama afaanirrati qabu Guta (1981:1) yoo ibsu, "Incorrect spelling contributes to inefficient language use in writing. This is mainly because accurate spelling may be one manifestation of general proficiency in language," jedha. Kanarraa kan hubachuun danda'amu namni tokko beekumsa afaanichaa qaba kan jechisiisu keessaa

agarsiistuu guddaan qulqullinaan  qubeessuu isaati. Sababiinsaas, dogoggorri qubeessuu qulqullina barruu tokkoorratti dhiibbaa guddaa geesisa.

Gama birootin,barreeffama keessatti qubeessuu /spelling/ jechuun qubee gargaaramuun jecha yookiin jechoota akkaataa seera afaanichaan bakka qubichi galuu qabu galchuun barreessuudha (Agnes, 2004). Dabalees, qubeessuu jechuun qubee fayyadamuun karaa jechoonni bifa akka waliigaltee hunda biratti fudhatamaa ta'een kaa'uu yookiin barreessuudha (Collins, 2000). Akka yaada kanaatti qubeessuu jechuun qubee barbaachisuun tartiiba fudhatamaafi baramaa ta'een jecha barreessuu ta'a.  Simpson and Weiner (1989:190) immoo yoo qubeessuutti hiika kennu, "Spelling – manner of expressing or writing words with letters; orthography," jedha. Yaadni kunis, qubeessuu jechuun qubee fayyadamuun jecha barreessuu akka ta'e ibsa.

Kana malees, Kelly (1998:391) dhiibbaa dogoggorri qubeessuu barreeffama irratti qabu yoo ibsu, "Misspelled words can spoil the effect of another wise excellent paper. However, avoiding these errors is no easy task," jedha. Yaanni kun kan ibsu dogoggorri qubee jecha tokkoo, barreeffamoota hafan kan booressu yoo ta‟u, kana hojiirra oolchuun hojii salphaa akka hin taane addeessa. Kanaafuu yaada kanarraa kan hubatamuun danda'amu rakkoon dogoggoraan qubeessuu jecha tokko ergaa waliigala yaada barreeffama sanaa guutummaanis ta‟ee gamisaan kan gaaga'u ta'uusaati.

Qubeessuun ogummaawwan walii galtee ta`ee, yaada ofii haala gahumsa qindoominaa qabuufi ifa ta`een barreeffamaan ibsachuudha. Kun immoo, namni wanta barbaade sana dubbisuun yaada barreeffamichaa rakkoo tokko malee akka hubatu kan taasisu akka ta`e (Pincas, 1982) ibsee jira. Haaluma kanaan, haala qubeessuu barreeffama beeksisootaa ilaalchisee beektotni garaa garaa kan ibsan haala bal`inaafi gadifageenya qabuun boqonnaa kana jalatti ilaallameera.

Rakkoolee barreeffamoota adda addaa keessatti mul`atan keessaa tokko rakkoo qubeessuuti. Qubeessuun barreeffama keessatti karaalee adda addaa mul`achuu nidanda`a. Qubee guddaafi xiqqaa walittimakuu, dheeressuufi gabaabsuu, jabeessuufi laaffisuun barreessuun dhimmoota qubeessuun walqabataniidha. Afaan Oromoo keessatti haala barbaachisuun qubeessuu dhabuun barreeffama tokkorratti dhiibbaa guddaa qaba. Kana ilaalchisee Tafariin (1998:153) yoo ibsu, "Seera barreeffamaa keessatti qubee guddaafi xiqqaa walkeessa makuun barreessuun sirrii miti. Sababni isaas, gaalee yookiin himni barreeffame seera hineegne yoo ta`e ergaan isaa jallachuu

danda`a. Kanaaf, yeroo barreessinu haala qubee eegnee barreessuun barbaachisaadha" jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, qubee guddaafi xiqqaa walkeessa gargaaramuun barreessuun sirrii akka hintaaneefi barreeffama tokko keessatti haala barbaachisummaa isaaniitiin fayyadamuu akka qabnu hubachiisa. Afaan Oromoo keessatti walmaknee barreessuun seera afaanichaa nicabsa. Akka Fedhaan (1999:85) ibsutti, "Rakkoo barreessuu keessatti dhimma qubeessuun walqabatee mul`atu keessaa dheeressuu, gabaabsuu, laaffisuufi jabeessuun barreessuun isa tokkodha. Kunis haala hinbarbaachifneen yoo dheerate, gabaabbate, laafeefi jabaate ergaan barreeffamaa jallachuu yookiin yaada ergichi qabatee jiru gadi lakkisuu danda`a" kana jechuun barreeffamichi ergaa barbaachiseef dabarsuurratti rakkoo qaba jedhama. Afaan Oromoo keessatti sagaleen tokko qubeema tokkoon waan bakka bu'amuuf, qubee dachaas yoo ta‟e mallattoon lama walbira bu'ee dhaabbataadhaan akka qubee tokkootti waan tajaajiluuf, iddoo bakka bu'e sanatti waan bakka bu'e sanaaf sagaleema tokkoof dhaabbata. Kun ammoo, afaan tokkoof baay‟ee barbaachisaadha. Akkasumas, Barnt and Stubbs (1980:385) yoo ibsan, "Life would be easier if a sound were always represented by the same letter." Akka Yaada kanaatti, qubeen tokko yeroo hunda sagalee tokko bakka otoo bu'ee gaarii ta'uudha. Kun immoo Afaan Oromoof baay'ee mijata. Garuu, sagalee ba'u sanaaf qubee bakka bu'u sana hinkeenye taanaan dogoggorri barreessuu dhufuunsaa beekamaadha. Kanarraa kan ka'e akkaataan ittidubbifamu kallattii hiika jecha sanaa yookiin qubeewwan jechi sun ittiin ijaaramuu male jijjiiruu danda'a. Kun immoo, jijjiirraa hiikaa, jijjiirraa caasaafi jecha ijaaramuu sana hiika dhabamsiisuullee danda'a. (Andrzejewski,1980).

### 2.2.1. Dheeressuufi Gabaabsuu Sagalee

Adeemsa qubeessuu barreeffama Afaan Oromoo keessatti jecha tokkoon sagalee dheeraa yookiin sagalee gabaabaa qaba jennee murteessuuf seeraa katabbii Afaan Oromoo hordofuun ta`uun barbaachisaadha. Akkuma, jabeessuufi laaffisuun sagalee dubbifamaarratti hundaa`ee adda baafamu, sagalee dheeraafi gabaabaan immoo dubbachiisaa bu`uura kan godhatuudha. Yaada kana ka`umsa godhachuun Geetaachoo (2006:26), haala armaan gadiitiin yoo ibsu,

> *Sagalee gabaabaa kan jedhamu dubbachiiftota Afaan Oromoo warra bu`uuraa shananiin gabaabaa uumani. Sagalee dheeraa uumuuf yeroon barbaachisu sagalee gabaabaa uumuuf yeroo barbaachisu nicaala. Dabalata yeroo kanaan sagaleen uumamu hiika duraan qabu nijijjiira. Kanaaf, Afaan Oromoo keessatti sagalee dheeraa kana agarsiisuuf qubee dubbachiiftuu gosa tokkoo lamaan barreessina jedha.*

Yaada hayyuu kanaarraa hubachuun kan dandaa`amu, uumamsa sagalee dheeraafi gabaabaa gidduu garaagarummaan yeroo akka jiruufi akkasumas garaagarummaa hiikaas akka qaban salphaatti nuhubachiisa. Kanaaf, adeemsa ijaaruu sagalee dheeraafi gabaabaa keessatti dubbachiiftota xiyyeeffannoo keessa galchuun isa barbaachisaadha.

### 2.2.2. Jabeessuufi Laaffisuu Sagalee

Seera barreessuu Afaan Oromoo keessatti bu`uura qubeessuutiif sagalee dubbifamaan sagaleewwan afaanichaa keessatti akkaataa fayyadamaa irratti xiyyeeffannoo kan barbaadaniidha. Adeemsa jabeessuufi laaffisuu sagaleetiif qabata kan ta`anis isaan kana. Kanaaf, wayita Afaan Oromootiin barreeffamu waanti sagaleessan qubeedhaan bakka bu`ee waraqaarra qubachuun barbaachisaadha. Kana yoo ta`uubaate, ergaan darbus kan gufate ta`uusaati. Yaaduma kana ilaalchisee Geetaachoon (2006:28) haala kanaan ibsee jira,

> *Seera katabbii Afaan Oromoo keessatti sagalee jabaa agarsiisuuf dubbifamaa tokko yogguu lama katabna. Seerri kun dubbifamtoota qubee yookiin mallattoo qeenxee qaban qofaaf ta`a. dubbifamtoonni warri qubee yookiin mallattoo dachaa qaban yogguu laafanis yogguu jabaatanis uunka tokkoon katabamu waan ta`eefuu, dubbifamoota qubee dachaan barreeffaman jabinaafi laafina isaanii addaan baasuuf hima keessa galchuu qabna. Afaan Oromoo keessatti jabinni sagalee gidduu hiriiraa yookiin jechaa qofatti argama. Jalqabaafi dhuma jechaarratti Afaan Oromoo jabaachuu hindanda`u.*

Yaada hayyuu kanaarraa hubachuun akkuma dandaa`amu, dubbifamaan qeenxee ta`an yeroo lama jecha tokko keessatti kan katabaman yoo ta`e, sagaleen jecha sana keessatti dhagaahamu yookiin dubbifamu sagalee jabaateedha. Akkasumas, sagalee qeenxeen yeroo tokko kan katabamu yoo ta`e jechichi katabame sagalee laafaa ta`e qabaachuu nuuf mirkaneessa. Kanaafuu, sagaleen jechoota katabnuu ulaagaa kana kan hinhordofne yoo ta`e ergaa barbaadame galmaan gahuu hindanda`u jechuudha.

### 2.2.3. Dhamjecha

Dhamjechi qaama xiqqaa afaanii kan hiika qabu, kan unkawwaan hiika qaban birootti ciccituu hindandeenyeefi dhamjecha dhaabbataafi hirkataatti qoodamu ta'uu isaa haayyonni afaanii nikaa'u (Crystal, 1987; Yule, 2006).

Dhamjechi immoo dhamjecha jedhamuuf hiika qabaachuu akka qabuufi dhamjech qaama xiqqaa afaanii hiika qabuudha jechuun O‟Grady (1996:112) yoo ibsu “Morpheme is the smallest unit of language that carries information about meaning and grammatical function,” jedha.

### 2.2.3.1. Dhamjecha walabaa

Dhamjecha walabaa jechuun kan kophaasaa dhaabbachuun hiika qabuudha. Afaan Oromoo keessatti dhamjechi kun, dhamjecha hiikaafi dhamjecha tajaajilaa jedhamuun iddoo lamatti qoodamu (2012:93-94). Itti fufuun Addunyaa (isuma) dhamjechi hiikaa kanneen qabiyyee mataa ofii qabaachuun iddoo antimaa galan yoo ta’an, dhamjechi tajaajila akkuma dhamjecha walabaa of danda’ee kan dhaabbatu ta’ee, hiika mataa ofii  kan hin qabneefi tajaajila tokkoof kan dhaabbatu ta’uusaa addeessa. Yaada kanarraa kan hubachuun danda’amu dhamjechoonni walabaa qabiyyee mataa ofii qabaachuufi of danda‟anii kophaa dhaabbachuusaaniti.

### 2.2.3.2. Dhamjecha Hirkataa

Dhamjechi kun of danda’ee kan hindhaabanne yoo ta’u, dhamjecha walabaatti hirkachuun tajaajila seerlugaafi tajaajila yaasaa kennuudha. Dhamjechi hirkataan bu’uura bakka argamsaatiin duree (prefix), giddee (infix), (naannee (curcumfix)fi duubee (suffix) jedhamuun qoodamu. Qooddiin dhamjechootaa kanaan dura Afaan Oromoo keessatti bakka lamatti qoodamuun kan beekamu yoo ta‟u, kanneen fufii giddeefi naannee jedhaman dhamjechoota hirkataa jalatti ramadamaniiru, (Addunyaa 2011).

Haaluma walfakkaatuun akkaataan fayyadama dhamjechoota kana maal akka fakkaatu qorannoo kana keessatti qaacca’ee jiru. Kunis dhamjechoonni kunniin dhamjecha walabaatti hirkachuun barreeffamu qabuu, moo of danda’anii barreeffaamuu qabu kan jedhuuf, Askale (1998:329) daangaa jechootaa barreeffama Afaan Oromoo ilaalchisee akkana jetti, “In the Oromo written materials,word boundaries seem to be random and inserted at the whim of each writer,” jetti. Yaada kanarraa barreeffamoota Afaan Oromoo keessatti daangaan jechootaa dhaabbii kan hin qabneefi fedhii barreessaarratti hundaa’ee kan dhimma itti bahamu ta’uu hubanna.

Akka Askale (ishuma) jetutti gareen jechaa tokko walitti dhufuumoo of danda’ee barreeffamuu qaba? Yaada jedhu murteessuuf ulaagaa hiikaa, caaslugaafi odeeffannoo xiinsagaa addaan baasanii beekuun barbaachisaadha. Ulaagaaa hiikaa kan jedhaman gareen jechaa tokko kophaa dhaabbatee ergaa dabarsuu danda’uusaati. Ulaagaa caaslugaa keessatti gareen jechaa tokko

iddoodha socho’ee hiika qabaachuu yoo danda’eedha. Ulaagaa xiinsagaa keessattimmoo gareen jechaa tokko kophaatti adda ba’ee kan dubbifamu yookiin sagaleeffamu (pronounce) yoo ta’eedha.

Akka ibsa kanaatti kanneen ulaagaalee dhiyaatan kana guutan of danda’anii kophaa dhaabbachuun barreeffamuu kan danda’an yoo ta’an, kanneen ulaaagaaalee dhiyaatan hinguunne maxxanfamanii yookiin hirkatanii kan barreeffaman ta’uu hubanna. Afaan Oromoo keessatti haala kanaan kanneen ilaalaman gochima “-dha,-ti-, hi’eentaa (-ve) mul’istuuf kan oolu „hin-‘, eeyyentaa (+ve) kan agarsiisu „ni-‘fi kkf kaasuun ni danda’ama. Kanneen durduubee ta’an; –f,-dhaan, -n,-irra,-tti, walqabsiistuu- „fi’ akka fakkeenyaattii kaasuun ni danda’ama. Kanneen hundi barreeffama Afaan Oromoo keessattin ofdanda’anii dhaabbachuu kan hin dandeenye ta’uu ulaagaaleen tarreeffaman ni mirkaneessu. Dhamjechoonni hirkatoon Afaan Oromoo keessatti lakkoofsaan hedduu yoo ta’an, isaanis tajaajila seerlugaa garaagaraatiif kan dhaabbataniidha. Dhamjechoota kana keessaa dhamjechi mul’istuu abbummee tookko.

Dhamjechi kun Afaan Oromoo keessatti maqaarratti maxxanuun tajaajila abbummee kan kennu yoo ta’u, Afaan Oromoo keessatti dubbachiistuu dheertuun(-aa, -ii,-oo,-uu) kan mul’atuudha. Yaa ta’u malee tajaajilli dhamjechi tun kennitu kana caaluu danda’a. sababiin isaas dhamjechoonni uunkaan tokko ta’uun tajaajilaan garaagaraa ta’uu danda’a, (Addunyaa 2012).

Yaa ta,u malee barreeffamoota beeksisoota magaalaa Ogolchoo keessatti hanqinni ittifayyadama MA waraqaa kan boqonnaa afur keessatti maddaan deeggaramuun dhiyaatee jira.

### 2.2.4. Itti Fayyadama Hanqina Sirna Tuqaalee Ilaalchisee

Barreeffamoota mana hojii keessatti rakkoolee mul`atan keessaa tokko rakkoo itti fayyadama sirna tuqaaleeti. Sirni tuqaalee barreeffama keessatti iddoo barbaachisaa ta`anitti galuudhaan ergaan barreeffama tokkoo haalaan akka hubatamu kan taasisaniidha. Kanaaf, iddoo isaan barbaachisanitti galchanii ittigargaaramuun gaarii ta`a. Yaada kana ilaalchisee Geetaachoon (2006:154) yoo ibsu, “Sirni tuqaalee caasaa barreeffama Afaan Oromoo keessatti qooda guddaa qaba. Sirni tuqaalee bifaafi bakka ittifayyadamaniin adda adda ta`ullee himoota ijaaraman guutuu taasisuuf barbaachisaadha” jedha. Dabalataanis, hayyuunumti kun, “Sirni tuqaalee mallattoolee jecha yookiin barreeffama afaan tokkoo keessatti galuudha. Barreeffama osoo sirna tuqaalee hinfayyadamin barreessuun ijoon dubbiifi ergaan barreeffamaa eessa akka jiruufi maal akka ta`e

sirriitti hubachuufi xiinxaluun rakkisaadha” jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, sirni tuqaalee barreeffama keessatti galuudhaan ijoo barreeffamaafi ergaan barreeffamichaa xumuramuu isaa kan nutti agarsiisuudha. Kunis, iddoo adda addaatti mallattoo adda addaa kanneen akka tuqaa, gaaffii, qoodduu, tuqlamee, waraabbiifi kan kana fakkaatan barreeffama keessatti galuudhaan ergaa barreeffama sanaa kan murteessaniidha. Walumaagalatti, hanqinni gama kanaan mul`atan hanqina ergaa barreeffamichaan darbuu barbaadamee gufachiisuu danda`uusaaniiti.

### 2.2.4.1. Tuqaafi Qooduu Fayyadamuu

#### 2.2.4.1.1. Tuqaa

Tuqaan xumuru himaa irratti galuun yaadni sun goolabamu agarsiisa.Yaada kana Addunyaa(2018:136)yemmuu ibsu “Himni tokko xumuramuun gaaffii kan hinkaasne ta’uu agarsiisuuf dhumarra gala.” Kana jechuun xumura himaa irratti gala jechuudha.Fuuluma sana irratti faayidaa tuqa yemmuu ibsu “Tuqaan gabaajee addunyaa irratti hinbeekamneefi jechoota kottoonfatan agarsiisuuf gala.” jedha Kana jechuun jechoota gabaajeffamaniifi kottoonfatan agarsiisuuf gala.Kana malees, fayyadama sirna tuqaalee keessaa tuqaan yeroo baay`ee irradeddeebiin kan namni waabarreessu tokko ittigargaaramuudha. Yaada kana ka`umsa godhachuun William (2005:22) gubbaatti yoo ibsu, “Use a period to mark the end of a sentence that makes a stetment or express a command.” Yaada kanarraa waanti hubatamu, xumuramuu himaa yookiin himamsaafi yaada ajajaatiin booda tuqaan galuu qaba jedha. Kanaafuu, barreeffama keessatti dhuma himaafi himamsaarratti mallattoo kanatti dhimma bahuun barbaachisaadha. Yoo ittingargaaramnu ta`e garuu seera barreessuu afaan tokkoo hanqisuun ifatti kan mul`atu ta`a.

#### 2.2.4.1.2. Qoodduu

Fayyadama sirna tuqaalee keessaa qoodduu ilaalchisee Addunyaa (2018:138)yoo ibsu “Wantoota hima keessatti tarreeffaman addaan baasuuf, ciroo hirkataafi ofdanda’aa adda baasuuf,qabsiisota hima wal-qabsiisan booda galuu,guyyaafi bara adda baasuuf,wantoota wal-morman addaan baasuuf  tajaajila.” Jedha. Yaada kana irraa kan hubannu qooddoon wantoota tarreeffaman dhiyaata adda baasuuf kkf ibsuuf gala. Dabalataan  hayyuun Levin (1996:26-27) yoo ibsu,

Certain adverbials may be used to coordinate independent clauses (thus, however, therefore, on the contrary, on the other hand). Unlike the coordinating conjunctions (and, but, for, yet, or, nor)

which follow commas, these adverbials called conjunctive adverbs follow semicolons. Thus, however, therefore, and soforth, are most commonly used as adverbials in simple.

Yaada beekaa kanaatiin yoo ibsinu barreeffamoota keessatti walqabsiiftonni akka xumibsaatti tajaajilan qoodduu jabaatti yookiin qoodduutti aananii galuun yaada duubaan dhufu isa duraatiin walitti hidhu. Adeemsi kunimmoo, ergaan barreeffama sanaan darbuuf malu kallattii isaa eeggatee akka dhiyaatuuf gargaara jechuudha.

### 2.2.4.2. Qub-guddeessa Fayyadamuu

Yaada kana kitaaba barataa kutaa 9 (2005:181) yemmuu ibsu "Qubeen Afaan Oromoo bakka lamatti qoodama:Qubee guddaafi xiqaadha.Isaan lamaan yemmuu barreeffaman akkasumaan walmakanii odoo hinta'iin seera barreeffamaa eeganiiti,qubee guddaafi xiqqaa seera malee walkeessa makuun sirrii miti." Akka yaada kitaaba kanatti qub-guddeessi bakkuma arginetti itti fayyadamuu osoo hintaane bakkee barbaachisutti seera isaanii barreessun akka barbaachisu agarsiisa.Qub-guddeessi bakki itti barbaachisu akka kitaaba barataa kutaa 9 (2005:181) yemmuu ibsu

> *faayidaalee gurguddoo qub-guddeessaa:maqaa dhuunfaa,maqaa biiroo,manneen hojii mootummaa,waldoota,maqaaleebiyyootaa,kutaalee biyyoota magaalaawwan ardilee, laggeen, tulluuwwan, haroowwan, maqaa afaan tokkoof kenname, qubee jalqaba hima haarayaa,guyyoota torbanii,jiotta waggaafi ayyaanota beekamoofi jecha jalqaba mallattoo waraabbii keessa jiru.*

Jedha.Akka yaada waraabbii kanaatti qubee guddaan eessattifi bakkamitti fayyadamuu akka qabanu nu hubachiisa.

Dabalataan barreeffamni tokko adeemsa seera barreeffama afaanichaa eegee barreeffamuu keessatti sirna-tuqaalee keessaa fayyadamni qubee guddaa isa tokkoodha. Qubee guddaan haalaafi waan fayyadamnuuf qabaata. Akkasums, iddoofi yeroo ittigargaaramanis nimurteeffata. Yaaduma kana Tasfaayee (1991) yoo deeggaru, seera maqaa barreessuu Afaan Oromoo keessatti yeroo maqaa barreessinu qubee guddaadhaan jalqabuun dirqama akka ta`e hubachiisa. Akkasumas, qubee guddaan iddoo hundaafi waan hunda ittiin jalqabuuf seeraan alatti kan dandaa`amu miti. Kanaafuu, adeemsa barreessuu keessatti qubee guddaan iddoofi bakka barbaadametti galuun tajaajila isarraa eegamu bahuun barbaachisummaa fayyadama afaanichaatiif qabaata jechuudha.

## 2.3. Dhiibbaawwan Hanqina Qubeessuu

### 2.3.1. Ergaa Dabsuurratti

Yeroo ammaa kana hanqinni barreeffama beeksisootaa irratti mul'atu, oolee bulee hawaasa afaan kanaa keessatti rakkoo hamaa qaqqabsiisuu mala. Hanqinni mul'atu kunis, jala jalaa sirrachaa hin adeemu taanaan turtii keessa akka waan sirrii ta'eetti qaama afaanichaa godhanii hubachuutu dhufa. Rakkoon kun hawaasicha keessatti babal'achaa yoo adeeme, beekumsaafi bu'aa ergaa dabarfamuuf barbaadamee ni gufachiisa. Walquunnamtiin beeksisaan taasifamu rakkoo keessa waan galuuf abbaan dhimmaa yeroo dubbisu ergaa isaa hubachuu dhabuu irraan kan ka'e odeeffannoo dogongoraa akka fudhatu nitaasisa. Afaan Oromoo keessatti qubeen tokko jecha barreeffamuuf barbaadame sanaaf baay'ee murteessaadha. Sababni isaas, qubeen tokko sagalee tokko waan bakka bu'uuf, jijjiramni wayii jiraannaan dhiibbaa fiduu danda'a waan ta'eefidha. Kanaaf iyyuu, qubeen tokko jecha barreeffamu tokko keessaa hafnaan yookiin itti dabalamnaan ergaa darbuuf yaadame sana irratti rakkoo cimaa fiduu danda'a jechuudha.

Dabalees hanqinni qubeessuu haala dubbisa hima tokkoo qofa kan jijjiiru osoo hintaane, haala barreeffama keessatti argamu guutuusaa jijjiiruu danda'a (Hodge, 2009).

Miidhaan hanqina qubeessuun dhufu kana qofa miti. Namoonni hojii argachuuf xalayaa iyyannoo waajjira yookiin qaama isa qacaruu barbaade sanaaf nidhiyeessu. Hanqinni qubeessuu keessa jiraannaan garuu carraa qacaramuu dhabuu danda'u. Inni hojiirra jirus qabatuma kanaan guddina itti aanutti darbuu dhabuu danda'a. Inni guddaan iddoo hundatti walfakkaatu ammoo barreessaafi dubbisaan walquunnamuu dadhabuu isaaniiti. (Fergus,1983).

### 2.3.2. Seera Afaannichaarratti

Hanqinni qubeessuufi sirana tuqaalee jiraannan seera afaanichaa irratti dhiibbaa guddaa geessisa. Kunis kan dheerachuu qabu yoo gabaabsine,kan gabaabachuu qabu immoo yoo dheerressine,akkasumas kan jabaachu qabu yoo laaffisne,faallaa isaatin immoo kan laafuu qabu yoo jabeessine ergaa barbaadame hindabarsu. Hiika hima sanaa jijjiiruu danda'a. Kun immoo seera afaannichaa cabsuu bira darbee afaan akka quucaru taasisa.

Dabalataanis, hanqinaaleen qubeessuu jiruuf jireenya hawaasaa keessatti gama guddina afaanichaas ta'e tajaajila afaanichaan rakkoo guddaa fida. Kunis, ergaa darbuu male tokko

danquu yookiin hiika dhabamsiisuu danda'a. Kun immoo, yoo gadi qabamee ilaalamu gama guddina afaanichaatiinis ta'ee tajaajila inni kennurratti dhiibbaa qaba. Akkasumas, hawaasni nama barreeffama dogoggora qubee qabu barreesse sana akka nama barnootaafi dandeettii hinqabneetti fudhachuufi barreeffamichis fudhatama akka hinqabnetti fudhachuu danda'a. Kun immoo, yaada barreeffamichaa fudhatama dhabsiisa. Fayidaan afaanicha irraa argamus ni hir'ata jechuudha. Haalli kun immoo, akka hawaasni gama barreeffamaan afaan isaa sana irraa shakkii guddaa qabaatu taasisuufi fedhiidhan afaan sanatti fayyadamuuf hamilee dhabuu danda'a**.**

## 2.4. Sakatta`a Barruu Walfakkii

Mata duree kana jalatti qorannoowwan kanaan duraa hojjetamanii mata-duree qorannoo kana waliin walsimatan iddootti sakatta'amudha. Barbaachisummaan mata duree kanaa inni guddaan tokkummaafi adda addummaa qorannoon kun kanneen biroo wajjin qabu iddootti adda ba‟anii dhiyaatanidha.

Haaluma kanaan Geetoo(2012) mata-duree "Rakkoo dogogora qubeessuu Afaan Oromoo waajjiraalee mootummaa Aanaa Balee Gasgaar mul'atan"jedhurratti qarannoo adeeemsiseera.Kaayyoon isaas,hojjettoota waajjiraalee Aanaa Balee Gasgaar rakkoo qubeessuu irratti qaaccessuun kan hojjetame.Kaayyoon qorannoo kanaa garuu, Qaaccessa haala qubeessuu barreefama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi miti-mootummaa aanaa Zuwaay Dugdaa keessa jiran xinxaluun furmaata kaa'uudha.

Dabalataan Zawudee (2016) mata-duree ,"Qaaccessa Barreeffamoota Hojjettoota Mootummaa Waajjiraalee Mootummaa Godina Arsii Aanaa Collee"jedhuun qorannoo adeemsisee jira.Kaayyoon qorannoo Zawudee "Barreeffamoota hojjettoota mootummaa waajjiraalee mootummaa Godina Arsii Aanaa Collee xiinxaluudha."Kaayyoon qorannoo kanaa, "Qaaccessa haala qubeessuu barreefama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi miti-mootummaa aanaa Zuwaay Dugdaa keessa jiran xinxaluun furmaata kaa'uu," kan jedhuudha.Qarannoon Zawudee,madda rakkoo barreeffamoota hojjettoota mootummaafi rakkoon isaanii fayyadama Afaan Oromoo keessa kam fa'a akka ta'an adda baasuu irratti xiyyeeffata.Qorannoon kun garuu,rakkoofi madda dogoggora haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi miti-mootummaa irratti xiyyeeffata.

Akkasumas,Oliiqaa(2018) kan adeemsise mata-duree “Qaaccessa Haala Qubeessuu Barreeffama Beeksisoota Waajjiraalee Mootummaafi Miti-Mootummaa Aanaa Warra Jaarsoo Magaalaa Gohaatsiyoon”jedhu irratti adeemsisee jira.Kaayyoon qorannoo isaas,”Qaaccessa haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi miti-mootummaa ,Aanaa Warra Jaarsoo magaalaa Gohaatsiyoonitti kan hojjetame.” Kaayyoon qorannoo kanaa garuu, “Qaaccessa haala qubeessuu barreefama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi miti-mootummaa aanaa Zuwaay Dugdaa keessa jiran xinxaluun furmaata kaa’uu,” kan jedhuudha.Kaayyoon qorannoo kanaafi kaayyoo qorannoo oliiqaan kan adda taasisu ,qorannoon Oliiqaan gaggeefame Qaaccessa haala qubeessu barreeffama beeksisoota waajjira mootummaafi miti-mootummaa aanaa Warra Jaarsoo Magaala Gohaatsiyoon yoo tahu,kan qorataa garuu Qaaccessa haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi miti-mootummaa Aanaa Zuwaay Dugdaa Magaalaa Ogolchoo keessa jiran xinxaaluun furmaata kennuu dabalata.Kana malees ,qorannaan Oliiqaafi kan qorataa kanaa wanta baayyeen walfakkeenya qabaatanis godinni,aanaafi barri qorannoowwan kunniin itti adeemsifame garaagarummaa waan qabuuf,adda isaan taasisa.

# Boqonnaa Sadi: Saxaxaafi MalaQorannichaa

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun ragaalee jiru akkatumma isaan itti jiranitti rakkoo irratti mul'atu ibsa. Kanaaf, saxaxni qorannoo kanaa saxaxa ibsaati Haaluma kanaan ragaalee funaanamaniifi qaacceffaman ibsuun hiikni itti kenname jira.

## 3.2. Mala Qorannichaa

Qorannoon kun amalaafi adeemsa qabu irraa ka'ee mala ammamtaa jalqaba irratti yaada ka'umsaa kaa'uuf fayyadame jira. Mala akkamtaa ammoo irra caalmaan dhimma itti bahee jira.. Mala ammamtaa fayyadamuu keessaatti ragaaleen funaanaman akka sirriitti ifa ta'uuf dogoggora qubeessuu jiru gosaan qoodee dhibbeentaan kaa'e. Ergasii ibsi itti kenname. Mala akkamtaa fayyadamuu keessatti immoo dogoggoroota mul'atan akka walfakkaatanitti gareen kaa'uun qaaccessuun ibse. Kanaafuu, qorannichi mala makaa fayyadame. Kunis kan ta'eef, ragaalee bifa bilchina qabuun funaanuufi qaaccessuuf barbaadameeti. Mala makaa fayyadamuun ammoo mala tokkotti fayyadamuu caalaa rakkicha gadfageenyaan akka hubataniif gargaara (Creswell, 2009). Yaanni kunis qorannoo tokko keessatti kan xiyyeeffatamuu qabu rakkoo qorannichi qabatee ka'e sana bifa ittiin sirriitti hubachuudha malee mala tokko qofa addaan baasee fayyadamuun qorannicha geggeessuu miti. Kana jechuun rakkoo sana karaa sirriitti hubachuun furmaata kaa'uun isa dandeessisu hunda deeme jechuudha. Haala kana keessatti maloota isa fayyaduu danda'an hundatti gargaarame jechuudha. Yaada bu'uuraa kanarraa ka'uun mala makaa kan jedhu dhufe (Creswell, 2009). Kanarraa ka'uun qorannoo kana keessattis rakkoo jiru bifa gadfageenya qabuun qorachuuf mala kanatti fayyadamee jjira. Dabalees, mata-dureen qorannichaafi haalli qabatamaa qorannichi keessatti geggeeffamu yoo ilaalamus mala kanaaf irra naaf mijate.

## 3.3. Madda Ragaalee

Dhugummaa odeeffannoo tokkoo addaan baafachuuf,maddi raga qaama odeeffannoon irraa argamuudha. Haaluma kanaan immoo, odeeffannoo qorannoo tokkoo galmaan gahuuf maddoota ragaalee adda addaa irraa argachuun ni danda'ama. Bu'uruma kanaan, akka hubannoofi ilaalcha qoratichaatti haala qabatamaa mata duree qorannoo kanaatiin kan barbaachisu madda ragaa

tokkoffaafi madda ragaa lammaffaati. Maddi odeeffannoo tokkoffaan beeksisoota garaa garaa kanneen bara 2012 A.L.I. keessa magaalicha keessatti barreeffamanii maxxanfamanii (dookmentii) argaman kan ilaallatu yemmuu ta'u, maddi odeeffannoo inni lammaffaan immoo Hojjettootni kanneen Aanaa Zuwaay Dugdaa Magaalaa Ogolchoo keessatti waajjira mootummaa keessatti hojjetaniifi waajjira mit-mootummaa keessatti hojjetan afgaaffichaaf iddataan filataman keessatti hirmaatanii jiru.

## 3.4. Mala Iddatteessuu

Akkuma daangaa qorannichaa jalatti ibsamuuf yaallametti, kanneen qorannoon kun ilaallatu hundumaa irraa odeeffannoo guuruun bu'aa qabeessummaa isaa daran akka cimsu beekkamaadha. Haata'u malee, waajiraalee mootummaa 30fi waajjiraalee mitmootummaa 5 aanaa Zuwaay Dugdaa keessa jiran hunda irraa tokkuma tokkoon odeeffannoo funaanuuf yoo jedhame humna qorataa kanaatiin ol ta'a. Kunis, yeroo, baajataafi meeshaalee barbaachisan gahaa argachuu waan gaafatuufidha. Kanaafuu, iddattootti gargaarramuun baay'ee barbaachisaa ta'ee argame jechuudha. Qoratichi qorannoo isaa kana keessatti mala makaa gargaaramus, irra caalaatti kan inni dhimma itti bahu mala akkamtaatafi ammamtaati. Haaluma kanaan, milkaa'ina qorannoo kanaatiif odeeffannoon kan irraa funaannamu beeksisoota waajiraalee mootummaafi mit-mootummaa kanneen magaalaa Ogolchoo keessatti bara 2012A.L.I. keessa maxxanfamanii, walitti qabamanii dhiyaatan irraa ta'a. Kunis kan filatamuuf, kan baroota hedduu irratti kan xiyyeeffatamu yoo ta'e, daangaa qorannichaa bal'isuu danda'a jedhamee yaadameeti. Waraqaalee beeksisoota funaannamuu malan ilaalchisee immoo, qoratichi kan funaannatu, ji'ootaan daangessuuf kan ji'a kanaafi kanaa naaf fidaa jechuun osoo hin taane, ji'uma isaan beeksisa itti baasan eeggachuun eeyyamsiisee kan fudhatuudha. Sababni isaatis, waajjiraaleen kunneen ji'a hunda keessa beeksisa baasuu dhiisuu danda'u waan ta'eefidha.

Qoratichi tooftaalee iddatteessuu jiran hunda keessaa waajjiraalee filachuuf mala mit-carraa fayyadamuun hojii iddatteessuu isaa gaggeesse jira. Sababni malli kuni filatameefis, waajjiraaleen filataman kunneen kaayyoo qorannoo kanaa galmaan naaf gahuu danda'u jedhee qorataan waan itti amaneefidha.Kanumaan walqabatee, qoratichi gosa iddatteessuu mit-carraa kana keessaa immoo, mala iddatteessuu akkayyootti dhimma ba'e. Sababni isaas, iddattootni filataman qabiyyee qorannichaafi kaayyoo qorannichaa irratti waan xiyyeeffateefi.Dabalataan osoo akka waajjiraalee Fayyaa,Waajjira Poolisii,Waajjira Haqaafi Waajjira Mana Murtii carraan

baheefi baayyina hojii fi dhimma pirookraasi adda adda baayyisuurra kan ka'e ragaalee barbaade argachuun qorqticha  nirakkisa. Qoratichis, haaluma kanaan, milkaa'ina qorannoo kanaatiif odeeffannoon kan irraa funaannamu, hojjettoota waajiraalee mootummaa Godina Arsii Aanaa Zuwaay Dugdaa irratti hundaa'uun waajjiraalee 30 jiran keessaa 9 (sagal) mala kaayyeffataatti gargaaramuun filatamanii qorannoon kun irratti adeemsifame. Gay (1981) waa'ee mala filannoo iddattoo kanaa ilaalchisee,"namni qorannoo geggeessu tokko kaayyoo isaa irraa ka'ee eenyufaa osoon filadhee odeeffannoowwan nabarbaachisan argachuu danda'a laata?" gaaffii jedhu hubannoo keessa galchuun iddattoo isaa filachuun barbaachisaa akka ta'e ibsee jira. Dabalataanis, Sarantakos(2005) waa'ee iddattoo adda baasanii filachuu yoo ibsu,

> *In technique the researcher purposely choose subjects who, in their opinion are relevant to the project, in such cases the important criteria of choice is the knowledge and expertise of the respondents, and hence their suitability for the study.*

jedha. Akka yaada kanaatti, qorataan namoota fedhii, muuxannoo, beekuumsaafi kaayyoo qorannoo isaa waliin walitti hidhata gaarii qaban addaan baasee mala ittiin filatu ta'uu isaa agarsiisa. Iddattootni qorannoo kanaa hojjettoota waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa Godina Arsii aanaa Zuwaay Dugdaa Magaalaa Ogolchoo keessatti argaman yommuu ta'an, qoratichi tooftaalee iddatteessuu jiran keessaa waajjiraalee filachuuf, mala mit-carraa gargaaramuun, mala mitcarraa keessaa immoo, mala akkayyootti gargaarramee murteeffachuun waajjiraalee kan filatee jira. Sababni malli kun filatameef immoo, odeeffannoo kennitoota keessaa filachuuf waajjiraaleen filataman qorannoo kana sirriitti galmaan naaf ga'u jedhee qorataan waan itti amaneefidha.

## 3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoo kan geggeesse qoratichi meeshaalee mijatoofi odeeffannoo gahaa argamsiisuun qorannoo kiyya galmaan naaf gahuu danda'a jedhee itti amanuun filate sakatta'a dookumantiifi af-gaaffiitti dhimma bahee jira.

### 3.5.1. Sakatta'a Dookumantii

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti meeshaalee ragaan ittiin funaaname keessaa inni tokko dookumantii ykn barreeffama beeksisootaa sakatta'uuni. Sababni meeshaan funaansa ragaa kuni filatameefis, hanqinoota haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi

mit-mootummaa aanaa Zuwaay Dugdaa magaalaa Ogolchoo keessaa funaannamanii qabatamaan xiinxalamaniiru. Qorannoon kun kan irratti xiyyeeffate barreeffamoota beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa qaaccessuun hanqinoota qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee adda addaa achi keessatti mul`atan adda baasee, madda isaanitiif furmaata barbaadee jjira.

### 3.5.2. Afgaaffii

Dastaa (2002: 84) meeshaa funaansa afgaaffii ilaalchisee yommuu ibsu, "Odeeffannoon afgaaffiin dhiyaatu yoo ifa hinta'in, qorataan keessa deebi'ee fooyyessuu danda'uufi odeefannoo kennitootni illee waan isaaniif hingalle gaafachuuf carraa qabaachuun isaanii meeshaa funaansa ragaa kana filatamaa isa taasisa" jedha. Kanaaf, meeshaa funaansa odeeffannoo kanatti gargaaramuun qoratichi gaaffilee banamoo ta'an  Afaan Oromootiin qopheesseee itti gaafatamtoota  waajjiralee Misooma GabaaAanaa Zuwaay Dugdaa , Waajjira Dhimma Daldalaa Aanaa Z/Dugdaa , Waajjira Pabliik Sarviisiifi Misooma Qabeenya Namaa Aanaa Z/Dugdaa, Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Z/Dugdaa,Waajjira Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa AanaaZ/Dugdaa,Waajira Bulchiinsa Aanaa Z/Dugdaa, Waajjira Barnoota Aanaa Z/Dugdaa,Waajjira Bulchiinsa Magaalaa OgolchoofiWaajjira Maallaqaafi Walta,iinsa Diinagdee Aanaa Z/Dugdaa ;akkasumas waajjiraalee mit-mootummaa keessaa immoo,itti gaafatamtoota hojjettoota W/A/L/Q/O, waldaa kaatolikiifi waldaa C/D/A  magaalaa Ogolchoo keessatti hojjetan irraa gaaffilee bu'uraa isaa irratti ragaa funaannachuuf qoratichi meeshaa funaansa ragaa kanatti fayyadame jira.

## 3.6. Mala Qaaccessa Ragaalee

Akkuma mala qorannoo irratti ibsuuf yaalametti qorannoon kun amalaafi adeemsa qabu irraa ka'ee mala makaatiin gaggeeffame. Kuinis, mala akkamtaafi hammamtaa jechuudha. Mala ammamtaa fayyadamuu keessaatti qoratichi ragaaleen funaanaman akka sirriitti ifa ta'aniif, dogoggora qubeessuu jiru gosaan qoodee dhibbeentaan kaa'e. Ergasii ibsi itti kenname. Mala akkamtaa fayyadamuu keessatti immoo dogoggoroota mul'atan karaa afgaaffiin adda baasuun qaaccessee ibse. Kanaafuu, qorannichi mala makaa fayyadame jechuudha. Kunis kan ta'eef, ragaalee bifa bilchina qabuun funaanuufi qaaccessuuf barbaadameeti. Mala makaa fayyadamuun ammoo, mala tokkotti fayyadamuu caalaa rakkicha gadfageenyaan akka hubataniif gargaara (Creswell, 2009). Haaluma kanaan, ragaalee sakatta'a dookumantootarraa argaman akka ifa ta'utti jalqaba akkaataa walfakkaataniin gosa gosaan qoodamanii dhiyaatanii jiru. Itti aansuun

immoo, baay’ina dogoggorootaa argamee gosa gosaan gabatee keessa kaa’udhaan dhibbeentaatti jijjiiruun qaaccessi irratti geggeeffame jira. Dabalees, kanneen jechaan taa’an qaaccessuuf jechoota dogoggora qubeessuu qabaatanii funaanaman akka adeemsi isaa sirrii ta’utti dogoggora kan jedhu jalatti tarreessee ,waajjira dogongora kana uume,guyyaa beeksisni kun bahefi gara itti sirreeffaman immoo, sirrii kan jedhu jalatti teessifame. Ragaalee afgaaffiin argamanis, iddoo barbaachisaa ta’etti kan qaaccessa ragaalee dookumantii waliin walbira qabaa adeemuun qaaccessamee jira. Ergasiis, odeeffannoo karaa lamaanuu argaman walitti fiduun hagam akka walfakkaatan ilaaluun, yaada walfakkatuufi kan wal hinfakkaanne adda baasee ammamtaadhaan kaawwamee ibsis itti kenname jira.

# Boqonnaa Afur: Hiikaafi Xiinxala Ragaalee

Boqonnaan kuni iddoo itti odeeffannoowwan qorannichaaf barbaachisan kanneen kallattiilee garaa garaan walitti funaannaman itti hiikamaniifi xiinxalamaniidha. Qindeeffamaafi mala qaacceessa ragaalee qorannoo kanaa keessatti odeeffannoowwan karaa sakatta'a dookumantiifi afgaaffitiin walitti qabaman muuxannoo qoratichaafi qorannoo mana kitaabaa bu'uureffachuun qindaa'anii dhiyaatanii jiru. Haaluma kanaan, beeksisootni waajiraalee mootummaafi mi-tmootummaa aanaa Zuwaay Dugdaa magaalaa Ogolchoo keessatti bara 2012 fulbaana irraa hanga Hagayyaa guyyaa 30tti afaan Oromiffaatiin barreeffamanii maxxanfaman yommuu ilaallaman, unkaanifi qabiyyeen isaanii dogoggoroota akkam akkamii akka qabaniifi ragaaleen haala walitti dhiyeenya qabaniin qindaa'aniifi qaacceffamanii dhiyaatanii jiru. Maqaan waajjiraalee immoo, iccitii (ethics) qorannichaa eeguuf jecha koodidhaan bakka buufamanii jiru. Isaanis: Waajirri Barnootaa 'I', Waajjira P/S/M/Q/N 'II', Waajjira Bulchiinsaa 'III', Waajjira Misooma Gabaa 'IV', Waajjira Daldalaa 'V', Waajjira Aadaafi Tuurizimii 'VI', Waajjira Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa 'VII', Waajjira Maallaqaafi Walta'iinsa Diinagdee 'VIII', Waajjira Bulchiinsa Magaalaa Ogolchoo 'IX',Waajjira WALQO "X",Waajjira Waldaa Kaatolikii "XI"fi WaldaaCDA "XII" dhan bakka buufamanii dhiyaatanii jiru.

## 4.1. Xiinxala Beeksisoota (Sakatta'a Dookumantii) Irratti Taasifame

Akkuma boqonnaa sadaffaa keessatti eeramee ture, ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisan walitti qabachuuf qoratichi sakatta'a ragaalee dookumantii taasisee jira. Sakatta'insi ragaalee dookumantii kunis kan gaggeeffame beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa kanneen iddattoo qorannoo kanaaf filatamanii jiran keessatti Afaan Oromootiin barraa'anii turan ragaafi haala qabatamaan yemmuu ilaalaman dogoggorootni mul`atan maalfaa akka ta'an addaan baasuuf, dookumantiiwwan beeksisa kanneen fudhataman kutaa kana jalatti haalaafi gosa gosa rakkoo isaaniitti qoqqoodamuun xiinxalamanii jiru.

### 4.1.1. Qaaccessa Sadarkaa Qubeessuu Irratti Taasifameefi Hanqinoota Mul'atan

Qubeessuu keessatti wantoota sagaleen walqabatan hedduu ilaaluun nidanda`ama. Kanaaf, qaaccessa kana jalatti dhimmootni qubeessuu ilaallatan jechuunis rakkooleen kanneen akka: jabeessuu, laaffisuu, dheeressuufi gabaabsuun haala gadiitiin qaacceffamanii dhiyaatanii jiru.

Qulqullinaan qubeessuun walquunnamtii barreeffamaa sirrii ta'e tokko uumuuf kanneen oolan keessaa isa tokkoodha

Dogoggorri qubeessuu ergaa barbaaddame tokko karaatti hambisuu bira darbee, barreessaa sana kan qeeqsisu ta'uu isaati. Kunis, qubee sirnaan fayyadamuun walquunnamtii barreeffamaan taasifamu keessatti murteessaa ta'uu isaa nuuf mirkaneessa.

Walumaagalatti, dogoggorri qubeessuu walqunnamtii barreessaafi dubbisaa gidduu jiru waan harcaasuuf ergaan barbaadame akka hin dabarre, yookiin ergichi bifa hinbarbaadamneen faallaa ta'ee akka darbu kan taasisu ta'uu isaa hubachuun gaarii ta'a. Hanqinootni qubeessuun walqabatanii barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa qorannoon kuni irratti adeemsifamee muudatan akkaataa armaan gadii kanaan dhiyaachuun tokko tokkoon beeksisoota barreeffamanii jiran keessaa waraabbachuudhaan qaacceffamanii jiru. Isaanis kanneen armaan gadiiti.

#### 4.1.1.1. Hanqina Dubbachiistota Dheeressuufi Gabaabsuu Irratti Mul'ate

Haala qubeessuu barreeffama beeksisoota waajjiraalee xiinxalamanii keessatti dheeressuufi gabaabsuun sagaleewwanii kun haalaan hojiirra oolee hinmul`atu.Rakkooleen sagalee dubbachiisaa bakka dheerachuu qabanitti dheeressuu dhabuufi iddoo gabaabbachuu qabutti immoo, dheeressanii barreessuun nimul`ata. Rakkoon dubbachiisaa seeraan qubeessuu dhabuu kun immoo, hiika ergaan barreeffamichaa dabarsuu qabu ni dhoorkata. Adeemsa qubeessuu barreeffama Afaan Oromoo keessatti jecha tokkoon sagalee dheeraa yookiin sagalee gabaabaa qaba jennee murteessuuf seera katabbii Afaan Oromoo hordofuun ta`uun barbaachisaadha. Akkuma, jabeessuufi laaffisuun sagalee dubbifamaarratti hundaa`ee adda baafamu, sagalee dheeraafi gabaabaan immoo, dubbachiisaa bu`uura kan godhatuudha.

Kanaaf, adeemsa ijaaruu sagalee dheeraafi gabaabaa keessatti dubbachiiftota xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaadha jechuudha. Kana ta'uu baannaan jechi suni ergaa dabarsuuf jedhe sana gadi dhiisee ergaa biraa dabarsa jechuudha. Rakkooleen qubeessuu akkasii kun beeksisoota keessatti argamanii jiru. Kana hubachuuf gabatee armaan gadii ilaaluun ba'eessa ta'a.

Hubachiisa. Jechootni gabatee armaan gadii keessatti tarraa'anii dhiyaatan kunneen haala galumsaa barreeffama beeksisootaa sana keessatti ilaallamuun kan madaallaman ta'ee, jechootni kuni haala galumsaa iddoo birootti immoo, sirrii ta'uu danda'uu isaanii hubachuun gaariidha. Akka dhaamsa qoratichaatti, jechootni kuni dogoggoraan qubeeffamuu isaanii hubachuuf, haalaafi iddoo galumsa isaanii waraqaa beeksisootaa sana dabalee jalatti ilaaluun adda baasuun gaarii ta'a.


**Gabatee 1. Hanqinoota Dubbachiistota dheeressuu dhabuu irratti mul'atu.**

| Lak. | Dogoggora dubbachiistota dheeressuu dhabuu irratti mul'atu | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Jecha dogoggoraa | Maqaa Waj. Dogongoree | Guyyaa Beeksisni bahe | Kan ta'uu qabu |
| 1 | banana | Waj.Barnootaa | 13/06/2012 | baannana |
| 2 | saa'atti | " " | 06/04/2012 | sa'aatii |
| 3 | ummaatif | Waj.P/S/Q/N/A/Z | 26/09/2012 | uumaatif |
| 4 | ta'een | " " " " " " " " " | 27/09/2012 | taa'ee |
| 5 | argamiinif | " "" " | 19/05/2012 | argaminiif |
| 6 | hoggansaa | " " " | " " " | hooggansa |
| 7 | raga | " " " | " " " | ragaa |
| 8 | angoo | W/Misooma Gabaa | 25/05/2012 | aangoo |
| 9 | Beyladoota | " " " | " " " | beeyladoota |
| 10 | Akkataa | " " " | " " " | akkaataa |
| 11 | Meeshalee | Waj. Daldalaa | 17/09/2012 | Meeshaalee |
| 12 | Meeshalee | " " | " " " | Meeshaalee |
| 13 | Kilo | " " | 19/03/2012 | Kiiloo |
| 14 | godhudha | Waj. Aadaa fi Tuuri. | 05/01/2012 | godhuudha |
| 15 | barbaachisadha | " " " | " " " | barbaachisaadha |
| 16 | jecha | " " " | " " " | jecha |
| 17 | vaayiraasi | W/I/F/L/B | 08/07/2012 | vaayirasii |
| 18 | unkaa | W/M/W/D | 09/10/2012 | uunkaa |
| 19 | guttani | " " " " | " " " | guuttanii |
| 20 | laakka'umsi | " " " " | 27/09/2012 | lakkaa'umsi |
| 21 | waggatti | " " " " | " " " | waggaatti |
| 22 | caamsa | " " " " | " " " | caamsaa |
| 23 | gubatti | W/B/M/Z/D | 28/09/2012 | gubbaatti |
| 24 | yalameetti | " " " " ' | " " " | yaalametti |
| 25 | heddun | " " " " " | " " " | hedduun |
| 26 | amma | " " " | " " " | ammaa |
| 27 | bafattani | " " " | " " " | baafattan |
| 28 | bajaata | " " " | 17/09/2012 | baajata |
| 29 | Bashiriitiif | W/A/L/Q/O | 20/04/2020/12 | Bashiiritiif |
| 30 | guyya | W/ Bulchiinsa | 30/08/2012 | guyyaa |
| 31 | irra | W/Barnoota | 13/06/2012 | Irraa |
| 32 | mootumma | " " | 06/04/2012 | mootummaa |
| 33 | namuusa | W/P/S/M/Q/N | 26/09/2012 | naamusa |
| 34 | ta'een | " " " | 27/09/2012 | taa'een |
| 35 | kilo | W/Daldalaa | 19/03/2012 | kiiloo |
| 36 | qabattanni | W/I/F/L/B | 13/08/2012 | qabattanii |
| 37 | isaani | W/M/W/D | 09/10/2012 | isaanii |
| 38 | guttani | " " " | " " " | guuttanii |
| 39 | guttani | " " " | " " " | guuttanii |

Dhibbeentaan dheerachuu dhabuu dubbachiistotaa irratti mul'ate 10.53%.

Akkuma gabatee olii irraa hubachuun danda’amutti,hanqinni jechoota dheerachuu osoo qabanii gabaabbachuun barraa’anii beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa iddattoon filamanii qaacceffaman kana keessatti mul’ate dhibbentaatti % 10.53 yemmuu ta’u, ammas akkuma gabatichi agarsiisutti waajjiraalee kanneen keessaa waajjirri VIII’n iddoo 8 dogoggora kana uumudhaan dhibbentaa dogoggora walii galaa % 8.1 keessaa kophaa isaatti % 2.16 qabachuun waajjiraalee hunda caalee argamee jira. Ragaan qoratichi afgaaffii isaanii irraa argatee tures kanuma kan mirkaneessudha.

Itti aanudhaan immoo, iddoo 7tti dogoggoruudhaan gama kanaan dhibbentaa lammaffaarra kan jiran waajjira ‘II’ti. Isaanis dogoggora walii galatti uumame keessaa dhibbentaa % 1.89 qabatee argama waan  ta’eefi. Itti aansudhaan sadarkaa sadaffaarra kan jiru waajjira ‘IX’ti. Innis iddoo 6tti dogoggora kana mul’iseedha dhibbentaa isaani dogoggora walii gala irraa yemmuu ilaallamu % 1.62 mul’isee jira. Akkasumas, tartiibni sadarkaa dogoggora kanaa guddaa irraa gara xiqqaatti yemmuu ilaallamu, waajjirri ‘Ifi waajjirri V’n iddoo 4,4tti, waajjirri ‘IVfi waajjirriVI’n iddoo 3,3tti, waajjirri ‘VII’n iddoo 2, waajjirri ‘IIIfi waajjirri X’n iddoo 1,1ttidha. Dhuma irrattis gama dubbachiistota dheereessu  dhabuu kanaan rakkoo xiqqoo ta’e kan uuman waajjiraalee ‘III,VIIfi X’ti jechuudha.Ibsaafi qaaccessa dabalataa waa’ee  dheerachuu dhabuu dubbachiistotaa kanaatif, qaaccessa armaan gaditti taasifame hordofuun irruma caalaatti cimsuuf gaariidha Beekisa waajjirri M.W.D.A.Z/D guyyaa 09/10/2012 baase keessaa kan fudhatame waraabbii armaan gadii keessatti yaa ilaallu.


Guyyaa 09/10/2012 VIII

**Beeksisaa**

**Abbooti Addeemsaa fi Qindeesoota Garee Waajjira Keenyaa hundaaf**

Maddalliin Marsaa 2ffaa kan bara 2012 Hojjatoota isin jala Jiran madaalun firii madaalli isaani Unkaa madaalliitin guttani hanga Guyyaa 15/10/2012 Kuta Humna Namaa Waajjira Keenyaaf, akka gaabaaftan isin beeksisa .

Waajjiricha

**Suura 2 Beeksisa W.M.W.D.A.Z.D guyyaa 09/10/2012 baase**

“Maddalliin…..”jechuun eegala.Akkataa barreeffama kanaa yoo ilaalle,jechi Madaallii jechuuf yaadamee ture sababa dubbachiistuu /a/’ngabaabatteefi dubbifamaa/d/’n jabaateef ergaa barbaadame dabarsuu hindandeenye.Jechi “isaani….”jedhus silaa tahuu kan qabu “isaanii”dhaayyu.Garuu dubbachistuu /i/’nbiraa dhiisuun abboomee mul’isuu kan qabu osoo hinagarsiisin haftee jirti.Kana malees,beeksisuma sanarratti jechi “…..guttanii….”yoo ilaallame,akkuma armaan oliitti ibsametti,sababa dubbachiistuu /a/’n hafteef hiika “guuttanii”jedhu san gadi dhiisudhaan hiika jijjiira. Beeksisuma armaan olii kana keessatti,”…Kuta Humna Namaa…”jedhee jira.Kunis,sababa dubbachiistuu /a/’n gabaabatteef hiika “kutaa”ykn garee jedhu san dhiisudhaan gara mura ykn qurxa jedhutti geessee jira.

Kelly (1998:391) dhiibbaa dogoggorri qubeessuu barreeffama irratti qabu yoo ibsu, “Misspelled words can spoil the effect of another wise excellent paper. However, avoiding these errors is no easy task,” jedha. Yaanni kunis kan ibsu, dogoggorri qubee jecha tokkoo, barreeffamoota hafan kan booressu yoo ta’u, kana hojiirra oolchuun hojii salphaa akka hin taane addeessa. Kanaafis, yaada kana irraa kan hubatamuun danda’amu, rakkoon dogoggoraan qubeessuu jecha tokkoo ergaa waliigalaa yaada barreeffama sanaa guutummaattis ta’ee, gamisaan kan gaaga’u ta’uu isaati. Walumaagalatti, dogoggorri qubeessuu walqunnamtii barreessaafi dubbisaa gidduu jiru waan harcaasuuf ergaan barbaadame akka hin dabarre, yookiin ergichi bifa hinbarbaadamneen faallaa ta’ee akka darbu kan taasisu ta’uu isaa hubachuun gaarii ta’a.

Cuunfaadhumatti yaada waraabbii armaan olii kanneen irraa hubachuun kan danda’amu, yemmuu dubbachiistotni seera malee gabaabbataniifi dheeratan hiikaafi ergaa wanta jechuuf karoorfame sanaa jeequu kan danda’u ta’uu isaati.

**Gabatee 2. Hanqinoota Dhubbachiistota gabaabsuu dhabuu irratti mul'atan.**

| Lak. | Dogoggora dubbachiistota gabaabsuu dhabuu ittatti mul'atu. | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Jecha dogoggoraa | Maqaa Waajjira dogongora uumee | Guyyaa Beeksisni bahe | Kan ta'uu qabu |
| 1 | isiin | Waajjira Barnootaa | 16/03/2012 | isin |
| 2 | keessaan | " " | 29/05/2012 | keessan |
| 3 | jiraa | " " | " " " | jira |
| 4 | haallii | " " | 06/04/2012 | haalli |
| 5 | saa'atti | " " | " " " | sa'aatii |
| 6 | gosaa | W/P/S/M/Q/N | 26/09/2012 | gosa |
| 7 | ebbifamtootaa | " " " | " " " | ebbifamtota |
| 8 | mirkanaa'uu | " " " " | " " " | mirkanaa'u |
| 9 | argamiinif | " " " | 19/05/2012 | argaminiif |
| 10 | hoggansaa | " " " | " " " | hooggansa |
| 11 | beeksiisaa | " " " | " " " | beeksisaa |
| 12 | ta'ee | " " " | " " " | ta'e |
| 13 | beeksiisaa | " " " | " " " | beeksisa |
| 14 | qaamaan | Waajjira Bulchiisaa | 30/08/2012 | qaaman |
| 15 | qaamaan | " " | 06/09/2012 | qaaman |
| 16 | beeksiisa | Waajjira Misooma Gabaa | 25/05/2012 | beeksisa |
| 17 | seeraan | " " " | " " " | seeran |
| 18 | keennameef | " " " | " " " | kennameef |
| 19 | keenna | " " " | " " " | kenna |
| 20 | miraneesseen | " " " | " " " | mirkaneessen |
| 21 | biittanii | " " " | " " " | bittanii |
| 22 | beeksiifni | " " " | " " " | beeksifni |
| 23 | beeksiifna | " " " | " " " | beeksifna |
| 24 | beeksiisa | " " " | 03/02/2012 | beeksisa |
| 25 | yaalameetti | " " " | " " " | yaalametti |
| 26 | bayeerra | " " " | " " " | bayera |
| 27 | beeksiisa | Waajjira Daldalaa | 17/09/2012 | beeksisa |
| 28 | seeraan | " " | " " " | seeran |
| 29 | alaa | " " | " " " | ala |
| 30 | namaa | " " | 19/03/2012 | nama |
| 31 | isiin | " " | " " " | isin |
| 32 | beeksiisaa | Waajjira Aadaafi Tuurizimii | 05/01/2012 | beeksisa |
| 33 | akkasummaas | " " " | " " " | akkasummas |
| 34 | isiin | Waajjira Aadaafi Tuurizimii | 05/01/2012 | isin |
| 35 | daraan | " " " | " " " | daran |
| 36 | hirmaattoonni | " " " | " " " | hirmaattonni |
| 37 | kabajamuu | " " " | " " " | kabajamu |
| 38 | turtaan | W/I/F/L/B | 13/08/2012 | turtan |
| 39 | qaamaan | " " " | " " " | qaaman |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 40 | vaayiraasi | “ “ “ | 08/0/2012 | vaayirasii |
| 41 | kanaa | “ “ “ | “ “ “ | kana |
| 42 | godhaachuun | “ “ “ | “ “ “ | godhachun |
| 43 | kanaa | “ “ “ | “ “ “ | kana |
| 44 | naannoottii | “ “ “ | “ “ “ | naannotti |
| 45 | waamichaa | “ “ “ | “ “ “ | waamicha |
| 46 | isiin | “ “ “ | “ “ “ | isinii |
| 47 | beeksisaa | W/M/W/D/A/Z/D | 09/10/2012 | beeksisa |
| 48 | madaalliitin | “ “ “ | “ “ “ | madaallitin |
| 49 | guttani | “ “ “ | “ “ “ | guuttanii |
| 50 | gaabaaftan | “ “ “ | “ “ “ | gabaaftan |
| 51 | waajjirrii | “ “ “ | 25/10/2012 | waajjirri |
| 52 | isiin | “ “ “ | “ “ “ | isin |
| 53 | laakka’umsi | “ “ “ | 27/09/2012 | lakkaa’umsi |
| 54 | beekkamaa | “ “ “ | “ “ “ | beekama |
| 55 | beeksisaa | “ “ “ | “ “ “ | beeksisa |
| 56 | keessaan | Waj.Bul.Magaalaa Ogolchoo | 28/09/2012 | keessan |
| 57 | cuufaniif | “ “ “ “ | “ “ “ | cufaniif |
| 58 | hojjatuu | “ “ “ “ | “ “ “ | hojjatu |
| 59 | isiin | “ “ “ “ | “ “ “ | isin |
| 60 | bajaata | “ “ “ “ | 17/09/2012 | baajata |
| 61 | bashiiriitiif | Waajjira W/A/L/Q/O | 20/04/2020/12 | bashiiritiif |
| 62 | gubbattii | “ “ “ | 16/06/2012 | gubbaatti |
| 63 | yaalameettii | “ “ “ | “ “ “ | yaalametti |
| 64 | baheettii | “ “ “ | “ “ “ | bahetti |
| 65 | irrattii | “ “ “ | 15/12/2012 | irratti |
| 66 | isiin | “ “ “ | “ “ “ | isin |
| 67 | bashiriitiif | “ “ “ | 16/06/2012 | Bashiiritiif |
| 68 | danda’uu | “ “ “ | “ “ “ | danda’u |
| 69 | irraattii | Waajjira Barnootaa | 30/03/2012 | irratti |
| 70 | irraattii | “ “ | 06/04/2012 | irratti |
| 71 | guumruuka | W/P/S/M/Q/N | 266/09/2012 | Gumruuka |
| 72 | guumruuka | “ “ “ | “ “ “ | Gumruuka |
| 73 | guumruuka | “ “ “ | “ “ “ | Gumruuka |
| 74 | guumruuka | “ “ “ | “ “ “ | Gumruuka |
| 75 | namuusa | “ “ “ | “ “ “ | naamusa |
| 76 | kooppii | “ “ “ | “ “ “ | koppii |
| 77 | Kooppii | “ “ “ | “ “ “ | koppii |
| 78 | Beeksiisa | W/W/A/L/Q/O | 15/12/2012 | Beeksisa |

Dhibbeentaan gabaabachuu dhabuu dubbachiistotaa irratti mul’ate %21.06

Akkuma gabaticha irraa hubachuun danda'amutti, hanqinootni dubbachiistota gabaabbachuun barraa'uu qaban dheeressuun barreessuu irratti mul'ate beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa funaannamanii qaacceffaman irratti hundaa'uun dhibbentaan isaa yemmuu ilaallamu % 20.79 ta'ee mul'atee jira. Isaan keessaa immoo, iddoo 15tti dogoggora kana uumudhaan dhibbentaa olaanaa dogoggorichaa kan mul'ise waajjira 'II'ti. Sababni isaatis, dogoggorri isaan uuman kuni dhibbentaatti yemmuu ilaallamu % 4.05 ta'uun caalmaa agarsiisee jira waan ta'eefidha. Itti aanudhaan immoo, iddoo 11tti dogoggoruudhaan gama kanaan dhibbentaa lammaffaarra kan jiran waajjiralee 'IV'ti. Isaanis dogoggora walii galatti uumame keessaa dhibbentaa % 2.97 qabatanii argamu gatii ta'eefidha.

Itti aansudhaan sadarkaa sadaffaarra kan jiran  waajjiraalee 'VIIfi VIII'ti. Isaanis iddoo 9,9tti dogoggora kana mul'isanii dhibbentaa isa dogoggora walii gala irraa yemmuu ilaallamu % 2.43 mul'isanii jiru. Waajjiraaleen kunis akka odeeffannoon afgaaffiidhaan taasifame mirkaneessutti, namootni achi keessa jiran namoota sirna durii keessa baratan, namoota kutaa 10 irraa dorgomuun hojii akka waardiyyummaa, qulqulleessituufi k.k.f. galuudhaan adeemsa tirannaa keessa barnoota fagootiin iddoo sana qabatanii jiraniifi k.k.f. ta'uu isaanii ibsanii jiru. Akkasumas, tartiibni sadarkaa dogoggora kanaa guddaa irraa gara xiqqaatti yemmuu ilaallamu, waajjirri 'X'n iddoo 8tti, waajjirri 'I'n iddoo 7tti, waajjirri 'VI'n iddoo 6tti,waajjiraaleen 'V'fi IX'iddoo 5,5tti dogoggora kana uumanii jiru. Dhuma irrattis gama dubbachiistota gabaabsuu dhabuu kanaan rakkoo xiqqoo ta'e kan uume waajjira 'III'ti jechuudha.

Kunis, namni tokko afaanuma ittiin barreessu sana irratti ga'umsa utuu hinqabaatin ittiin hojii hojjechaa jiraachuu isaa kan mul'isuudha. Norrish (1983:8), hanqinni ga'umsaa wantoota barreessuu irratti dhiibbaa fidan keessaa isa tokko akka ta'e ibsa. Yaaduma kana ilaalchisuun Addunyaa (2010:7) yoo ibsu," barreessitoonnifi hojjettootni waajjiraalee mootummaa caasaa Afaan Oromootti fayyadamuu irratti hanqina qabu. Hanqinni caasaa immoo, ergaa darbu sana gaaga'a,"jedha. Caasaan afaan tokkoo dabnaan, ergaan darbuu barbaadame qixa barbaadameen darbuu hindanda'u. Kanaafuu, madda hanqina ga'umsaa ta'anii kan calaqqisan afaan biroon baratanii Afaan Oromoon barreessuu, muuxannoo hojii birootiin sadarkaa olaanaa irraa hojjechuun yeroo walquunnamtii hojii taasisan maddoota hanqinaalee beeksisa waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa keessatti warreen hammataman akka ta'an argina.

Abarraafi warri biroo (1995),“dheerinniifi gabaabbinni dubbachiistuu jijjiirama hiikaa ni fida” jedhanii ibsu. Dhugaan gama saayinsiitiin jiru kanuma ta’us, hanqina haala qubeessuu keessaa tokko kan ta’e, yoomessa isaanitiin alatti dubbachiistota dheeressuufi gabaabsuun beeksisoota Afaan Oromoo magaalaa Ogolchoo keessatti maxxanfaman irratti mul’atanii gabatee armaan olii keessatti dhiyaatanii jiru.

Walumaa galatti bearreeffama beeksisootaa gama dubbachiistota gabaabsutiin qaacceffaman kana keessatti rakkooleen kuni karaa waajjiraalee garaa garaatiin uumamuun isaanii ergaa barreeffamichaa jijjiiruufi guutummaatti hiikaa dhabsiisuu irratti dhiibbaa cimaa uumanii kan jiran ta’uu isaatu hubatame. Odeeffannoon afgaaffiin argames yaaduma kana qoratichaaf mirkaneessee jira.

### 4.1.1.2. Dogoggora Sagaleewwan Dubbifamaa Jabeessuufi Laaffisuu Ilaallatu

Adeemsa seera barreeffama Afaan Oromoo keessatti laafinniifi jabinni sagalee dubbifamaa waliin kan walqabatuudha. Yaada kana wajjin kan walqabatu Geetaachoo (2009:27-28) yoo ibsu

> *seera barreeffama Afaan Oromoo keessatti sagalee jabaa agarsiisuuf dubbifamaa tokko yeroo lama katabna. Seerri kunis kan dubbifamoota qubee ykn mallattoo qeenxee qaban qofaaf ta’a. Dubbifamootni warri qubee yookiin mallattoo dachaa qaban yommuu laafanis ta’ee, yemmuu jabaatan (form) tokkoon katabamu.*
> *Waan kana ta’eef, dubbifamtoota qubee dachaan barreeffaman jabinaafi laafina isaanii addaan baasuuf hima keessa galchuu qabna. Afaan Oromoo keessatti jabinni sagalee jidduu hirira. Jalqabaafi dhuma jechaa Afaan Oromoo irratti sagaleen jabaachuu hin danda’u jedha.*

Yaada hayyuu kanaairraa kan hubatamu, jabinaafi laafina sagalee keessatti I dubbifamaa qofa irratti kan xiyyeeffatu ta’uu isaati. Kunis qubeen dubbifamaaa yeroo qeenxeen barreeffamu sagaleen kan laafu ta’uufi yeroo inni dacha ta’ee barreeffamu kan jabaatu ta’uu argina. Kunis kan hubachiisu, barreeffamni keenya haala kana kan hin hordofne taanaan ergaa dabarsuuf yaadame sana jal’isuu kan danda’u ta’uu isaati.

Yaata’u malee garuu, beeksisootni waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa magaalaa Ogolchoo keessatti maxxanfamanii argaman faallaa saayinsii armaan olii kanaa kan ta’aniidha. Mee dogoggora haala qubeessuu jechoota waraabbii beeksisootaa keessaa fudhatamanii xiinxalaman gabatee armaan gadii keessatti fudhannee yaa ilaallu. Kunis, akkaataa galumsa barreeffamichaatiin xiinxalamuun kan taasifameedha.

**Gabatee 3. Dogongora dubbifamtoota jabeessu dhabuu irratti mul'atu.**

| Lak. | Dogoggora dubbifamtoota jabeessuu dhabuu irratti mul'atu | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Dogoggoricha | Maqaa Waajjiraalee dogongora uumee | Guyyaa Beeksisni bahe | Kan ta'uu qabu |
| 1 | banana | Waajjira Barnootaa | 13/06/2012 | baannan |
| 2 | fudhatan | " " | 29/05/2012 | fudhattan |
| 3 | 2faa | " " | 03/02/2012 | 2[ffaa] |
| 4 | haalii | " " | 30/03/2012 | haalli |
| 5 | calalii | " " | " " " | calallii |
| 6 | dorgomii | W/P/S/Q/N/A/Z/D | 26/09/2012 | dorgommii |
| 7 | hawaasummaa | " " " | " " " | hawaassummaa |
| 8 | keessumeessinee | " " " | 27/09/2012 | keessummeessinee |
| 9 | hirmaatan | Waajjira Aadaafi Tuurizimii | 05/01/2012 | hirmaattan |
| 10 | Ayaani | " " " | " " " | ayyaanni |
| 11 | Ayyaanichi | " " " | " " " | ayyaannichi |
| 12 | dhiyeefatan | W/I/F/L/B/A/Z/D | 13/08/2012 | dhiyeeffattan |
| 13 | dhiyyeeffatan | " " " | " " " | dhiyeeffattan |
| 14 | koronona | " " " | 08/07/2012 | koronnaa |
| 15 | jira | " " " | " " " | jirra |
| 16 | hojjatoota | W/M/W/D/A/Z/D | 09/10/2012 | hojjattoota |
| 17 | fudhatanii | W/B/M/O/A/Z/D | 28/09/2012 | fudhattanii |
| 18 | gubati | " " " | " " " | gubbaatti |
| 19 | uumachuuf | " " " | " " " | uummachuuf |
| 20 | dhiyeefatani | " " " | 17/09/2012 | dhiyeeffattani |
| 21 | qabatanii | W/W/L/Q/O | 16/062012 | qabattanii |
| 22 | dhiyaatan | " " " | " " " | dhiyaattan |
| 23 | ayaani | Waajjira Aadaafi Tuurizimii | 05/01/2012 | ayyaanni |
| 24 | qacarii | Waajjira Barnootaa | 30/03/2012 | qacarrii |
| 25 | waajira | W/M/W/D/A/Z/D | 09/10/2012 | waajjira |


Dogoggorri sagalee dubbifamtootaa jabeessuu dhabuu irratti mul'ate % 6.75

Gabateen 3 kan agarsiisu, beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa aanaa Zuwaay Dugdaa keessatti jechootni osoo jabaatanii barreeffamuu qabanii, laafanii barraa'an dhibbentaa walii galaatin % 6.75 ta'ee, isaan keessaa waajjirri I'n iddoo 6tti irra deddeebi'uun dogoggora kana uumudhaan dhibbentaa walii galaa % 6.48 ture keessaa kophaa isaatti dogoggora % 1.62 ta'u uumee sadarkaa ol'aanaarra kan jiru yemmuu ta'u, sababni waajjirri kun dogongora

baay’ateef waraqaa beeksisaa 7 keessaa malee waajjirri kuun isarra fooyyee ta’anii miti. Warreen kaanis guddaa irraa gara xiqqaatti yemmuu tarreeffaman, waajjirri VI,iddoo 5tti,waajjiraalee VIIfi IX’n iddoo 4,4tti , waajjirri II’n iddoo 3, waajjirri X’n iddoo 2, waajjirri VIII’n iddoo 1tti,yemmuu dogongora dubbifamtoota jabaachuu qaban jabeessuu dhabuu kana uumudhaan mul’atanii jiru.

Haata’u malee waajjiraaleen III,IVfi V yeroof dogongorri dubbifamaa jabeessu dhabuu kan keessatti hinmul’anneedha. Waajjiraaleen kunniin waraqaan beeksisa isaanii xiqqoo waan ta’eefis ta’uu danda’a.

Beeksisa barreessuu keessatti qubeessuu, sirna tuqaalee, qubguddeessaafi caasluga afaan sanaaf xiyyeeffannoon hin godhamne taanaan, ergaan darbu dogongora isaatu haasa’ama. Ross (1988:270) xiyyeeffannoo beeksisa waajjiraaleef taasifamuu qabu ilaalchisee yoo ibsu, “Before you begin to write abusiness announcement, it is agood idea to think about what you want to say,”jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, beeksisa tokko yemmuu barreessinu dursinee waa’ee wanta barreessuuf jennu sanaa itti yaaduu akka qabnuudha. Qaaccessa armaan gaditti taasifame hordofuun irruma caalaatti cimsuuf gaariidha Beekisisa waajjirri Bulchiinsaafi Itti fayyadam Lafaa guyyaa13/08/2012 baase keessa kan fudhatame waraabbii armaan gadii keessa yaa ilaallu.



Guyyaa 13/08/2012

**Beeksisa Waamicha 3FFAA**

**Obbo Amaan Hajjii tiif**

**B/jiranitti**

Kunis obbo Amaan Hajjii hojjataa Waajjira BIFLB Aanaa Z/dugdaa hojjataa ogeessa lafaa ganda Q/Booraraa taatanii hojjataa akka turtaan ni beekama. haata’u malee yeroo guyyaa 1-16/7/2012 irraa hojii idilee keessan irraa sababa hin beekkamneen hojii keessan irratti hin argamne.

Ta’us sababa hojii irraa dhabamtaniif beeksisa 1ffaa irratti 1-16/7/2012 ragaa keessan akka dhiyeefatan ajajamtanis hin dhiyaanne. dabalataan hanga guyyaa 12/08/2012(guyyota hojii kudhan keessatti ragaa keessan qabattanni qaamaan akka dhiyaattan beeksisa 2ffaa isinitti baafnus hanga ammaa ragaan dhiyyeeffatan hin jiru

kanaafuu ammas yeroo isa dhumaatiif(beeksisa 3ffaa) Guyyaa **13/8/2012 -30/8/2012** tti ragaa keessan yoo hin dhiyeeffatin waajjirichi murtee itti aanutti kan deemu ta’uu isin beeksifna.

**Suura 3. Beeksisa W.I.F.L.A.Z.D.guyyaa13/08/2012 baase**

"……..ragaa keessan akka **dhiyeefatan** ajajamtanii….''jedha jechi luucceeffamee barreeffame kun,silaa tahuu kan qabu **dhiyeeffattan** tahuu mala.Sababa dubbifamaa /f/fi /t/'n hafteef hiika ramaddii ramaddii 2ffaan ibsamuu qabu san gadi dhiisudhaan ramaddii 3ffaatiin ibsameera.Beeksisuma armaan olii kana keessatti, "…hanga ammaa ragaan **dhiyyeeffatan** hinjiru…." jedhee jira.Kunis sababa dubbifamaa /y/'n jabaateefi dubbifamaa /t/'n laafef hiika **dhiyeeffattan** kan ramaddii 2ffaan ibsamu ramaddii 3ffaan ibsamee hiika jijjiire jira.

Walumaa galatti, hanqinni gama rakkoo kanaatiin beeksisoota kana keessatti mul'ate ergaa inni jallisuu, miidhuufi balleessuu danda'u yoo ilaalle rakkoo ulfaataa ta'uu isaatu hubatame

**Gabatee 4. Dogongora dubbifamtoota laaffisuu dhabuu irratti mul'atu.**

| Lak. | Dogongora dubbifamtoota laaffisuu dhabuu irratti mul'atu | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Dogoggoricha | Maqaa Waajjira dogongora uumee | Guyyaa Beeksisni bahe | Kan ta'uu qabu |
| 1 | keessaniittiin | Waajjira Barnootaa | 30/03/2012 | Keessaniitiin |
| 2 | Go'wssotaa | " " | " " " | Ga'eesotaa |
| 3 | firrii | " " | " " " | firii |
| 4 | saa'atti | " " | " " " | sa'aatii |
| 5 | ummaatiif | W/P/S/Q/N/A/Z/D | 29/09/2012 | uumaatiif |
| 6 | dhiyeessitan | Waajjira Misooma Gabaa | 03/02/2012 | dhiyeesitan |
| 7 | dhiyeessine | " " " | " " " | dhiyeesine |
| 8 | dhiyyeeffatan | W/I/F/L/B/A/Z/ | 13/08/2012 | dhiyeeffattan |
| 9 | jirra | " " " | 08/07/2012 | jira |
| 10 | maddaalliin | W/M/W/D/A/Z/D | 09/10/2012 | madaalliin |
| 11 | beekkamaa | " " " | 27/09/2012 | beekama |
| 12 | dhiyyeeffattanii | W/W/L/Q/O | 20/04/2020/12 | dhiyeeffattanii |
| 13 | Ga'eewssotaa | Waajjira Barnootaa | 06/04/2012 | Ga'eesotaa |
| 14 | Firrii | " " " | " " " | Firii |
| 15 | sa'aattii | " " " | " " " | sa'aatii |

Dhibbentaan dubbifamtoota laafuu qaban laaffisuu dhabuun mul'ate % 4.05

Gabatee kana irraa akka hubachuun danda'amutti, beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa armaan olitti qaacceffaman kanneen keessatti jechootni osoo laafanii barraa'uu qabanii jabaatanii kan barraa'an % 4.05 ta'ee, isaan keessaa immoo, waajjirri irra caalmaadhaan iddoo 7tti rakkoo kana mul'ise waajjira I'ti. Waajjirri kun dhibbentaa hanqina gama kanaan mul'ate %4.05 keessaa dhuunfaa isaatti % 1.89 qabatee jira. Itti aansudhaan tartiibaan yoo

ilaalle, waajiraaleen IV,VIIfi VIII’n iddoo 2,2tti, waajirri II’nfi waajjirri ‘X’ iddoo 1,1tti, hanqina kana mul’isuudhaan sadarkaa walduraa duubaa qabatanii jiru.

Haata’u malee waajjiraaleen III,V,VIfiIX yeroof dogongorri dubbifamaa laafuu qabu laaffisuu dhabuu kan keessatti hinmul’anneedha. Waajjiraaleen kunniin waraqaan beeksisa isaanii xiqqoo waan ta’eefis ta’uu danda’a

#### 4.1.1.3. Hanqina Itti Fayyadama Qub-guddeessaa

Sakkata’a barruu keessatti akkuma ibsamee ture, seera barreeffamoota keessatti eeggamuu qabu keessaa qubguddeessi isa ijoodha. Beeksisni tokko adeemsa seera barreeffama afaanichaa eegee barreeffamuu keessatti fayyadamni qubee guddaas ta’ee, kan qubeelee xixiqqaa beekuun iddoo ol’aanaa ta’e kan qabuudha.Yaada kana ilaalchisee Tafarii (2000:153) yoo ibsu, “Qubee gurguddaafi qubee xixiqqaa seera malee walkeessa makuun barreessuun sirrii miti. Jecha yookaan hima, akkasumas, yaada tokko yeroo barreessinu, seera barreeffama afaanichaa eegnee quboota gosa lamaanitti iyyuu seeraan gargaaramuu qabna.” jedha. Yaada kana irraayis kan hubatamuu qabu, qubeelee gurguddaatti kan gargaaramnu maqaafi haalawwan seera barreeffamichaa keessatti murteessoo ta’an irratti hundaa’uun ta’uu isaati. Yaata’u malee garuu, beeksisoota waajjiraalee armaan gadii keessatti jechootni ykn himootni qubee guddaan osoo jalqabuu qabanii, qubee xiqqaan jalqaban hedduutu jiru. Qoratichis fakkeenyota kanneen armaan gadii beeksisoota wajjiraalee kanneenii keessaa fudhatee dogoggoroota isaan ofkeessaa qaban akkaataa armaan gadiitiin gabatee keessatti dhiyeessee jira

**Gabatee 5. Hanqina itti fayyadama qub-guddeessatti fayyadamuu osoo qabanuu fayyadamuu dhabuu.**

| Lak. | Hanqina qub-guddeessatti fayyadamuu osoo qabanuu fayyadamuu dhabuu irratti mul’atu | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Dogoggoricha | Waajjiraalee dogongora uume | Guyyaa Beeksisni bahe | Kan ta’uu qabu |
| 1 | mana | Waajjira Barnootaa | 03/02/2012 | Mana |
| 2 | baay’ina | “ “ | “ “ “ | Baay’ina |
| 3 | gosa | “ “ | “ “ “ | Gosa |
| 4 | iddoo | “ “ | “ “ “ | Iddoo |
| 5 | namoonni | “ “ | “ “ “ | Namoonni |
| 6 | gosoota | “ “ | 30/03/2012 | Gosoota |
| 7 | hojii | “ “ | “ “ “ | Hojii |
| 8 | dagaagina | “ “ | “ “ “ | Dagaagina |
| 9 | oromoo | “ “ | “ “ “ | Oromoo |
| 10 | itiyophiyaa | W/P/S/Q/N/A/Z/D | 26/092012 | Itiyoophiyaa |
| 11 | waajjira | Waajjira Bulchiinsa | 30/08/2012 | Waajjira |
| 12 | bulchiinsa | “ “ | “ “ “ | Bulchiinsa |
| 13 | kutaa | W/M/WD/A/Z/D | 25/10/2012 | Kutaa |
| 14 | irreecha | Waajjira Aadaafi Tuurizimii | 05/01/2012 | Irreecha |
| 15 | irreecha | “ “ “ | “ “ “ | Irreecha |
| 16 | turiziimiitti | “ “ “ | “ “ “ | Tuurizimiitti |
| 17 | turizimii | “ “ “ | “ “ “ | Tuurizimii |
| 18 | z/dugdaa | W/I/F/L/B/A/Z/D | 13/08/2012 | Z/Dugdaa |
| 19 | haata’u | W/I/F/L/B/A/Z/D | 13/08/2012 | Haata’u |
| 20 | dabalataan | “ “ “ | “ “ “ | Dabalataan |
| 21 | sababa | W/W/A/L/Q/O | 20/04/2020/12 | Sababa |
| 22 | ogolchoo | “ “ “ | 15/12/2012 | Ogolchoo |
| 23 | wiixata | “ “ “ | “ “ “ | Wiixata |
| 24 | jimaata | “ “ “ | “ “ “ | Jimaata |
| 25 | oromoo | Waajjira Barnootaa | 06/04/2012 | Oromoo |
| 26 | sarvisii | W/P/S/Q/N/A/Z/D | 26/09/2012 | Sarvisii |
| 27 | misooma | “ “ “ | “ “ “ | Misooma |
| 28 | nama | “ “ “ | “ “ “ | Nama |
| 29 | komishinii | “ “ “ | “ “ “ | Komishiinii |
| 30 | guumruuka | “ “ “ | “ “ “ | Gumruuka |
| 31 | komishiniin | “ “ “ | “ “ “ | Komishiiniin |
| 32 | guumruuka | “ “ “ | “ “ “ | Gumruuka |
| 33 | itophiyaa | “ “ “ | “ “ “ | Itoophiyaa |
| 34 | guumruuka | “ “ “ | “ “ “ | Gumruuka |
| 35 | itoophiya | “ “ “ | “ “ “ | Itoophiyaa |
| 36 | gosoota | Waajjira Barnootaa | 06/04/2012 | Gosoota |
| 37 | hojii | “ “ | “ “ “ | Hojii |
| 38 | dagaagina | “ “ | “ “ “ | Dagaagina |
| 39 | aadaa | “ “ | “ “ “ | Aadaa |
| 40 | aadaa | “ “ | 30/03/2012 | Aadaa |

Dhibbeentaa hanqina itti fayyadama qub-guddeessatti fayyadamuu osoo qabanuu fayyadamuu dhabuu % 10.8

Gabatee kana irraa akka hubachuun danda'amutti, beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa armaan olitti qaacceffaman kanneen keessatti jechootni osoo qubee guddaan barraa'uu qabanii qubee xixiqqaan kan barraa'an % 10.8 ta'ee, isaan keessaa immoo, waajjirri irra caalmaadhaan iddoo 15tti rakkoo kana mul'ise waajjira I'ti. Waajjirri kun dhibbentaa hanqina gama kanaan mul'ate % 10.8 keessaa dhuunfaa isaatti % 4.05 qabatee jira. Itti aansudhaan tartiibaan yoo ilaalle, waajirri II'n iddoo 11tti, waajiraaleen VIfi X'n iddoo 4,4tti, waajjirri III' iddoo 2ttifi waajjirri VIII'iddoo 1 hanqina kana mul'isuudhaan sadarkaa walduraa duubaa qabatanii jiru.


Haata'u malee waajjiraaleen IV,Vfi IX yeroof hanqina itti fayyadama qub-guddeessatti fayyadamuu osoo qabanuu fayyadamuu dhabuu kan keessatti hinmul'anneedha. Waajjiraaleen kunniin waraqaan beeksisa isaanii xiqqoo waan ta'eefis ta'uu danda'a

Yaada kana kitaaba barataa kutaa 9 (2005:181) yemmuu ibsu "Qubeen Afaan Oromoo bakka lamatti qoodama:Qubee guddaafi xiqaadha.Isaan lamaan yemmuu barreeffaman akkasumaan walmakanii odoo hinta'iin seera barreeffamaa eeganiiti,qubee guddaafi xiqqaa seera malee walkeessa makuun sirrii miti." Akka yaada kitaaba kanatti qub-guddeessi bakkuma arginetti itti fayyadamuu osoo hintaane bakkee barbaachisutti seera isaanii barreessun akka barbaachisu agarsiisa.Qub-guddeessi bakki itti barbaachisu akka kitaaba barataa kutaa 9 (2005:181) yemmuu ibsu

…faayidaalee gurguddoo qub-guddeessaa:maqaa dhuunfaa,maqaa biiroo,manneen hojii mootummaa,waldoota,maqaalee biyyootaa,kutaalee biyyoota magaalaawwan, ardilee, laggeen, tulluuwwan, haroowwan, maqaa afaan tokkoof kenname, qubee jalqaba hima haarayaa,guyyoota torbanii ,ji'otta waggaafi ayyaanota beekamoofi jecha jalqaba mallattoo waraabbii keessa jiru.

Jedha.Akka yaada waraabbii kanaatti qubee guddaan eessattifi bakkamitti fayyadamuu akka qabanu nu hubachiisa.

Beeksisa Waajjirri P/S/Q/M/N/A/Z/D guyyaa 26/09/2012A.L.I baase keessaa kan fudhatame kana waraabbii armaan gadii keessatti yaa ilaallu.



LakkWPSMQN/1182/23/03

Guyyaa 26/09/2012

**Beeksisa Qacarrii**

**Waajjirrii Paaplik sarvisii fi Qabeenyaa misooma namaa A/Z/Dugdaa komishiini guumruuka itoophiyaa tiif human nama guutuuf qacarrii gaggeessuun barbaadan**

Akkaataa xalayaa lakk. 4/0827/12 guyyaa 12/09/2010 barreeffameen komishiiniin guumruuka itoophiyaa rinfoormii yeroo amma jalaqabame ittifursiisuu akka dnda'amu gumaa'insa haarawaa qoratee hojii irra oolchaa kan jiruufi guumruuka federaalawaa keessatti humna namaa haarawaa kana booda qacaramuu qaban ilaalchisee bakka bu'iinsa sabaa fi sablamoota mirkaneessuu karaa danda'amuun qacarrii gaggeessuu akka qabu murteessee jira.

Komishiiniin guumruuka itoophiya ulaagaa armaan gadi tarreedffame bu'uura godhachuun aanaa keenyaaf barattoota yuuniversiiti mootummaa fi mit- mootummaa keesssaa bara 2008 fi 2012 barnoota digrii jelqaba xumuranii carra hojii barbaadaniif kootaa nama lamaa kan kenne ta'auu isaa yaada keessa qalchuun namoota calallee akka erginuuf nu gaafataa jira.

**Ulaagaa Dorgomii**

7. Barattoota bara 2008 hangaa 2011 digrii jalqabaa xumuuran
8. Barattoota yuniivarsiitii mootummaafi mit- mootummaa kessaa ebbifaman
9. Baratoota qabxiin ittiin ebbiifaman Dhiraa 2.5 Dubarafi 2.2 fi isaa oli ta'e
10. Baratoota kaka'umsa hojii qabanii fi namuusa isaanitiin galateefataman
11. Damee Gumuruukaa hundatti ramadamanii hojjeechuuf fedhii kan qaban
12. Carraa kenname keessa % 50 Dubartootaaf kan kennamu ta'a.

**Gosaa Barnootaa**

Gosa barnootaa fi akaakuu barnootaa armaan gadi tarreefamee keessa digrii jalqatiin bara 2008 hanga 2011 yunivarsitii mootummaa fi mit- mootummaa keessaa kan ebbiifaman.

**I. Ebbifamtootaa saayinsii Hawaasa tif**

1 Accounting,
2 Accounting and finance
3 Banking and Finance
4 Public finance
5 Cooperative accounting and auditing
6 Economics
7 Development economics

**Suura 4.Beeksisa W.P.S.M.N.A.Z.D. guyyaa 26/09/2012 baase**

”Waajjirri Paablik sarvisii fi misooma namaa A/Z/Dugdaa komishiini guumruuka itoophiyaa tiif” jedha. Akkaataa barreeffama kanaa yoo ilaalle jechoota qubee jalqabaa diimeffamanii barreessaman yoo ilaalu qubee guddaan barreeffamuu osoo qabanuu qubee xiqqaan barreeffaman. Fuuluma beeksisa armaan olii kana irratti “….komishiiniin guumruuka itoophiyaa rinfoormii yeroo amma jalqabame ittifursiisuu akka danda’amu gurmaa’insa haarawaa qoratee hojii irra oolchaa kan jiruufi guumruuka federaalawaa keessatti …. Akkaataa barreeffama kanaa yoo ilaalle jechoota qubee jalqabaa diimeffamanii barreessaman yoo ilaalu qubee guddaan barreeffamuu osoo qabanuu qubee xiqqaan barreeffaman. Kun immoo akkuma armaan olitti ibsuuf yaalametti barreeffama tokko keessa qubee gudda kan fayyadamnu maqaa dhuunfaa, maqaa biyyaa, maqaa jaarmayaa qubee guddaan barreeffamuu qaba.

**Gabatee 6. Hanqina itti fayyadama qubee xiqqaatti fayyadamuu osoo qabanuu fayyadamuu dhabuu**

| Lak. | Hanqina qubee xiqqaatti fayyadamuu osoo qabanuu fayyadamuu dhabuu irratti mul'atu | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Dogoggoricha | Maqaa Waajjira dogongora uumee | Guyyaa Beeksisni bahee | Kan ta'uu qabu |
| 1 | Gabaasa | Waajjira Barnootaa | 16/03/2012 | gabaasa |
| 2 | Guyyaa | " " | " " " | guyyaa |
| 3 | Dhalataa | " " | 30/03/2012 | dhalataa |
| 4 | Angoo | Waajjira Misooma Gabaa | 25/05/2012 | aangoo |
| 5 | Beeyiladoota | " " " | " " " | beeyiladoota |
| 6 | Dhaabbii | " " " | " " " | dhaabbii |
| 7 | Fe'amanii | " " " | " " " | fe'amanii |
| 8 | Hundooftanii | " " " | " " " | hundooftanii |
| 9 | Beeyiladaa | " " " | " " " | beeyilada |
| 10 | Bittanii | " " " | " " " | bittanii |
| 11 | Gabaa | " " " | " " " | gabaa |
| 12 | Beyladoota | " " " | " " " | beeyiladoota |
| 13 | Unkaa | W/M/W/D/A/Z/D | 09/10/2012 | unkaa |
| 14 | Guyyaa | " " " | " " " | guyyaa |
| 15 | Kuta | " " " | " " " | kutaa |
| 16 | Namoonni | Waajjira Daldalaa | 17/09/2012 | namoonni |
| 17 | Galmee | " " | " " " | galmee |
| 18 | Gurgurtaa | " " | " " " | gurgurtaa |
| 19 | Qophaa'a | Waajjira Daldalaa | 17/09/2012 | qophaa'aa |
| 20 | Gatii | " " | " " " | gatii |
| 21 | Ta'uu | " " | " " " | ta'uu |
| 22 | Qophaa'ee | " " | 19/03/2012 | qophaa'ee |
| 23 | Yaalametti | Waajjira Misooma Gabaa | 25/05/2012 | yaalametti |
| 24 | Aanaa | Waajjira Aadaafi Tuurizimii | 05/01/2012 | aanaa |
| 25 | Ayyaanni | " " " | " " " | ayyaanni |
| 26 | Ayyaana | " " " | " " " | ayyaana |
| 27 | Hirmaatotonni | " " " | " " " | hirmaattonni |
| 28 | Ayyaanicha | " " " | " " " | ayyaanicha |
| 29 | Guyyaa | W/I/F/L/B/A/Z/D | 13/08/2012 | guyyaa |
| 30 | Biyyaatti | " " " | 08/07/2012 | biyyaatti |
| 31 | Naannootti | " " " | " " " | naannootti |
| 32 | Marsaa | W/M/W/D/A/Z/D | 09/102012 | marsaa |
| 33 | Hojjattoota | " " " | " " " | hojjattoota |
| 34 | Beekamu | " " " | 25/10/2012 | beekamu |
| 35 | Heerrega | " " " | " " " | heerrega |
| 36 | Waajjirri | " " " | ' " " | waajjirri |
| 37 | Waajjirrii | " " " | " " " | waajjirri |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 38 | Guyyaa | “ “ “ | “ “ “ | guyyaa |
| 39 | Beeksifni | “ “ “ | “ “ “ | beeksifni |
| 40 | Laakka’umsi | “ “ “ | 27/09/2012 | lakkaa’amsi |
| 41 | Waggatti | “ “ “ | “ “ “ | waggaatti |
| 42 | Uumachuu | Waaj.Bul.Magaalaa Ogolchoo | 28/09/2012 | uummachuu |
| 43 | Woldaaleen | “ “ “ “ | “ “ “ | woldaaleen |
| 44 | Heddun | “ “ “ “ | “ “ “ | hedduun |
| 45 | Guyyaa | “ “ “ “ | “ “ “ | guyyaa |
| 46 | Hojii | “ “ “ “ | 17/09/2012 | hojii |
| 47 | Hundinuu | “ “ “ “ | “ “ “ | hundinuu |
| 48 | Aanuuf | “ “ “ “ | “ “ “ | aanuuf |
| 49 | Idaa | “ “ “ “ | “ “ “ | idea |
| 50 | Beeksifna | “ “ “ “ | “ “ “ | beeksifna |
| 51 | Qaamaan | W/W/A/L/Q/O | 15/12/2012 | qaaman |
| 52 | Harkatti | “ “ “ | “ “ “ | harkatti |
| 53 | Dubara | “ “ “ | “ “ “ | dubara |
| 54 | Dhiyeeffachuu | “ “ “ | “ “ “ | dhiyeeffachuu |
| 55 | Galmee | “ “ “ | “ “ “ | galmee |
| 56 | Ganama | “ “ “ | “ “ “ | ganama |
| 57 | Qofa | “ “ “ | “ “ “ | qofa |
| 58 | Danda’uu | W/W/A/L/Q/O | 15/12/2012 | danda’u |
| 59 | Ganda | “ “ “ | “ “ “ | ganda |
| 60 | Qormaata | “ “ “ | “ “ “ | qormaata |
| 61 | Ganama | “ “ “ | “ “ “ | ganama |
| 62 | Kutaa | “ “ “ | “ “ “ | kutaa |

Dhibbeentaan hanqina itti fayyadama qubee xiqqaatti fayyadamuu osoo qabanuu fayyadamuu dhabuu %16.74

Gabatee kana irraa akka hubachuun danda’amutti, beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa armaan olitti qaacceffaman kanneen keessatti jechootni osoo qubee xiqqaan barraa’uu qabanii qubee guddaadhaan kan barraa’an % 16.74 ta’ee, isaan keessaa immoo, waajjirri irra caalmaadhaan iddoo 13tti rakkoo kana mul’ise waajjira VIII’ti. Waajjirri kun dhibbentaa hanqina gama kanaan mul’ate % 16.74 keessaa dhuunfaa isaatti % 3.51 qabatee jira. Itti aansudhaan tartiibaan yoo ilaalle, waajirri X’n iddoo 12tti, waajirri V’n iddoo 7 tti, waajjirri VI’ iddoo 5ttifi waajjiraaleen Ifi VII’iddoo 3,3tti hanqina kana mul’isuudhaan sadarkaa walduraa duubaa qabatanii jiru.

Haata'u malee waajjiraaleen IIfi III yeroof hanqina itti fayyadama qubee xiqqaatti fayyadamuu osoo qabanuu fayyadamuu dhabuu kan keessatti hinmul'anneedha. Waajjiraaleen kunniin waraqaan beeksisa isaanii xiqqoo waan ta'eefis ta'uu danda'a

#### 4.1.1.4. Hanqinoota Itti Fayyadama Irrabutaan Walqabatanii Mul'atan

Sagaleewwan irra butamuun barraa'uu qaban irra butuu dhabuun jecha tokko hiikaa dhabsiisuus ta'ee hiikaa jallisuu nidanda'a. Haata'u malee garuu, beeksisoota magaalaa Ogolchoo keessatti caasaan fayyadama Afaan Oromoo kun gama kanaanis cabee yemmuu mul'atu argina.

**Gabatee 7. Dogoggoroota gama fayyadama irra-butaatiin mul'ata**

| Lak. | Dogoggoroota gama fayyadama irra-butaatiin mul'ata | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Dogongora | Maqaa Waajjira gogongora uumee | Guyyaa Beeksisni bahe | Ta'uu kan qabu |
| 1 | traanskiriiptii | Waajjira Barnootaa | 30/03/2012 | tiraaniskiriiptii |
| 2 | traanskiriiptii | " " | " " " | tiraaniskiriiptii |
| 3 | traanskiriptii | Waajjira Barnootaa | 06/04/2012 | tiraaniskiriiptii |
| 4 | transkiripitti | " " | " " " | tiraaniskiriiptii |
| 5 | Bafattani | Waaj.Bul.Magaalaa Ogol. | 28/09/2012 | baafattan |
| 6 | Jaarkan | Waajjira Daldalaa | 17/09 2012 | jaarikaanii |
| 7 | Jaarkaan | " " | " " " | jaarikaanii |

Dhibbeentaan dogongora gama fayyadama irra-butaatiin mul'atu % 1.89

Gabatee kana irraa akka hubachuun danda'amutti, beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa armaan olitti qaacceffaman kanneen keessatti dogongora gama itti fayyadama irra-butaatiin mul'atu % 1.89 ta'ee, isaan keessaa immoo, waajjirri I' irra caalmaadhaan iddoo 4tti rakkoo kana mul'iseedha. Waajjirri kun dhibbentaa hanqina gama kanaan mul'ate % 1.89 keessaa dhuunfaa isaanitti % 1.08 qabatee jira. Itti aansudhaan yoo ilaalle, waajirri V'n iddoo 2tti,dogondorri kun mul'atee jira.Sadaffaarra waajjirri IX' iddoo 1tti ,dogongorri kun uumamee jira.Waajjiraalen hafan dogongorri kun kan keessatti hin mul'aneedha.

#### 4.1.1.5. Hanqinoota Itti Fayyadama Hudhaa Irratti Mul'atan (')

Hudhaan (') qubee Afaan Oromoo keessaa akka dubbifamaa tokkootti kan ilaalamu ta'uu nimirkaneessu (Abarraa, 1995; Addunyaa, 2012). Kanumaan walqabsiisuun, hudhaan Afaan Oromoo keessatti iddoo garaagaraatti tajaajilaaf kan ooluu danda'u ta'uu lafa kaa'u. Kanniin keessaa dubbachiistuu gosti tokko lamaa ol ta'anii yoo walitti aananii dhufan, dubbachiistuu gosa addaddaa gidduu, dubbifamaafi dubbachiistuu gidduu galuun tajaajila. Hayyootni afaanii

hedduun hudhaan qubee Afaan Oromoo keessaa akka dubbifamaa tokkootti kan ilaallamu ta'uu ni mirkaneessu. Gabaabumatti, bakka hafuurri sombaa bahu qoonqoo irratti addaan citu galuun tajaajila kenna. Haata'u malee, gabatee armaan gadii kana keessatti fayyadamni hudhaa yeroo dhabamu ykn iddoo isaaf hin malletti galuun yemmuu tajaajilu argina.

**Gabatee 8.Hanqina itti fayyadama sagalee hudhaa irratti mul'atu.**

| Lakk. | Hanqina itti fayyadama sagalee hudhaa irratti mul'atu. | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Dogoggora uumame | Maqaa Waajjira dogongora uume | Guyyaa Beeksisni bahe | Kan ta`uu qabu |
| 1 | Dugdaa'aa | Waajjira Barnootaa | 03/02/2012 | Dugdaa |
| 2 | ta'auu | W/P/S/Q/N/A/Z/D | 26/09/2012 | ta'uu |
| 3 | bu;uura | Waajjira Daldalaa | 17/09/2012 | bu'uura |
| 4 | Baayinni | " " | " " " | baay'inni |
| 5 | Baayinni | " " | " " " | baay'inni |
| 6 | Doo'iishaa | Waajjira Aadaafi Tuurizimii | 05/01/2012 | Dooshaa |
| | Dhibbeentaan hanqina itti fayyadama sagalee hudhaa irratti mul'ate %1.62 | | | |

Akkuma gabatee 11ffaa irraa hubachuun danda'amutti, rakkoon fayyadama hudhaa kan beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa yemmuu ilaallamu % 1.62dha. Hanqina kanas irra caalaatti deddeebi'ee kan agarsiise waajjira V' yemmuu ta'u, innis iddoo 3tti (%0.81), waajjiraaleen I,IIfi VI'n iddoo 1,1tti (%0.27) kan uumaniifi ida'amni dhibbentaa hanqinoota kanaa % 1.62 ta'uu isaatu mirkanaa'ee mul'ata. Kunis, hangi isaa xiqqaatu iyyuu, rakkinichi jiraachuu isaa kan nuuf ibsu ta'ee, dhiibbaan inni dubbistoota biratti uumuu danda'u akka lakkoofsa asitti mul'ate kanaatti kan xiqqaatu miti.

### 4.1.1.6. Hanqina Dhamjechoota Hirkatoo Akka Ofdanda'ootti Fayyadamuu

Dhamjechoonni "fi, hin-,ni-,-tiif,-ttifi -tin" ulaagaalee hiikaa, caasaafi xinsagaa waan hinguunneef, kophaa ta'uun dhaabbattee barreeffamuu hindandeessu (Askale,1998:335). Hubachiisa: dhamjechootni (fi,hin-,ni-, -tiif,-ttifi-tin) gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatan kanneen barreeffama beeksisootaa qaacceffaman keessatti kophaa isaanii dhaabbachuun barraa'anii argamaniidha. Sababni qoratichi jarreen kana lakkoofsatti jijjiiruun iddoo isaan kophaa dhaabbachuun argamanii fudhateef immoo, barreeffama beeksisootaa sana hunda waraabee as kaa'uun qaaccessuun baay'ee rakkisaa waan ta'eefidha. Barbaachisaa taanaan raga kana dabalee Afi B jalatti ilaaluun ni danda'ama. Gabateen armaan gadiitis isuma kana nuuf mirkaneessa.

**Gabatee 9.Hanqina Dhamjechoota Hirkatoo Akka ofdanda'ootti Fayyadamuu**

| Lakk. | .Hanqina Dhamjechoota Hirkatoo Akka ofdanda'ootti Fayyadamuu | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Maqaa Waajjiraalee dogongoricha uuman | Dhamjechoota hirkatoo | Hanga mul'atan | Guyyaa Beeksisni bahe |
| 1 | Waajjira Barnootaa | =fi | 24 | 03/02-17/07/2012 |
| | | hin- | 4 | " " " " |
| | | -tiif | 4 | " " " " |
| | | -tti | 2 | " " " " |
| 2 | Waajjira Pabliik Sarviisiifi Misooma Qabeenya Namaa Aanaa Ziwaay Dugaa | =fi | 12 | 19/05-27/09/2012 |
| | | ni- | 2 | " " " |
| | | hin- | 5 | " " " |
| | | -tiif | 5 | " " " |
| | | -tti | 4 | " " " |
| 3 | Waajjira Bulchiinsa Aanaa Zuwaay Dugdaa | =fi | 2 | 30/08 – 06/09/2012 |
| | | Hin- | 4 | " " " |
| | | -tiif | 1 | " " " |
| | | -tti | 4 | " " " |
| 4 | Waajjira Misooma Gabaa Aanaa Zuwaay Dugdaa | =fi | 1 | 03/02/2012 |
| | | Ni- | 1 | 25/05/2012 |
| | | Hin- | 3 | 03/02 -25/05/2012 |
| | | -tiif | 1 | 03/02/2012 |
| | | -tin | 1 | 25/05/2012 |
| | | -tu | 1 | " " " |
| 5 | Waajjira Daldalaa Aanaa Zuwaay Dugdaa | =fi | 3 | 19/03 -17/09/2012 |
| | | Ni- | 1 | 17/09/2012 |
| 6 | Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Zuwaa Dugdaa | =fi | 6 | 05/01/2012 |
| | | Ni- | 1 | " " " |
| | | Hin- | 1 | " " " |
| | | -tiif | 1 | " " " |
| 7 | Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Zuwaay Dugdaa | =fi | 2 | 08/07 -13/08/2012 |
| | | ni- | 1 | 13/08/2012 |
| | | Hin- | 5 | 08/07 -13/08/2012 |
| | | -tiif | 1 | 13/08/2012 |
| | | -tti | 1 | " " " |
| | | -ffa | 2 | 08/07 -13/08/2012 |
| 8 | Waajjira.Maallaqaafi Walta'iinsa Dinagdee A/Z/D | ni- | 1 | 27/09/2012 |
| | | hin- | 1 | 25/10/2012 |
| 9 | Waajira Bulchiinsa Magaalaa Ogolchoo | =fi | 1 | 17/09/2012 |
| | | Ni- | 1 | 28/09/2012 |
| 10 | Waajjira Waldaa Aakisoona Liqiifi Qusannaa Oromiyaa Damee Ogolchoo | =fi | 2 | 15/12/2012 |
| | | Ni- | 1 | " " " |
| | | hin- | 3 | 20/04 -16/06/2012 |
| | | -tti | 3 | 20/04 -15/12/2012 |


Iddoowwan dhamjechootni hirkatoon akka of danda'ootti itti mul'atan 119 dha.

Dhibbentaan rakkoo gama kanaan mul'ate % 32.13

Akkuma gabatee armaan olii kana irraa hubachuun kan danda'amutti, beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa irraa funaannaman keessaa dhamjechoota hirkatoo akka ofdanda'oo gochuun kan barreessan % 32.13 ta'ee, kanneen keessaa waajjirri I'n irra deddeebi'uun iddoo 34tti ykn dhibbentaa % 9.18 ta'u dogoggora dhamjechoota hirkatoo akka ofdanda'ootti fayyadamuun barreessuu kana agarsiise jira.

Itti aanudhaan immoo, iddoo 28tti dogoggoruudhaan gama kanaan dhibbentaa lammaffaarra kan jiru waajjira 'II'ti. Innis dogoggora walii galatti uumame keessaa dhibbentaa %7.57 qabatee argama waan ta'eefi. Itti aansudhaan sadarkaa sadafaarra kan jiru waajjira 'VII'ti.Innis dogongora 12tti dogongora kan uumamefi dhibbeentaan %3.24 qabatee argama.Sadarkaa afraffaa waajjirri qabatee argame waajjira 'III'ti. Innis iddoo 11tti dogoggora kana mul'ise dhibbentaa isaani dogoggora walii gala irraa yemmuu ilaallamu %2.97 mul'isee jira. Akkasumas, tartiibni sadarkaa dogoggora kanaa guddaa irraa gara xiqqaatti yemmuu ilaallamu, waajjirri 'VI'nfi waajjirri 'X'n iddoo 9,9tti, waajjirri 'IV'n iddoo 8tti, waajjirri 'V'n iddoo 4tti, waajjirri 'VIII'nfi waajjirri 'IX'n iddoo 2,2ttidha.

Akka Askale (1998:329) daangaa jechootaa barreeffama Afaan Oromoo ilaalchisee akkana jetti, "In the Oromo written materials,word boundaries seem to be random and inserted at the whim of each writer," jetti. Akka yaada kanaatti, gareen jechaa tokko walitti dhufuumoo of danda'ee barreeffamuu qaba? Yaada jedhu murteessuuf ulaagaa hiikaa, caaslugaafi odeeffannoo xiinsagaa addaan baasanii beekuun barbaachisaadha. Ulaagaaa hiikaa kan jedhaman gareen jechaa tokko kophaa dhaabbatee ergaa dabarsuu danda'uu isaati. Walqabsiistuun 'fi' ulaagaalee hiikaa, caasaafi xiinsagaa waan hin guunneef, kophaa dhaabbattee barreeffamuu hin dandeessu. Yaa ta'u malee garuu , odeeffannoo gadii keessatti walqabsiistuun kun kophaa ishee of dandeessee kophaa ishee dhaabbattee barreeffamuun argina. Odeeffannoo gadii keessatti qofa osoo hintaane, kanneen duraan ibsi itti kennamee darbe tokko tokko keessatti illee dogoggorri kuni argamee jira.Beeksisa waajjirri P/S/Q/M/N/A/Z/Dguyyaa19/05/2012A.L.I.baase keessaa kan fudhatame kana waraabbii armaan gadii keessatti yaa ilaallu.



Lakk WPSMNA/887/23/0

Guyyaa 19/05/2012

**Beeksisaa Waamichaa 2ffaa**

**Obboo Sulxaan Kataboo tiif**

**B/J**

Dhimmii:- **Beeksisa waamicha 2ffaa ilaala.**

Akkuma mata duree irratti ibsametti beeksisa Guyyaa 27/04/2012 irraa eegalee hojii idilee keessan irraa argamuu dhabuu keessaniif beeksiisni 1ffaa guyyaa 8/05/2012 bahuun isaa ni beekama.

Haa ta'u malee, guyyoota hojii irratti hin argamiinif ragaa seera qabeessa qabachuudhaan hanga 18/05/2012 tti dhiyaachuu hin dandeenne.

Kanaafuu guyyoota hojii irratti hin argamiif ragaa seera qabeessa ta'e qabachuudhan hanga guyyaa 27 ji'a 05 bara 2012 tti kutaa hoggansaa qabeenya namaa biiroo lakk. 3 tti akka dhiyaattan yeroo isa dhumaatiif irra deebinee isin beeksiisaa, daangaa yeroo ibsamee keessatti raga keessan qabattaani hin dhiyaannee yoo ta'ee beeksisaa dabalataa malee hojii keessan irraa akka gaggeffamtan ta'uu isin cimsine isin beeksifna.

Nagaa Wajjiin

**Suuraa 5.Beeksisa W.P.S.M.N.A.Z.D. guyyaa 19/05/2012 baase**

"….guyyoota hojii irratti hin argamiinif raga seera qabeessa qabachuudhaan hanga 18/05/2012 tti dhiyaachuu hin danda'amne" jedha.Akkaataa barreeffama kanaa yemmuu ilaallu,dhamjechoonni jala sararaman jecha osoo hin taane akka jechaa ofdanda'anii akka kophaa isaanii dhaabbatan ta'ee jira.Ta'uu kan qabu garuu dhamjechoonni kunniin jechoota isaan cinaa jiranitti fuulduraan ykn duuban itti dabalamuu qabu.

## 4.2. Hanqinoota Itti Fayyadama Sirna Tuqaaleen Walqabatan

Boqonnaa lammaffaa keessatti barreeffamni tokko sirna tuqaaletiin alatti faayidaa kamiyyuu qabaachuu akka hindandeenye ibsamee ture. Ta'us garuu, beeksisoota ilaallaman keessatti

rakkooleen itti fayyadama sirna tuqaaletiin walqabatanii jiran hedduun mul’atanii jiru. Armaan gaditti yaa ilaallu:

### 4.2.1. Hanqinoota Itti Fayyadama Mallattoo Tuqaa (.)

Waa’ee itti fayyadama mallattoo tuqaa ilaalchisee Mirreessaa Amanuu (2014:165) yemmuu ibsu, “Tuqaan yaada ergaa guutuu dabarsee xumurame tokko agarsiisuuf akkasumas, jechoota gabaajessuufi kkf kan tajaajiluudha” jedhee ibsa. Kun akkuma jirutti ta’ee garuu, beeksisootni waajjiraalee garaa garaa magaalaa Ogolchoo keessatti, faallaa isa kanaatiin barraa’aniifi maxxanfamanii argamanii jiru.

**Gabatee 10. Iddoowwan hanqinni itti fayyadama mallattoo tuqaa itti mul’atan**

| Lakk. | Iddoowwan hanqinni itti fayyadama mallattoo tuqaa itti mul’atan | | |
|---|---|---|---|
| | Maqaa Waajjiraalee hanqina kana uuman | Hanga hanqinni tuqaa mul’ate | Guyyaa Beeksisni bahe |
| 1 | Waajjira Barnootaa | 16 | 03/02/-17/072012 |
| 2 | Waajjira P/S/M/Q/N | 2 | 26/09/2012 |
| 3 | Waajjira Misooma Gabaa | 1 | 25/05/2012 |
| 4 | Waajjira Daldalaa | 4 | 03/02-17/09/2012 |
| 5 | Waajjira Aadaafi Tuurizimii | 2 | 05/01/2012 |
| 6 | Waajjira M/W/D | 1 | 27/09/2012 |
| 7 | Waajjira W/A/L/Q/O | 14 | 20/04-15/12/2012 |

Dhibbentaan hanqina itti fayyadama tuqaa irratti mul’ate % 10.8 dha.

Akkuma olitti ibsamee turetti, gabatee armaan olii irraayis wanti hubatamuu danda’u, rakkoon fayyadama tuqaa irratti barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa Aanaa Zuwaay Dugdaa irraa funaannamanii qaacceffaman irratti mul’ate dhibbentaan yemmuu ilaallamu %10.8 ta’ee, waajjirri gama kanaan caalmaatti rakkoo ol’aanaa qabu, waajjirri I’n iddoo 16tti yookiin % 4.32, waajjirri X’n iddoo 14 (%3.78), waajjirri V’n iddoo 4tti (%1.08), waajirri ‘II’nfi waajjirri ‘VI’ iddoo 2,2tti (%0.54), waajjirri IV’nfi waajjirri VIII’ iddoo 1,1tti (%0.27), kan uuman ta’ee, beeksisni waajjira gama kanaan rakkoon irratti hinmul’anne waajjiraalee ‘III,VIIfi IX’ dha. Kunis akka qoratichi xiinxaletti, xiqqaachuu waraqaa beeksisa isaanii bu’ureeffachuu danda’a.Kan baay’ate immoo keessattuu kan waajjira’I’kanneenirra waan baay’atuufi.

### 4.2.2. Hanqinoota Itti Fayyadama Mallattoo Qoodduu (,)

Sirna tuqaalee keessa tokko kan ta'e, qoodduun hima keessatti jechoota ykn gaaleewwan tarree galanii hiriiran adda baasuuf , guyyaa barreesuuf, ciroowwan caasaan wal hingitne adda baasuuf, qabsiistota hima walqabsiisan booda, seensistoota hima walqabsiisan boodas akka galuu qabu hayyootni adda addaa ni eeru (Adduuyaa 2014fi Geetachoo 2003). Dhugaan gama saayinsiitiin jiru kanuma ta'us garuu, beeksisootni waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa magaalaa Ogolchoo yemmuu xiinxalaman, mallattoo qoodduutti haala saayinsii armaan olii kanaan dhimma bahuu dhabuun isaanii sakatta'a dookumantii beeksisootaa irratti taasifameen mul'atee jira. Gabateen armaan gadiitis yaaduma kana nuuf mirkaneessa. Hubachiisa: Gabatee kana keessatti ida'amni hanga dogoggoraa jedhee jiru kun kan ibsu, barreeffama beeksisootaa qaacceffaman keessatti iddoo meeqatti hanqinni fayyadama mallattoo qoodduu akka argame lakkaa'udhaan kan taa'edha. Kunis kan barbaachiseef immoo, barreeffamoota beeksisoota sanaa hunda waraabbii kana keessa kaa'udhaan ilaaluun rakkisaa ta'ee waan argameefidha. Hanqina itti fayyadama qoodduu cuunfaan gabatee keessa kaawwame kana mirkaneeffachuuf, waraqaa beeksisootaa qaacceffaman sanneen dabalee jalatti ilaaluun ni danda'ama.

**Gabatee 11. Iddoowwan hanqinni fayyadama mallattoo qoodduu itti mul'atan**


| Lakk. | Hanqinni fayyadama mallattoo qoodduu itti mul'atan | | |
|---|---|---|---|
| | Waajjiraalee itti fayyadama mallattoo qoodduu irratti dogoggora uuman | Hana iddoo hanqinni fayyadama qoodduu ittimul'ate | Guyyaa Beeksisni bahe |
| 1 | Waajjira Barnootaa | 52 | 03/02-17/07/2012 |
| 2 | Waajjira P/S/M/Q/N | 16 | 19/05 -27/09/2012 |
| 3 | Waajjira Bulchiinsa A/Z/D | 6 | 30/08 -06/09/2012 |
| 4 | Waajjira Misooma Gabaa | 4 | 03/02 -25/05/2012 |
| 5 | Waajjira Daldalaa | 15 | 19/03 -17/09/2012 |
| 6 | Waajjira Aadaafi Tuurizimii | 6 | 05/01/2012 |
| 7 | Waajjira I/F/L/B/A/Z/D | 6 | O8/07 -13/08/2012 |
| 8 | Waajjira M/W/D/A/Z/D | 4 | 27/09 -25/10/2012 |
| 9 | Waajjira B/M/O/A/Z/D | 6 | 27/09 -28/09/2012 |
| 10 | Waajjira W/A/L/Q/O/D/O | 4 | 20/04 -15/12/2012 |

Dhibbeentaahanqinni fayyadama mallattoo qoodduu itti mul'atan %32.13

Gabateen armaan olii kuni kan agarsiisu, beeksisoota waajjiraalee gama lachuutiin qaacceffaman kana keessatti hanqinni kun %32.13 ta'ee argamuun isaa rakkoon kuni bal'inaan barreeffama beeksisoota kanneenii keessatti deddeebi'ee kan argame ta'uu isaati. Akka gabatichaatti rakkoo

kana irra caalmaadhaan kan uumee mul’ate waajjira I’tti. Isaanis, iddoo 52 (%14.04), itti aansuun,waajjirri II’iddoo 16tti(%4.32), waajirri V’n iddoo 15tti (% 4.04), waajjiraaleen III,VI,VIIfi IX’n iddoo 6, (%1.62),waajjiraaleen IV’,VIIIfi X’n iddoo 4,4tti (% 1.08),kaan dogongorri qoodduu itti mul’ateedha.

Beeksisa Waajjirri Barnootaa guyyaa 30/03/2012A.L.I.baase keessaa kan fudhatame kana waraabbii armaan gadii keessatti yaa ilaallu.



Guyyaa 30/03/2012

**Beeksisa**

**Waajjira Barnoota A/Z/Dugdaa Jalattii Deeggarsa Dhaabbata Katolikii Maqii Damee Irraattii Haala Mijjeesitoota B/Noota A/Z/Dugda Waliin Ta’uun Gandoota Armaan Gadii Dhalataa Ganda Sana Kan Ta’e Dorgomsiisee Ga’eewssotaa Barsiisan koontiraataan Qaxaruu Barbaada**

**Kanaafuu,**

| | |
|---|---|
| 1.Golbee | 7.C/Jilaa |
| 2,U.W.Barrichaa | 8.K/ Boree |
| 3. Kiyyaanshoo | 9.Q/Booraraa |
| 4. Heeraraa | 10.A/Caffaa |
| 5.Gannalee | 11.D/Rarrattii |
| 6.Sanbarroo | 12M/Shanan |

yoo ta’uu ulaagalee dorgomuf barbaachisu

- 1.Afaan Oromoo sirritti dhaga’uu,dubbachuu,dubbisuuf barreessuu kan danda’an ta’uu qaba.
- 2.Firri traanskiriiptii gosa barnoota A/Oromoo,A/Ingiliffaa fi Herrega kuta 9-12 tokko tokkoo isaatiin g/galeessaan 50% fi isaa olii kan qaban .
- 3. gosoota barnoota A/Oromoo, A/Ingiliffaa fi Herregaan qabxii qormaata biyyooleessaa kutaa 12ffaa tiin yoo xiqqaate 50% qabaachuu qaba .
- 4.Umrii dorgomtootaa waggaa 17-35 ta’ee kan mirkanaa’uu, umrii kaardii kutaa 8ffaa irraatti galma’e ilaaluun ta’aa.
- 5.Dheerinni /hojjan/meetira 1.50 fi sana ol kan ta’an,
- 6. Dorgomuuf dhukkuba sammuu , sombaa, gaggabdoo, tutuqqaan dhibee daddarbu irraa bilisa kan ta’e,
- 7. hojii seektara barnootaaf jaalala fi fedhii kan qabu,
- 8. dagaagina aadaa oromoo fi barnoota lammii huundaaf jaalala fi ilaalcha gaarii kan qabu /du,
- 9.Ragaa sobaa/forjiidii/irraa bilisa kan ta’e dhiyyeefatu kan danda’an /haqamaaf laaqama /kan hin qabne,
- 10. qabxii transkiripittii kutaa 9-12 J/Galeessaa dub 55 % fi dhiiraaf 60% fi ol,
- 11.Qabxiin Qorumsa biyyooleessaa dub 125 fi isaa ol dhi 135 fi isaa ol .
- 12. Haalii qacarii koontiraataa,
- 13.Baay’inni nama 12/kudhaa lama,
- 14.Baay’inni Ji’oota 7/torba/,
- 15.Mindan ji’an 1500 /kuma tokkoof dhibbashan/,
- 16. Guyyaa galmee 29/3/2012 -3/4/2012,
- 17Guyyaa calalii fi qormaata 6/4/2012,
- 18.Iddo Galmee W/B Biiroo lakk.5 Adeemsa BAL fi M/H,

Yeroon galmee saa’attii hojii mootumma ganama 2:30 -6:30 w/booda 7:30 -11:30 yoo ta’u, yeroof guyyaa jedhame keessatti ragaa isin barbaachiisu qabattanii akka galmooftan isin beeksifna

*Hub.Ragaa orjinaalaa fi kooppii tokko saala hin filatu,*

Ragaa hojii dhabdummaa kan dhiyeeffatan.

Saala lachuu Dhalataa ganda sanaa kan ta’e /taatee fi waraqaa eenyummaa kan qabu /qabdu.

Nagaa Waajjin

Waajjira Barnoota

**Suuraa 6. Beeksisa Waajjirri Barnootaa guyyaa 30/03/2012 baase**

“ *….1.Afaan Oromoo sirritti dhagahuu__ dubbachuu__ dubbisuuf barreessuu kan danda’an ta’uu qaba*.” Jedha. Akkaataa barreeffama kanaa yoo ilaalle,iddoowwan sararaman sana qooddutuu galuu qabaa ture. Sababni isaa wanta tokko yemmuu tarreessinu qoodduu fayyadamuu qabnaayyu garruu sun hintaane.

Fuuluma beeksisa armaan olii kana irratti "…… *6. Dorgomuuf dhukkuba sammuu__ sombaa__ gaggabdoo__ tuttuqqaan dhibee daddarbu irraa bilisa kan ta'e__* …" jedha. Akkaataa barreeffama kanaa yoo ilaalle,iddoowwan sararaman sana qooddutuu galuu qabaa ture. Sababni isaa wanta tokko yemmuu tarreessinu qoodduu fayyadamuu qabnaayyu garruu sun hintaane.

**Gabatee 12. Cuunfaa qaaccessa ragaalee sakatta'a dookumeentii ibsu**

Gabateen kuni, cuunfaa dogoggoroota qorannoo kana keessatti qaacceffamanii mul'atanii hunda tartiiba guddaa irraa gara xiqqaatti jiruun ofkeessatti qabatee kan dhiyaatedha

| Cuunfaa Qaaccessa Dhibbentaa Dogoggora Qubeessuu Irratti Mul'ate Ibsu | | | | |
|---|---|---|---|---|
| Lakk. | Gosoota Dogongoraa | Hanga dogoggoroota beeksisoota keessatti mul'atanii | Baay'ina waraqaa beeksisootaa | Dhibben taan (%) |
| 1 | Iddoowwan hanqinni itti fayyadama mallattoo qoodduu itti mul'atan | 119 | 27 | %32.13 |
| 2 | Hanqina dhamjechoota hirkatoo akka ofdanda'ootti fayyadamuu | 119 | 27 | %32.13 |
| 3 | Hanqinoota dubbachiistota gabaabsuu dhabuu irratti mul'ate | 78 | 27 | %21.06 |
| 4 | Hanqinoota itti fayyadama qubee xiqqaatti fayyadamuu osoo qabnuu fayyadamuu dhabuu | 62 | 27 | %16.74 |
| 5 | Haqina itti fayyadama qub-guddeessatti fayyadamuu osoo qabanuu fayyadamuu dhabuu | 40 | 27 | %10.8 |
| 6 | Iddoowwan hanqinni itti fayyadama mallattoo tuqaa itti mul'ate | 40 | 27 | %10.8 |
| 7 | Hanqinoota dubbachiistota dheeressuu dhabuu irraa mul'ate | 39 | 27 | %10.53 |
| 8 | Dogongora dubbifamoota jabeessu dhabuu irratti mul'ate | 25 | 27 | %6.75 |
| 9 | Dogongora dubbifamtoota laaffisuu dhabuu irratti mul'atu | 15 | 27 | %4.05 |
| 10 | Dogongora gama fayyadama irra-butaatiin mul'atu | 7 | 27 | %1.89 |
| 11 | Hanqina itti fayyadama sagalee hudhaa irratti mul'atu | 6 | 27 | %1.62 |

Cuunfaan qaaccessa gabatee armaan olii keessatti dhiyaate kunis kan agarsiisu,iddoo hanqina itti fayyadama mallattoo qooddu % 32.13, dhamjechoota hirkatoo akka of danda'ootti fayyadamuu % 32.13, dubbachiistota gabaabsuu dhabuu % 21.06, hanqinoota itti fayyadama qubee xiqqaatti fayyadamuu osoo qabnuu fayyadamuu dhabuu % 16.74, , hanqina itti fayyadama qub-guddeessatti fayyadamuu osoo qabanuu fayyadamuu dhabuu %10.8 iddoowwan hanqinni itti fayyadama mallattoo tuqaa itti mul'ate %10.8,hanqinoota dubbachiistota dheeressuu dhabuu irraa mul'ate % 10.53, dogongora dubbifamoota jabeessu dhabuu irratti mul'ate % 6.75, dogongora dubbifamtoota laaffisuu dhabuu irratti mul'atu % 4.05, dogongora gama fayyadama irra-butaatin mul'atu % 1.89, hanqina itti fayyadama sagalee hudhaa irratti mul'atu % 1.62 ta'uu isaa kan agarsiisu ta'ee, walcaalmaan dogoggoroota kanaa akkaataadhuma guddaa irraa gara xiqqaatti tarraa'anii gabaticha keessa kaawwaman kana ta'ee, dogoggorri akka sadarkaa olaanaatti qaaccessa sakatta'a dookumantii kana keessatti adda bahee mul'ate hanqina fayyadama mallattoo qooddu fayyadamuuti. Tartiiba sadarkaa rakkoolee kanaa hubachuudhaaf gabateen armaan olii gahaadha.

Cuunfaadhumatti hanqinootni sakatta'a dookumantii kanaan qaacceffamanii mul'atan kunneen odeeffannoo qoratichi karaa afgaaffiitiin odeefkennitoota isaa irraa funaannateen kan walmirkaneessu ta'ee argamee jira.Yaada kanas, qaaccessa odeeffannoowwan afgaaffiin taasifame jalatti mirkaneeffachuun ni danda'ama.

## 4.3. Qaaccessa Odeeffannoowwan Af-gaaffii

Akkuma Boqonnaa 3ffaa jalatti ibsamuuf yaalametti, malli kuni gaafataafi gaafatamaan qaamaan walarguun, afaaniin odeeffannoo waljijjiiruun kan adeemsifamuudha. Waa'ee faayidaa mala kanaa ilaalchisees, Dastaa (2002: 84) yommuu ibsu, "Odeeffannoon afgaaffiin dhiyaatu yoo ifa hinta'in, qorataan keessa deebi'ee fooyyessuu danda'uufi odeefannoo kennitootni illee waan isaaniif hingalle gaafachuuf carraa qabaachuun isaanii meeshaa funaansa ragaa kana filatamaa isa taasisa"jedha. Qoratichis, haaluma kanaan, meeshaa funaansa ragaa kanaan odeeffannoo isaa yemmuu funaannate, gaaffilee bu'uraa shan qopheeffachuun raawwatee jira.

Odeeffannoon gama kanaan argames, gaaffilee bu'uraa qorannichaatiif deebii nilaata jedhamee abdatameeti. Odeeffannoon gama afgaaffitiin waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa irraa argamanis, mata dureedhuma kana jalatti, walduraa duubaan ibsa waliin dhiyaachuun qaacceffamanii jiru.

### 4.3.1. Xiinxala Afgaaffii Waajjiraalee Mootummaafi Mit-mootummaa

Qoratichi odeeffannoowwan karaa afgaaffiin waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa irraa funaannate hunda isaanii iyyuu, asjalatti, dursuun kan waajjiraalee mootummaa qaaccessuun itti fufuun immoo, kan waajjiraalee mit-mootummaa irraa funaannate jala jalatti qaaccessaa adeemee jira. Kunis kan filatameef, walfakkeenyaafi garaa garummaa hanqinoota qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee isaan qabanii walbira qabee walmadaalchisuun qaaccessaa adeemuu barbaadeeti. Odeeffannoowwan gama kanaan argaman hundi isaanii iyyuu akkaataadhuma kanaan qaacceffamanii dhiyaatanii jiru

#### 4.3.1.1 Rakkoolee Qubeessu Barreeffama Beeksisaa Keessatti Mudate

**Afgaaffii 1[ffaa],Hojjettoota waajjiraalee Mootummaaf dhiyaateefi Deebii argame**

Gaaffiin yemmuu beekisisoota waajjira keessan keessatti maxxanfaman hanqinaalee akkam akkamii qabu? jedhu hojjettota waajjiraalee mootummaa kanneen iddattoota filataman akka gaafataman ta’ee, odeefkennitootnis deebii isaanii yemmuu laatan, Isaanis:hanqina qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee yaada jedhu hundi isaanituu sagalee tokkoon irratti waliigalaniiru. Hanqina qubessuu yoo jennu:Sagaleewwan laafuu qaban laaffisuu dhabuu, jabeeffamuu kan qaban jabeessuu dhabuu, gabaabbachuu kan qaban gabaabsuu dhabuu, dheerachuu kan qaban dheeressuu dhabuu, fayyadama qubguddeessaa, hanqina seera gabaajessuutti dhimma bahuu dhabuu, kanneen irrabuta hintaane, osoo itti hin yaadiin irra-buta taasisuu, irra buta irratti jabeessuu. Akkasumas, mallattoo hudhaatti gargaarramuun hafee mallattoolee adda addaatiin bakka buusuun barreessuu, mallattoolee sirna tuqaaleetti seeraan gargaarramuu dadhabuufikkf hundi isaanii barreeffama beeksisaa keessatti yeroo baay’ee numuudachaa kan turaniifi har’as nu muudachaa kanneen jiran keessaa isaan hangafootaati jechuun ibsanii jiru

Kana malees,akka boqonnaa lama keessatti kaafame hanqina qubeessu akka Fedhaan (1999:85) ibsutti, *“Rakkoo barreessuu keessatti dhimma qubeessuun walqabatee mul`atu keessaa dheeressuu, gabaabsuu, laaffisuufi jabeessuun barreessuun isa tokkodha. Kunis haala hinbarbaachifneen yoo dheerate, gabaabbate, laafeefi jabaate ergaan barreeffamaa jallachuu yookiin yaada ergichi qabatee jiru gadi lakkisuu danda`a*” kana jechuun barreeffamichi ergaa barbaachiseef dabarsuurratti rakkoo qaba jedhama. Sakatta’iinsi dookumantiitis odeeffannoo odeef kennitootni kuni kennan kanaaf sirriitti mirkanaa’ee jira

**Afgaaffii 1ffaa, Hojjettota waajjiraalee mit-mootummaaf dhiyaateefi deebii argame**

Gaaffiin yemmuu beekisisoota waajjira keessan keessatti maxxanfaman hanqinaalee akkam akkamii qabu ? jedhu  hojjettoota waajjiraalee mit mootummaa kanneen iddattoon filatamaniif dhiyaatee jira.

Yaadni isaan kennanis, nuti yeroo baay'ee beeksisni kan bahu godiinaafi feederaalatti akka ta'e ibsanii,dabalataanis beeksisichi kan barreeffamu Afaan Amaarriffaafi Afaan Ingiliiffaa waan bahuuf hanqina qubeessuu Afaan Oromoo hubachuuf carraa bal'aa akka hinqabaannetti deebii naaf laatan.

Garuu akka waajjira isaanitti yemmuu baasan dogongorri hanqina qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee Afaan Oromoo akka jiru bal'inaan qorarataaf kaasanii jiru. Hanqina qubessuu yoo jennu:Sagaleewwan laafuu qaban laaffisuu dhabuu, jabeeffamuu kan qaban jabeessuu dhabuu, gabaabbachuu kan qaban gabaabsuu dhabuu, dheerachuu kan qaban dheeressuu dhabuu, fayyadama qubguddeessaa, hanqina seera gabaajessuutti dhimma bahuu dhabuu, kanneen irrabuta hintaane, osoo itti hin yaadiin irra-buta taasisuu, irra buta irratti jabeessuu. Akkasumas, mallattoo hudhaatti gargaarramuun hafee mallattoolee adda addaatiin bakka buusuun barreessuu, mallattoolee sirna tuqaaleetti seeraan gargaarramuu dadhabuufikkf hundi isaanii barreeffama beeksisaa keessatti yeroo baay'ee numuudachaa kan turaniifi har'as nu muudachaa kanneen jiran keessaa isaan hangafootaati jechuun ibsanii jiru.

**4.3.1.2. Madda Qulqullina Dhabuu Qubeessuu Barreeffama Beeksisootaa**

**Afgaaffii 2ffaa, Hojjettoota Waajjiraalee Mootummaaf dhiyaatefi Deebii Argame**

Gaaffiin haqina qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee qabdu yoo ta'e, ka'umsi rakkinichaa maal isinitti fakkaata?jedhu hojjeettoonni waajjiraalee mootummaa kanneen iddattoon filatamaniif dhiyaatee,yaada isaanii yemmuu ibsan akka armaan gadii tarreessanii jiru.Isaanis:hanqina dandeettii,xiyyeeffannaa kennuu dhabuu,osoo itti hinyaadin jarjaraan barreessuu,seera barreeffama Afaan Oromoo beekuu dhabuu,barsiisa gahumsa qabun barachuu dhabuu,kan beekisisa baasu dubbataa loqoda adda addaa ta'uu, iddoo sirni tuqaalee jiran barbaadanii itti galchaa adeemuu nuffuu, Shaakala gahaa taasisuu dhabuu irraa kan ka'een abdii kutachuun of fooyyessaa adeemuun dhabamuu, dhiibbaa kaarikulamii sirna baroota duraanii(kan Ihaadigii)sababa free promoshinii, leenjii dhimma kanaan walqabatee kennamu

dhabuu,hubannoo barreeffamaa dhabuufi k.k.f jedhu. Sakatta'iinsi dookumantiitis odeeffannoo odeef kennitootni kuni kennan kanaaf bareechee dhugaa ba'ee jira.

Kanaaf, waraqaalee beeksisootaa kanneen waajjiraalee garaa garaa irraa funaannamanii dhuma waraqaa qorannoo kanaatiin dabalee jala kaawwamanii argaman ilaaluun gaariidha. Walumaa galatti, wanti askeessatti hubatamuu qabu, rakkooleen armaan olitti odeefkennitootni kuni tarreessan kunneen dandeettii qulqullinaan jechoota Afaan Oromoo qubeessuun barreessuu isaanii miidhaa kan tureefi miidhaas kan jiru ta'uu isaati. Dabalee jalattis ilaaluun ni danda'ama.

**Afgaaffii 2ffaa, Hojjettoota Waajjiraalee Mit-mootummaaf dhiyaatefi Deebii Argame**

Haaluma walfakkaatuun, gaaffiidhumti armaan olii,hanqna qubeessu qabdu yoo ta'e,maddi rakkinichaa maal isinitti fakkaata?jedhu hojjettoonni waajjiraalee miti-mootummaa kanneen iddattoon filatamaniif dhiyaatee,yaada isaanii yemmuu ibsan akka armaan gadii tarreesanii jiru. Isaanis:beeksisni kan bahu Afaan Amaariffaafi Afaan Ingiliiffaa akka ta'e dubbatu.Kana malees akka tasaa yoo baasan namoonni beeksisa baasan dandeettii Afaan Oromoo waan hinqabaanneef hanqinaaleen waajjira mootummaa keessatti mul'atan,mit-mootummaa keessattis bal'inaan ml'atanii jiru.

**4.3.1.3. Miidhaa afaan irraan gahu.**

**Afgaaffii 3ffaa, Hojjettoota Waajjiraalee Mootummaaf dhiyaatefi Deebii Argame**

Gaaffiin Dogoggora qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee dhiibbaa maal maal qaba? jedhu hojjeettoonni waajjiraalee mootummaa kanneen iddattoon filatamaniif dhiyaatee,yaada isaanii yemmuu ibsan akka armaan gadii tarreessanii jiru.Isaanis: ergaa barbaadame dabarsuu dhiisuu,afaan akka quucaru taasisa,dhamsa dabsa,ergaa ni faallessa,hiika hin taane dabarsa,waan dabarsuu barbaade san hubatamuu dhabuu danda'a,hiika jechaa ni jijjiira,of ibsuu irratti rakkina cimaa fida,ergaa guutuu ta'e dabarsuu dhabuu,seerluga afaan sanii cabsa, qulqullina afaan sanaa xiqqeessa,dhaloota dhufuuf dogongora barsiisa,guddinaa afaanifi aadaa irratti dhiibbaa guddaa fida yaada jedhu qorataadhaf deebii laataniiru. sakatta`a dookimantii beeksisoota waajjiraalee mootummaa irraa argamanis yaaduma kana nuuf mirkaneessu

**Afgaaffii 3ffaa, Hojjettoota Waajjiraalee Mit-mootummaaf dhiyaatefi Deebii Argam**

Haaluma walfakkaatuun, gaaffiidhumti armaan olii Dogoggora qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee dhiibbaa maal maal qaba,? jedhu hojjettoonni waajjiraalee miti-mootummaa kanneen

iddattoon filatamaniif dhiyaatee,yaada isaanii yemmuu ibsan akka armaan gadii tarreesanii jiru. Isaanis: beeksisni kan bahu Afaan Amaariffaafi Afaan Ingiliiffaa akka ta’e dubbatu.Kana malees akka tasaa yoo baasan immoo deebii walfakkaataa hojjettota waajjira mootummaatiin kan ta’e qorataaf laatan. Innis: ergaa barbaadame dabarsuu dhiisuu,afaanakka quucaru taasisa,dhamsa dabsa,ergaa ni faallessa,hiika hin taane dabarsa,waan dabarsuu barbaade san hubatamuu dhabuu danda’a,hiika jechaa ni jijjiira,of ibsuu irratti rakkina cimaa fida,ergaa guutuu ta’e dabarsuu dhabuu,seerluga afaan sanii cabsa,qulqullina afaan sanaa xiqqeessa,dhaloota dhufuuf dogongora barsiisa,guddinaa afaanifi aadaa irratti dhiibbaa guddaa fida yaada jedhu qorataadhaf deebii laataniiru. Sakattaani dookumantii waraqaa beeksisa waajjiraalee isaanii irraa mul’atus yaada isaan kennan kana bareechee kan mirkaneessu waan ta’eef, dabalee beeksisoota waajjiraalee mit-mootummaa irraa funaannaman jedhu jalatti ilaaluun irruma caalaatti yaadicha nuuf ifoomsa.

#### 4.3.1.4. Hanqinaalee kanaaf fala kaa’ame

**Afgaaffii 4ffaa, Hojjettoota Waajjiraalee Mootummaaf dhiyaatefi Deebii Argame**

Gaaffiin Hanqinaalee dogoggoraan qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee kanneen akkamiin furamuun danda’ama? Jedhu hojjeettoonni waajjiraalee mootummaa kanneen iddattoon filatamaniif dhiyaatee,yaada isaanii yemmuu ibsan akka armaan gadii tarreessanii jiru.Isaanis:waajjirri tokko yemmuu hojjettoota isaa mindeessu dandeettii gurguddoo afaanii jechuunis: dhaggeefachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu danda’uu isaanii sirritti mirkaneeffachuu, kutaa gadi aanuu kaasee hanga leenjii barsiisotaatti barsiisonni barsiisan kan sirriitti afaan san beekaniifi dandeettii seerluga afaan sanii qaban ta’uu akka qaban, namoota hanqinaalee qubeessuu qaban kanneen leenjii gabaabaa laachufii, muuxannoo waliiqooduufi irra deddeebiin dubbisuun bakka hanqina qubeessuu qaban sirreessuu, tasgabbiifi xiyyeeffannoo kennuuni akka barreessan waljajjabeessuu, barsiisaa Afaan Oromoo barsiisan gara Waajjira Aadaafi Tuurizimiitti fiduun leenjii gabaabaa akka laatan gochuu, afaan waaltessuufi barattoota kutaa gara kutaa callisanii dabarsuu dhiisuu, barsiisota gahoomsuufi leenjii walirraa hincinne taasisuufi namoota dandeettiifi muuxannoo beeksisa barreessuu qabaniin osoo barreeffamee yaada jedhu qorataaf kennanii jiru.

**Afgaaffii 4ffaa, Hojjettoota Waajjiraalee Mit-mootummaaf dhiyaatefi Deebii Argam**

Haaluma walfakkaatuun, gaaffiidhumti armaan olii, Hanqinaalee dogoggoraan qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee kanneen akkamiin furamuun danda’ama? jedhu hojjettoonni waajjiraalee miti-mootummaa kanneen iddattoon filatamaniif dhiyaatee,yaada isaanii yemmuu ibsan akka armaan gadii tarreesanii jiru. Isaanis:akka waajjira mit-mootummaatti afaan hojii Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliffaa tahuun afee,Afaan Oromoo osoo ta’ee,hojjettaan waajjira mit-mootummaa yemmuu mindeeffaman ulaagan inni jalqabaafi tokkoffaan Afaan Oromoo dubbachuu, dhaggeeffachuu, dubbisuufi barreessuu danda’uu isaanii adda baafachuu,yemmuu beeksisa baasan hoggantootni mri’atanii baasuu akka qabaniifi yaadota waajjiraalee mootummaa keessatti ka’an kan mit-mootummaa keessattis haala walfakkaatun deebii qorataaf laatanii jiru.

# Boqonnaa Shan: Cuufaa, Argannoofi Yaada Furmaataa

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun qaaccessa qubeessuufi fayyyadama sirna tuqaalee barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi miti-mootummaa haala Godiina Arsii Aanaa Zuwaay Dugdaa irratti xiyyeeffatu kan geggeeffameedha. Mata duree kana irratti qorannoo kana geggeessuuf qoraticha kan kakaase, beeksisootni Afaan Oromootiin barreeffamanii magaalaa Ogolchoo iddoowwan garaa garaatti maxxanfamanii argamaa turan keessatti hanqinoota seera barreeffamaa qabaachuu isaanii argaafi dhaga'aa turuu isaati. Kana malees, qorannoowwan dhimma qubeessuun walqabatanii barraa'an dubbisuudhaan qoratichi mata-duree kana irratti qorannoo geggeessuuf kaka'umsa hedduu argatee jira.

Kaayyoon gooroon qorannoo kanaatis, Qaaccessa qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee barreefama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa aanaa Zuwaay Dugdaa keessa jiran xinxaluun furmaata kaa'uudha

Xiinxala qorannichaaf bu'uura waan ta'uuf yaada hayyoonni adda addaa barreffama mana hojii ilaalchisee barreessaniifi fayyadama afaaniitiin walqabatee jiru boqonnaa lama keessatti yaadrimee bal`aarraa gara dhiphaatti mataduree xixiqqaa jalatti qooduun qorannoo isaatiif lafe dugdaa taasisee jira.

Dabalataan, qoratichi malli ijoon qorannoo kana ittiin geggeesse mala makaadha. Mala kanatti gargaaramuudhaan odeeffannoo funaannatee ragaalees qaaccessee jira. Qoraannoo kana keessatti qoratichi madda ragaalee kan ta`uuf waajjiraalee aanaa ZuwaaDugdaa keessa jiran keessaa kaayyeffatee waajjiraalee mootummaa sagaliifi miti-mootummaa sadii filachuun achi keessaa namoota odeeffannoo kennuufii danda`an mala walmakaatiin filachuudhaan hoggantoota waajjiraalee 12 ta`anirraa odeeffannoo walitti qabatee ragaa qorannoo isaatii taasifatee jira. Adeemsuma kanaan, ragaalee sanadaafi afgaaffiin walitti funaanaman mala lakkoofsaafi ibsaatti gargaaramuun xiinxalee jira. Dabalataanis, ragaaleen funaanaman tartiiba gaaffilee bu`uuraafi kaayyoo gooreetiin xiinxalliin barbaachisu taasifamee jira. Xiinxallii taasifame kana keessattis dursa sakatta`a dookimantii taasisuun bu`aa achi keessatti argaman xiinxala afgaaffiitiin mirkaneeffamee jira.

## 5.2. Argannoo

Xiinxala taasifamerraa bu`aan qorannicha irraa argame haala gadiitiin gaaffilee dhiyaataniif deebii kennuudhaan tarreeffamee jira:

1. Akka argannoo qorataa kanaatti,hojjettoonni waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa beeksisoota irratti gara caalu dogongora qubeessufi sirna tuqaalee akka mul'atu mirkaneeffateera. Dabalataanis, qubeessuu keessatti sagalee dheerachuu qaban gabaabsuudhaan; sagalee gabaabbachuu qaban immoo dheeressanii barreessuun hiikni barreeffamichaa kan jallatu ta`uu bira ga`amee jira. Akkasumas, jechoota akkaataa seerri afaanichaa hineeyyamneen dubbifamaa adda addaa sadii walfaana hiriirsuudhaan jechoota keessatti kan ittifayyadaman ta`uu ifa baasee jira. Ijaarsa caasaa afaaniitiin walqabatee jechoonni hima keessatti iddoo tajaajila barbaachisaa ta`e kennuu danda`anitti galuu dhabuun barreeffamoota mana hojii keessaatti argamee jira.Ittifayyadama sagalee hudhaarratti hanqinni barreeffamoota hojjettoota mootummaa keessatti mul`atan, jechoonni sagalee hudhaa malee ijaaramuun hiika dhabeessa ta`uufi sagaleen kun akka waan dagatameettis barreeffama isaanii keessatti mul`atee jira. Dabalataan, jechoota afaan biroo barreeffama isaanii keessatti fayyadamuun hiika salphaatti hubatamuu malu ulfaataa taasisee argamee jira. Walumaagalatti, Afaan Oromoon barreessuu keessaatti hojjettoonni waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa mana hojii mootummaafi mit-imootummaa hanqinni isaanii qubeessuu, sirna-tuqaaleefi caasluga akka ta`aniifi isaan keessaa caalamaatti kan bal`inaan mula`atu „qubeessuu‟ akka ta`e qoratichi adda baasee jira.

2. Beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa maddi hanqina qubeessuu isaanii hanqina dandeettii ta'uufi beeksisa barreessaniif xiyyeeffannaa itti laatanii akka hin barreessine mirkaneeffateera.kana malees,barsiisaa gahuumsa qabun barachuu dhabuufi seera barreeffama Afaan Oromoo beekuu dhabuu hubateera.Akkasumas, osoo itti hinyaadin jarjaraan barreessuufi Shaakala gahaa taasisuu dhabuu irraa kan ka'een abdii kutachuun of fooyyessaa adeemuun dhabamuu mirkaneeffateera.Dabalataan,iddoo sirna tuqaalee jiran barbaadanii itti galchaa deemuu nuffuu,dhiibbaa kaarikulamii sitna barnoota duraanifi leenjin dhimma kanaan walqabatee kennamu akka hinjirre mirkaneeffateera.

3. Hojjettoota waajjiraalee mootummaafi mti-mootummaa miidha seera afaanii eeganii barreessuu dabuu ergaa barbaadame dabarsuu dhiisuufi dhamsa akka dabsu mirkaneeffateera.Kana malees, haalli kunimmoo, dhaloota dhufu dogongora barreessuu afaan saanii dhaalchisuu akka ta`e qoratichi mirkaneeffatee jira. Hanqinni barreessuun walqabate mana hojii mootummaafi mit-mootummaa keessatti irradeddeebi`ee kan mul`atu taanaan fayyadamni afaanii mana hojii rakkoo qaba jechuudha. Hanqinni kun immoo, waaltinaafi guddina afaanichaatiif gufuu ta`uufi afaan akka quucaru malu qoratichi eeree jira.

4. Hanqina beeksisa barreessuu qaban fooyyeffachuuf yaaliin hojjettoonni mootummaafi mit-mootummaa godhan laafaa ta`uufi beeksisa tokko barreessuuf shaakallii gahaa ta`e akka isaan hintaasifnellee qoratichi bira gahee jira. Dabalataanis, erga barreessanii booda gulaalliin isaan taasisan kan itti fufiinsa qabu osoo hintaane kan addaan ciccite ta`uu qoratichaan bira gahamee jira. Hanqinaalee kanneeniif furmaata jedhanii akka bu`aa xiinxalaatti kan argaman immoo yeroo yeroon ogummaa barreessuutiin ofhaaromsuun hojjettoota mootummaafi mit-mootummaarraa akka eegamu, beeksisni isaaniis xiyyeeffannoodhaan caasaafi afaan isaa gulaaluun barbaachisaa akka ta`e xiinxallii taasifameen adda baasuun danda`amee jira. Qaawa hanqina barreessuu isaan biratti mul`atu kana cufuudhaaf leenjii ogummaa barreessuutiin walqabatan yoo kennameef fudhachuuf fedha qabaachuusaanii akka falaatti eeruusaanii qoratichi eeree jira.

## 5.2. Yaada Furmaataa

Goolaba qorannoo kanaa bu`uura godhachuudhaan yaadni furmaataa akka armaan gadiitti keeyamee jira. Hanqinoota ogummaa beeksisa barreessuu hojjettoota mootummaafi mit-mootummaa mana hojii mootummaafi mit-mootummaa biratti mul`atan ilaalchisee qabxiilee bu`aa qorannichaa keessatti tarreeffamaniif furmaata ta`u jedhamanii kan yaadaman haala gadiitiin ka`amanii jiru:

- Afaan tokko afaan barreeffamaa ta’ee jira taanaan seera qubeessuu mataa isaa qaba. Afaan Oromoos qubeessuurratti seera mataa isa qaba. Kanaafuu, seera sana eeganii qubeessuun barbaachisaadha.

- ❖ Waajjiraaleen mootummaafi mit-mootummaa afaan kanaan dalagan hundi ga’umsa hojii hojjetan sanaa qofa utuu hintaane, afaan ittiin hojjetan irratti ga’umsi isaan qaban xiyyeeffannoon utuu itti kennamee gaarii ta’a. Kun yoo hojiirra oole,unka beeksisa isaanii keessatti jechoota yeroo qubeessan bakka sagaleen itti dheeratuufi gabaabbatu, jabaatuufi laafu, ittifayyadama qub-guddeessaafi fayyadama sirna tuqaalee akkasumas,qabiyyeen itti fayyadama caaslugaa hawaasni afaan kanaa eegee dubbatu hubannoo argata. Kanaafuu, ergaan beeksisa darbu walquunnamtii ifaa uumuuf, dhimma kana utuu hojiirra oolchanii ba’eessa ta’a.
- ❖ Hojjettootni waajjiraalee mootummaafi mitmootummaa hojii barreeffama beeksisaa garaagaraa keessatti jechoota adda addaa barreessuuf yoomessa sagaleen itti dheeratuufi itti gabaabbatu, akkasumas, yoomessa keessatti jabaachuu qabuufi keessatti laafuu qabu gargar baafachuun ofeeggannoo cimaan barreessuu, sirna tuqaalee Afaan Oromoo adda baasuun iddoo iddoo isaaniitti itti gargaaramuu,akkasumas,fayyadama qubguddeessaa ilaalchisee, jalqaba himootaafi jechoota barbaachisan, maqaalee adda addaafikkf ittiin jalqabuun seera barreeffamaa waan ta`eef, hojjettootni waajjiraalee mootummaafi mit mootummaa keessatti barreeffama beeksisootaa kana barreessan adeemsa kana hordofuun barreessuun gaarii ta’a.
- ❖ Qaamni barreeffama beeksisaa barreessu namoota ogummaa afaanichaatiin leenji’an ta’uu qabu. Kunis, Afaan Oromoo dubbachuu danda’uu qofaan osoo hintaane ittifayyadama caasaa afaanichaa irratti gahumsa qabaachuu waan barbaadufi. Hordoffiin cimaanis kan godhamuu qabu, qaamuma kanaan osoo ta’ee gaariidha.
- ❖ Gama waajjira mootummaatinis ta’ee, gama mitmootummaatiin hojjettootni haaraan waajjira tokkotti yemmuu qacaramuuf jedhan, ulaagaan madaallii gosa barnootaa ittiin barbaaddaman sanaa akkuma jirutti ta’ee, dandeettiiwwan afaanichaan qubeessuu dorgomaa sanaa irratti xiyyeeffachuun qacarriin osoo geggeeffamee filatamaadha.
- ❖ Hanqinoota gama qulqullina qubeessuutiin walqabatanii mul’atan kana hir’isuuf, yoo danda’ame, qaama dhimmi kuni ilaallatuun “sooftiweeriin” haala qubeessuu barreeffama Afaan Oromoo too’atu osoo qophaa’ee, gaarii ta’a jechuun qoratichi xiinxala yaada furmaataa isaa goolabee jira.

## Wabii


Addunyaa Barkeessaa.2011. *Akkamataa*: Yaadrimee qorannoo hujoo. Finfinnee: Efficient printing press

---------------------.2014. *Semmoo*:Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo.Finfinnee, Oromiyaa.

Agnes, M (ed) .2004. *Webster's new world large print dictionary* (4th ed .). Cleveland, Ohio: wiley Publishing Ltd

Andrzejewski, B. 1980. "*Some Observations on the Present Orthography for Oromo*." In the International Conference of Ethiopian Studies, Rotterdam, Balkema, 5th pp. 125-132.

Asafaa Tafarraa.2009.*Eelaa:*SeenaaOguma Oromoo:Finfinnee Oromiyaa.Far East Treading PLC.

Askale Lemma .1998. "*Some Points On Oromo Orthography*." In Interdisciplinary Seminar of the Institute of Ethiopian Studies (1st) N

Barnet, S. and Stubbs. 1980*. Barnets & stubbs's practical guide to writing(3rd ed.).* Boston: Little, Brown & company

Bovee, C. And Arens, W. 1989. *Contemporary Advertising*. Chicago: Irwin HomeWood, Illinois.

Byrne, D. 1988. *Teaching Writing Skill*. London: Longman: Language group limited.

Clark, L., Zimmer, K. And Tinervia, J. 1994. *Business English and Communication*, 8th ed. New York: Glencoe Mc Graw, Hill.

Collins . 2001. *Collins cobuild English dictionary for advanced learners* (3rd ed.). Glasgow: Harper Collins

Creswell .2009. *Research design: qualitative, quantitative and mixed research methodos approaches* (3rd ed.). Thousand Oaks, Calif.: Sage publication

Crystal, D. 1987. *The Cambridge encyclopedia of language*. Cambridge: Cambridge University Press

Dastaa Dassaalany.2002.*Bu'uura Qorannoo*, Yuunivarsitii Addis Ababaa:Finfinnee.

Fedhaan Nagaasaa.1999. *Bu'uraalee Barreeffama Afaan Oromoo*. Hidhata-II. Finfinnee: Dhaabbata mala quunnamtii giddu-galeessaa.

Fergus, M. 1983. *Spelling Improvement: a program for self instruction* (4th ed). Newyork: Mcgraw-Hill, Inc.

Gadaa Melbaa. 1988. *Oromia*: An introduction. Kartum Sudan.

Gay,L.R.Mills,G.E.and Airasian,p.2009.*Educatinal Research:Competncies for a nalysis and Appilication*.9thed.pearson education Inc.

Geetaachoo Rabbirraa. 2006. *Furtuu*: Seerluga Afaan Oromoo. Fifinnee: kuraz Intnl.

---------------------------- .2009. *Furtuu:* seerluga Afaan Oromoo kutaa 9fi 10. Addis Ababa: Mega Publishing Interprise

Geettoo Dhufeeraa. 2012. "Rakkoo Dogongora Qubeessuu Afaan Oromoo": Haala hojjettoota waajjiraalee mootummaa aanaa baalee gaasaraa. AAU (unpublished).

Goshgarian, G. (Ed.). (2001). Exploring Language, 9th Ed. New York: Addison Wesley Educational Publishers, Inc.

Graagg. G. 1976. *Oromo of Wallaga in The Non Semitic Language Of Ethiopia*: Ed. Ml Bender, pp.166- 195. *East Lansing*. Michigan state university press.

Guta Kedida (1981). "An Analysis of Pattern of Spelling Error of Freshman Ethiopian" Students at Addis Ababa. Unpublished MA Thesis, Addis Ababa University.

Halliday, M.A.K. 1994. *An Introduction to Functional Grammar*. London: Edward Arnold.

Hamid Muude. 1995. *Hamid Muude's Oromo Dictionary,* Vol. 1. Atlanta: Sagalee Oromoo Publishing Inc.

Harmer, 1991. The Practice of English Language Teaching: Longman, New edition , Printed in Malaysia.

Hodge, C. 2009. *How spelling errors impact your writingscores at helium*. From http:www.helium.com/knowledge/208030_spelling-errors-on-helium

Makuria Bulch (1994). "Onesmos Nasib"s Pioneering Contribution to Oromo Writing."Sweden. Uppsala Unpublished

Mirreessaa Amanuu . 2014 .*Qalbii*: Seerluga Oromoo. Finfinnee, Oromiyaa.

Misgaanuu Gulummaa.2011. *Kattaa*. Oogummaa barreessuu. Finfinnee Oromiyaa.

Nunan D, 1989. *Designing tasks for the classroom*. Cambridge. Cambridge university press.

Oliiqaa Girmaa.2018. "Qaaccessa Haala Qubeessuu Barreeffama Beeksisoota Waajjiraalee Mootummaafi Mitmootummaa:" Xiyyeeffannoon Aanaa Warra Jaarsoo Magaalaa Gohaatsiyoon. (Unpublished MA thesis).Addis Ababa;AAU.

Pincas, A. 1982. *Teaching English writing*. Oxford: Oxford university press.

Raimes Ann. 1983. *Techniques in Teaching writing*. Oxford: Oxford university press.

Reece–Myron, M. (1998). *The Advantages of Outdoor Advertising*. The Denver Business Journal.

Robert W.Bly, .2004. *Letter Writing Handbook*: By Wiley publishing, Inc., Indianapolis.Indiana.

Sarantakos,S .2005. *Social research* (3rd ed.). Hound mills: Palgrave MacMillan

Sampson, J. A. and Weiner .1989. *The oxford English dictionary* (2nd ed.). Clarendon: Oxford University Press

Sharon l. Pywell .1994. *Writing that works*. Business one IRWIN/ MIRROR press. New York

Tafarii Ayyaanaa .1998. *Afaan Oromoo kutaa 7-10*. Aster Nega Publishing Interprise.

Tamasgen Nagaasaa.1992. "*Qubee*." Wiirtuu : barruulee waaltina Afaan Oromoo (jil. 5ffaa). Finfinnee: Mana Maxxansaa Komershaal.

Taylor, C., Franke, G., & Bang, H. 2006. "*Use And Effectiveness Of Billboards: Perspectives From Selective perception*." Theory and Retail-Gravity Model Journal of Advertising.

Tesfaye Abebe. 1991. "Teaching writing in grade eleven the existing practice versus the controlled and the guided method." (Unpublished MA thesis).Addis Ababa;AAU.

Tilahun Gamta .1994. *Qubee Afaan Oromoo*. From www.africa.upenn.edu/hornet/Afaan-oromo-19777.hml

Williams, D. 1987. Teaching English in the primary school. Nairobi: Evans Brothers Publisher Ltd

Zalalam Amantee 2010. “Xiinxala fayyadama Afaan Oromoo:” Beeksisoota Taappeellaa Magaalaa Adaamaa. Unpublished MA Thesis, Addis Ababa University.

Zawuduu Xilaahun.2016. “Qaaccessa Barreeffamoota Hojjettoota Mootummaa Waajjiraalee Mootummaa:” Godina Arsii Aanaa Collee.( Unpublished MA Thesis), Addis Ababa University.

ዳንኤል ቢረሃኑ ተሾመ፡2007፡ የማስታወቅያ መሰረታዊ መርሖዎች ቅፅ 2፡ ርሆቦት ኃላ/የተ/የግ/ማ፡ አድስ አበባ፡ እትዮጵያ፡

## DABALEE “A”

## YUNIVERSITII FINFINNEE MUUMMEE

## AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKILOORII OROMOO

## KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII,

## JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI

Afgaaffii Hojjettoota Waajjiraalee Mootummaa Kanneen akka: Misooma Gabaa Aanaa Zuwaay Dugdaa,Waajjira Dhimma Hawaasummaa Aanaa Z/Dugdaa,Waajjira Maallaqaafi Walta’iinsa Dinagdee Aanaa Z/Dugdaa,Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Z/Dugdaa,Waajjira Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa AanaaZ/Dugdaa,Waajira Bulchiinsa Aanaa Z/Dugdaa,Waajjira Barnoota Aanaa Z/Dugdaa,Waajjira Bulchiinsa Magaalaa OgolchoofiWaajjira Koominikeeshinii Aanaa Z/Dugdaatiif Dhiyaate

Afgaaffiin kun qaaccessa barreeffamoota beeksisoota Waajjiraalee mootummaa irratti odeeffannoo funaannachuuf qophaa’edha. Kanaaf iyyuu, deebiin isin qorataa kanaaf kennitan fiixaan ba’iinsa qorannoo kanaatiif baay’ee murteessaa ta’uu isaa beektanii,amanamummaadhan odeeffannoo qulqulluu ta’e akka naaf kennitaniif jaalalaafi kabaja guddaadhanan isin gaafadha.

1. Beeksisoonni waajjira keessan keessatti maxxanfaman hanqinaalee akkam akkamii qabu?
2. Hanqina qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee qabu yoo ta’e ka’umsi isaa maal isinitti fakkaata?
3. Dogoggorri qubeessuufi fayyadamni sirna tuqaalee dhiibbaa maal qaba?
4. Hanqinaalee dogoggora qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee kanneen akkamiin furamuu danda’ama?

Galatooma !!!

**DABALEE “B”**

**YUNIVERSITII FINFINNEE MUUMMEE**

**AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKILOORII OROMOO**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII,**

**JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI**

Afgaaffii Hojjettoota Waajjiraalee Mit-mootummaa kanneen akka Waldaa kaatolikii,Waajjira WALQO,Waldaa CDA Dhiyaate

Afgaaffiin kun qaaccessa haala qubeessuu barreeffama beeksisoota Waajjiraalee mit-mootummaa irratti odeeffannoo funaannachuuf kan qophaa’edha. Kanaaf iyyuu,deebiin isin qorataa kanaaf kennitan fiixaan ba’iinsa qorannoo kanaatiif baay’ee murteessaa ta’uu isaa beektanii,amanamummaadhaan odeeffannoo qulqulluu ta’e akka naaf kennitaniif jaalalaafi kabaja guddaadhanan isin gaafadha.

1. Beeksisoonni waajjira keessan keessatti maxxanfaman hanqinaalee akkam akkamii qabu?
2. Hanqina qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee qabu yoo ta’e ka’umsi isaa maal isinitti fakkaata?
3. Dogoggorri qubeessuufi fayyadamni sirna tuqaalee dhiibbaa maal qaba?
4. Hanqinaalee dogoggora qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee kanneen akkamiin furamuu danda’ama?

Galatooma !!!

# DABALEE “C”

## YUNIVERSITII FINFINNEE MUUMMEE

## AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKILOORII OROMOO

## KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII,

## JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI

**Gabatee 13. Ragaa guutuu namoota afgaaffii irratti odeeffannoo qorataaf laatanii**

| T/L | **Maqaa Guutuu Iddattootaa** | **Saala** | **Umrii** | **Waajjira hojjetan** | **Guyyaa** |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Obbo Yohaannis Bariisoo | Dhi | 45 | Waajjira Barnoota | 18/09/2013 |
| 2 | Obbo Amaan Baarudaa | Dhi | 49 | W/P/S/H/N | 17/09/2013 |
| 3 | Obbo Huseen Quubsaa | dhi | 34 | Waajjira Bu/A/Z/D | 19/09/2013 |
| 4 | Adde Asteer Balaxxaa | Dub | 34 | Waajjira M/G | 11/09/2013 |
| 5 | Adde Makidaa Eda’oo | Dub | 35 | Waajjira Daldalaa | 18/09/2013 |
| 6 | Adde Gannat Ashannaafi | Dub | 35 | Waajjira Aadaafi Tur. | 19/09/2013 |
| 7 | Obbo Habiib Bunee | Dhi | 37 | Waajjira Lafaa | 23/09/2013 |
| 8 | Obbo Geetachoo Jootee | Dhi | 50 | W/M/W/D | 16/09/2013 |
| 9 | Obbo Abubakar Curroo | Dhi | 55 | W/B/M/A/Z/D | 25/09/2013 |
| 10 | Obbo Amaan Jiruu | Dhi | 34 | WALQO | 16/09/2013 |
| 11 | Obbo Tamasgeen Siidaa | Dhi | 26 | Waldaa Kaatolikii | 11/09/2013 |
| 12 | Obbo Kiyaar Buusarii | Dhi | 45 | Waldaa CDA | 11/09/2013 |

# DABALEE “D”

YUNIVERSITII FINFINNEE MUUMMEE

AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKILOORII OROMOO

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII,

JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI

Waraqaa Beeksisoota Waajjiraalee Mootummaafi Mit-mootummaa

Dookumantiiwwan ykn waraqaaleen beeksisootaa fuula kanatti aananii mul`atan kunneen waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa qorannoon kun irratti geggeeffamen keessaa kan walitti qabamaniidha.Isaanis, qabatamaan haala qubeessuufi fayyadama sirna tuqaalee barreeffama beeksisoota waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa qaaccessuuf gahee guddaa kan qaban waan ta`aniif, ragaa ta’uudhaan dabalee kana keessatti maxxanfamanii dhiyaatanii jiru.Waraqaa beeksisootaa kana ilaalun immoo, qaaccessa taasifameefi argannoo irra gahame kana ni mirkaneessu. Isaaniis fuula kanatti aanuun dhiyaatanii jiru.

Guyyaa 03/02/2012

# BEEKSISA

Waajjirri Barnoota A/Z/Dugdaa haala riifoormii haarawaa hooggantoota mann[illegible] barnoota sad. 1ffaa fi sad. 2ffaa istaandardii bakkichaa guutan dorgomsiisee ramaduu barbaada.

Kanaafuu barsiisonni ulaagaa armaan gadii kaa'ame guutan guyyaa beeksiisni kun bahe irraa regaalee barbaachisan qabatanii, biiroo [illegible] fi galmaa'uu kan dandeessan yoo ta'u,

## ULAAGAALEEN

1. Mana barnoota sad. 1ffaaf barnoota digrii duraa kan :-eegale /eegalte.
2. mana barnoota sad.2ffaaf digrii 2'ffaa kan eegale /eegalte,
3. Saala .- lamaanuu ,
4. baay'ina D/Taa'aa sad. 1ffaa:- 25 ,
5. baay'ina dura taa'ota sad.2ffaa:- 4 , fi sup sad.2ffaa nama:- 1 ,
6. gosa barnoota manneen barnootaa keessatti kennamuun digrii duraa(digrii 2ffaa) kan eegale/eegalte ykn EDPM/ digrii duraa(digrii 2ffaa) kan eebbifame/ barnoota kan eegale/eegalte ,
7. iddoon hojii manneen barnootaa A/Z/Dugda'aa keessatti argaman kan riifoormiin bira hin gahin hunda keessatti.
8. Mindaan ka'uumsaa dura bu'oota sad. 1ffaa :-5304 fi I/A:- 4662 yoo ta'u sad.2ffaf immoo, mindaan dura taa'aa :- 7081 I/A/D/Taa'aa:- 6291 kan Sup.:- 7936 ,
9. Muuxannoon hojii yoo xiqqaate barsiisummaan waggaa shan (5) kan tajaajile/lte ta'ee, waldaa b/saa,muummeewwan,yuunit-liidarii,HGB fi qindeessaa gumiiwwaniitiin kan tajaajile/lte raga dhiheeffachuu kan danda'u/dandeettu.
10. Madaallii hojii kan walitti aanuu kan yeroo sadii (3) i/galeessan qabxii 75% kan qabu/bdu.
11. Guyyaan galmeen eegalu 04/02/2012-----10/02/2012 sa'aatii hojii qofatti.
12. Guyyaan calalliin gaggeeffamu 11/02/2012 .
13. Guyyaan qorumsi itti kennamu 12/02/2012 .
14. Ragaa barnootaa kooppii tokko tokko dhiheeffachuu kan danda'u.

Hub:- namoonni hanqina hoggansaatiin waggaa lamaa(2) as aangoo irraa bu'anii fi namoonni kanaan dura dorgomanii ramaddii didan dorgomuu hin danda'an

Iddoo ramaddii namni fudhachuu dide naamusaan kan gaafannu ta'uu ni ibsina.

• Iddoon Gamee Biiroo CRC Nadhii Gammadaa (M/Barumsa)

Mootummaa Naannoo Oromiyaati Bulchiinsa ... W/B/A/Z/D...

Supp. manneen Barnoota Sad. 2ffaa

Guyyaa 16/03/2012

# Beeksiisa

Hojjatoota Waajjira Keenya Hundaaf,

Guyyaa **17/03/2012** Gabaasa raawwii bobbaa waan jiruuf sa'a **2:30** irratti akka argamtan kabajaan isiin gaafachuu ta'a.

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Godina Arsiitti Waajjiraa Barnoota Aanaa Zuwaay Dugdaa

**Nagaa wajjin**

Guyyaa 30/03/2012

**Beeksisa**

**Waajjira Barnoota A/Z/Dugdaa Jalattii Deeggarsa Dhaabbata Katolikii Maqii Damee A/Z/Dugda Waliin Ta'uun Gandoota Armaan Gadii Irraattii Haala Mijjeesitoota B/Noota Ga'eewssotaa Barsiisan koontiraataan Dhalataa Ganda Sana Kan Ta'e Dorgomsiisee Qaxaruu Barbaada**

**Kanaafuu,**

1.Golbee
2,U.W.Barrichaa
3. Kiyyaanshoo
4. Heeraraa
5.Gannalee
6.Sanbarroo
7.C/Jilaa
8.K/ Boree
9.Q/Booraraa
10.A/Caffaa
11.D/Rarrattii
12M/Shanan

yoo ta'uu ulaagalee dorgomuf barbaachisu

- 1.Afaan Oromoo sirritti dhaga'uu dubbachuu dubbisuuf barreessuu kan danda'an ta'uu qaba.
- 2.Firri traanskiriiptii gosa barnoota A/Oromoo A/Ingiliffaa fi Herrega kuta 9-12 tokko tokkoo isaatiin g/galeessaan 50% fi isaa olii kan qaban .
- 3. gosoota barnoota A/Oromoo A/Ingiliffaa fi Herregaan qabxii qormaata biyyooleessaa kutaa 12ffaa tiin yoo xiqqaate 50% qabaachuu qaba .
- 4.Umrii dorgomtootaa waggaa 17-35 ta'ee kan mirkanaa'uu umrii kaardii kutaa 8ffaa irraatti galma'e ilaaluun ta'aa.
- 5.Dheerinni /hojjan/meetira 1.50 fi sana ol kan ta'an
- 6. Dorgomuuf dhukkuba sammuu sombaa gaggabdoo tutuqqaan dhibee daddarbu irraa bilisa kan ta'e
- 7. hojii seektara barnootaaf jaalala fi fedhii kan qabu
- 8. dagaagina aadaa oromoo fi barnoota lammii huundaaf jaalala fi ilaalcha gaarii kan qabu /du
- 9.Ragaa sobaa/forjiidii/irraa bilisa kan ta'e dhiyyeefatu kan danda'an /haqamaaf laaqama /kan hin qabne
- 10. qabxii transkiripittii kutaa 9-12 J/Galeessaa dub 55 % fi dhiiraaf 60% fi ol
- 11.Qabxiin Qorumsa biyyooleessaa dub 125 fi isaa ol dhi 135 fi isaa ol .
- 12. Haalii qacarii koontiraataa
- 13.Baay'inni nama 12/kudhaa lama
- 14.Baay'inni Ji'oota 7/torba/
- 15.Mindan ji'an 1500 /kuma tokkoof dhibbashan/
- 16. Guyyaa galmee 29/3/2012 -3/4/2012
- 17Guyyaa calalii fi qormaata 6/4/2012
- 18.Iddo Galmee W/B Biiroo lakk.5 Adeemsa BAL fi M/H

Yeroon galmee saa'attii hojii mootumma ganama 2:30 -6:30 w/booda 7:30 -11:30 yoo ta'u yeroof guyyaa jedhame keessatti ragaa isin barbaachiisu qabattanii akka galmooftan isin beeksifna

*Hub.Ragaa orjinaalaa fi kooppii tokko saala hin filatu*

Ragaa hojii dhabdummaa kan dhiyeeffatan.

Saala lachuu Dhalataa ganda sanaa kan ta'e /taatee fi waraqaa eenyummaa kan qabu /qabdu.

Nagaa Waajjin

Waajjira Barnoota

I Guyyaa _06/04/2012

# Beeksisa 2ffaa

**Waajjira Barnoota A/Z/Dugdaa Jalattii Deeggarsa Dhaavbbata Katolikii Maqii Damee A/Z/Dugda Waliin Ta'uun Gandoota Armaan Gadii Irraattii Haala Mijjeesitoota B/Noota Ga'eewssotaa Barsiisan koontiraataan Dhalataa Ganda Sana Kan Ta'e Dorgomsiisee Qaxaruu Barbaada .**

**Kanaafuu,**

**1 .Heeraraa 2 .Sanbarroo, 3 C/Jilaa 4 M/Shanan 5 Halloo.**

yoo ta'uu; **ulaagalee dorgomuf barbaachisu:-**

- 1.Afaan Oromoo sirritti dhaga'uu dubbachuu dubbisuuf barreessuu kan danda'an ta'uu qaba.
- 2.Firri traanskiriiptii gosa barnoota A/Oromoo A/Ingiliffaa fi Herrega kuta 9-12 tokko tokkoo isaatiin g/galeessaan 50% fi isaa olii kan qaban .
- 3. gosoota barnoota A/Oromoo A/Ingiliffaa fi Herregaan qabxii qormaata biyyooleessaa kutaa 12ffaa tiin yoo xiqqaate 50% qabaachuu qaba .
- 4.Umrii dorgomtootaa waggaa 17-35 ta'ee kan mirkanaa'uu umrii kaardii kutaa 8ffaa irraatti galma'e ilaaluun ta'aa.
- 5.Dheerinni /hojjan/meetira 1.50 fi sana ol kan ta'an,
- 6. Dorgomuuf dhukkuba sammuu, sombaa,gaggabdoo,tutuqqaan,dhibee daddarbu irraa bilisa kan ta'e,
- 7. hojii seektara barnootaaf jaalala fi fedhii kan qabu,
- 8. dagaagina aadaa oromoo fi barnoota lammii huundaaf jaalala fi ilaalcha gaarii kan qabu /du,
- 9.Ragaa sobaa/forjiidii/irraa bilisa kan ta'e dhiyyeefatu kan danda'an /haqamaaf laaqama /kan hin qabne,
- 10. qabxii transkiripittii kutaa 9-12 J/Galeessaa dub 55 % fi dhiiraaf 60% fi ol,
- 11.Qabxiin Qorumsa biyyooleessaa dub 125 fi isaa ol dhi 135 fi isaa ol .
- 12. Haalii qacarii koontiraataa,
- 13.Baay'inni nama 05/shan
- 14.Baay'inni Ji'oota 7/torba/,
- 15.Mindan ji'an 1500 /kuma tokkoof dhibbashan/,
- 16. Guyyaa galmee06/04/2012 -13/4/2012
- 17Guyyaa calalii 14/04/2012fi qormaata 16/04/2012,
- 18.Iddo Galmee W/B Biiroo lakk.5 Adeemsa BAL fi M/H,
- 19. Ragaa hojii dhabdummaa ganda sanaa kan dhiyeeffatu danda'u.
- 20. Saala adda hin baasu,
- 21 .Ragaa orjinaalaa fi kooppii tokko saala hin filatu,
- 22.Jiraataa ganda sanaa kan ta'ee fi waraqaa eenyummaa ganda sanaa kan qabu /qabdu .

## Hub.

Yeroon galmee saa'attii hojii mootumma ganama 2:30 -6:30 w/booda 7:30 -11:30 yoo ta'u, yeroof guyyaa jedhame keessatti ragaa isin barbaachiisu qabattanii akka galmooftan isin beeksifna.

Mootummaa Naannoo Oromiyaa Godina ... Waajjiraa Barnoota Aanaa Zuwaay Dugdaa

Nagaa Waajjin !

Waajjira Barnoota

Guyyaa BR-2/812/64/04/12

Guyyaa 29/05/2012

# BEEKSISA

Manneen Barnoota maqaan keessan armaan gaditti tarreeffame hundaaf

1. Mana Barumsa Sad. 1ffaa A/Qorii
2. Mana Barumsa Sad. 1ffaa B/Odaa
3. Mana Barumsa Sad. 1ffaa C/Burqituu
4. Mana Barumsa sad. 1ffaa Kochee
5. Mana Barumsa Sad. 1ffaa O/Tokkummaa
6. Mana Barumsa Sad. 1ffaa B/Dibbee
7. Mana Barumsa Sad. 1ffaa Bookaa
8. Mana Barumsa Sad. 1ffaa B/Korbeeyyii
9. Mana Barumsa Sad. 1ffaa Qunee fi
10. Mana Barumsa Sad. 1ffaa T/Togee

Manneen barnootaa maqaan keessaan armaan olitti tarreefame Kitaabbilee barataa gahee mana barumsa keessanii Waajjira Barnootaa Aanaa Z/Dugdaatii akka fudhattan gama suppārvaayzaroota CRC keessaniittiin isin beeksisuun ni yaadatama.

Haa ta'u malee manneen barnootaa kun kitaabbilee BBO irraa ergaman gahoo isaanii hanga ammaatti kan hin fudhatin ta'uu fi barattoonni tajaajila kitaabaa akka hin argannee godhaa kan jira ta'uu hubatamee jiraa.

Kanaafuu yeroo isa dhumaatiif kitaaba gahee keessan hanga **01/06/2012** tti akka fudhatan barattootaa hatattamaan akka raabsitan isin beeksisaa guyyaa jedhametti kan hin fudhannee yoo ta'e feedhii kan hin qabne ta'uu hubannee dabarsinee manneen barnootaa birootiif kan kenninu ta'uu isin beeksifna.

waajjira barnoota!

Lakk B.2/6/8/64/04/12

Guyyaa-13/06/2012

# BEEkSISAA

# 1ffaa

B/saa /stuuAbdallaa Jamaaloo tiif

**B/J**

**Dhimmi:-Ragaa haftee akka dhiyeefattan isin beeksisuu ilaala.**

Akkuma olitti ibsuuf yaalametti sababa m/barumsa keessaan hin beekneen guyyaa 2/6/2012hanga 13/6/2012hojii idilee irra dhabamuun keessan m/b xalayaa lakk 10/32/04/12 Guyyaa 13/06/2012nu beeksiseen jiru.

Haaluma kanaan sababa hafteen keessanii kan ibsu raga qabatamaa hanga guyyaa 27/06/2012 Biiroo 7 m/barumsaatti akka dhiyeefattan beeksisaa, ta'uu banana haala ittiin bulmaataan tarkaanfiin barbaachisaan kan isin irratti fudhatamu ata'uu cimsinee isin beeksifna.

Nagaa Wajjiin!

**G/G**

- Waajjira Barnootaa A/Z/Dugdaa tiif
- Misoomaa B/sootaa tiif

**Ogolchoo**

Lakk. Br-2/760/64/04/12

Guyyaa 17/07/2012

# BEEKSISA

Manneen Barnoota Aanaa Keenyaa Hundaaf

Kitaabbileen Herrega kutaa 1-3, Herrega kutaa 7, BLAG kutaa 6 fi kutaa 8 akkasumas Qajeelcha Barsiisaa gosa barnoota adda addaa waan dhufeef hanga guyyaa 25/07/2012tti gahoo keessan waajjira Barnoota A/Z/Dugdaatii akka fudhattan cimsinee isin beeksifna.

Mootummaa Naannoo Oromiyaa Godina Arsii Lixaa Waajjiraa Barnoota Aanaa Ziwaay Dugdaa

Waajjira Barnootaa!

LakkWPSMQN/1182/23/03

Guyyaa 26/09/2012

# Beeksisa Qacarrii

## Waajjirrii Paaplik sarvisii fi Qabeenyaa misooma namaa A/Z/Dugdaa

## komishiini guumruuka itoophiyaa tiif

### human nama guutuuf qacarrii gaggeessuun barbaadan

Akkaataa xalayaa lakk. 4/0827/12 guyyaa 12/09/2010 barreeffameen komishiiniin guumruuka itoophiyaa rinfoormii yeroo amma jalaqabame ittifursiisuu akka dnda'amu gumaa'insa haarawaa qoratee hojii irra oolchaa kan jiruufi guumruuka federaalawaa keessatti humna namaa haarawaa kana booda qacaramuu qaban ilaalchisee bakka bu'iinsa sabaa fi sablamoota mirkaneessuu karaa danda'amuun qacarrii gaggeessuu akka qabu murteessee jira.

Komishiiniin guumruuka itoophiya ulaagaa armaan gadi tarreedffame bu'uura godhachuun aanaa keenyaaf barattoota yuuniversiiti mootummaa fi mit- mootummaa keesssaa bara 2008 fi 2012 barnoota digrii jelqaba xumuranii carra hojii barbaadaniif kootaa nama lamaa kan kenne ta'auu isaa yaada keessa qalchuun namoota calallee akka erginuuf nu gaafataa jira.

### Ulaagaa Dorgomii

7. Barattoota bara 2008 hangaa 2011 digrii jalqabaa xumuuran
8. Barattoota yuniivarsiitii mootummaafi mit- mootummaa kessaa ebbifaman
9. Baratoota qabxiin ittiin ebbiifaman Dhiraa 2.5 Dubarafi 2.2 fi isaa oli ta'e
10. Baratoota kaka'umsa hojii qabanii fi namuusa isaanitiin galateefataman
11. Damee Gumuruukaa hundatti ramadamanii hojjeechuuf fedhii kan qaban
12. Carraa kenname keessa % 50 Dubartootaaf kan kennamu ta'a.

### Gosaa Barnootaa

Gosa barnootaa fi akaakuu barnootaa armaan gadi tarreefamee keessa digrii jalqatiin bara 2008 hanga 2011 yunivarsitii mootummaa fi mit- mootummaa keessaa kan ebbiifaman.

## I. Ebbifamtootaa saayinsii Hawaasa tif

1 Accounting,
2 Accounting and finance
3 Banking and Finance
4 Public finance
5 Cooperative accounting and auditing
6 Economics
7 Development economics

Naannoo Oromiyaa ... Paablik Sarvisii ... Qabeenyaa ... Hawaasa

Business administration

Public administration and development management

12 Tax and gumruk administration

13 Administrative service management and technology

14 Business administration and information system

15 Management information system

16 Finance and Development economics

17 Marketing management

18 International business and investment management

19 Logistics and supply chain management

20 Procurement management

21 Mathimatics

22 Stastics

23 Good governance and development studies

24 Political science and international relation tiin digrii duraa kan qaban .

## II. Ebbifamtootaa saayinsii ummaatif

1 . textile engineering

2 . Electrical engineering

3. mechanical engineering

4. biomedicine equipment engineering

5 . chemical engineering

6 . farmacy

7 . automotive engineering

8 Mathimatics Digrii dura kan qaban

9. Stastics Digrii dura kan qaban

**Hubaachiisa**

1 Hojii dhabeessa ta'uu ragaa waajjira dhimma hojjataa fi hawaasummaa irraa kan dhiyeeffatu,

2 Ragaa barnootaa,Originaalaa fi footoo kooppii hojii dhabdummaa footoo kooppii 2 dhiyeefachuu qaba

3 Galmeen guyyaa 26-27/09/2012 sa'aatii 6:00tii,

4 Guyyaan calalli fi qormaataa 27/09/2012 sa'aatii 7:30 ta'a.

5 Minda ji'aa 6720.00,

6 Durgoo manaa 500 .00,

7 Durgoo gaammojii haala qajeelfaamatiin ni kafalmaa.

**Horaa Bulaa!**

Lakk W/PSMQM/887/23/03

Guyyaa 19/05/2012

# Beeksisaa Waamichaa 2ffaa

**Obboo Sulxaan Kataboo tiif**

**B/J**

Dhimmii:- **Beeksisa waamicha 2ffaa ilaala.**

Akkuma mata duree irratti ibsametti, beeksisa Guyyaa 27/04/2012 irraa eegalee hojii idilee keessan irraa argamuu dhabuu keessaniif beeksiisni 1ffaa guyyaa 8/05/2012 bahuun isaa ni beekama.

Haa ta'u malee, guyyoota hojii irratti hin argamiinif ragaa seera qabeessa qabachuudhaan hanga 18/05/2012 tti dhiyaachuu hin dandeenne.

Kanaafuu guyyoota hojii irratti hin argamiif ragaa seera qabeessa ta'e qabachuudhan hanga guyyaa 27 ji'a 05 bara 2012 tti kutaa hoggansaa qabeenya namaa biiroo lakk. 3 tti akka dhiyaattan yeroo isa dhumaatiif irra deebinee isin beeksiisaa, daangaa yeroo ibsamee keessatti raga keessan qabattaani hin dhiyaannee yoo ta'ee beeksisaa dabalataa malee hojii keessan irraa akka gaggeffamtan ta'uu isin cimsine isin beeksifna.

Nagaa Wajjiin

B/B

Guyyaa 27/09/2012

# BEEKSISA

Hojjattootni mootummaa yeroo ammaa Caasaa sababa godhachuun gara waajjira PSMQN A/Z/DUgdaattii abbaa dhimmaa ta'uun komii qabadan hundaaf, yeroon ammaa yeroo caasaa itti rawwatan osoo hin taanee yeroo kafaltiin itti mirkanaa'uu qofa waan ta'eef, Manaajimentiin m/hojii wal-gayii guyyaa 20/09/2012 ta'een komii sireeffama caasaa kan hin keessumeessinee fi sireeffama kamuu kan hin raawwanne ta'uu cimsinee isin beeksifna.

Nagaa Waajjin !

Motummaa Nannoo Oromiyaatti B... Godina Arsii Wajjira Bulchiinsa Aanaa Zuwaay Dugdaa

III

Lakk ~~ABA-01/~~544

Guyyaa 30/08/2012

# Beeksisa Waamicha Duraa (1ffaa)

## Obbo/Aaddee Zaalikaa Gammadaatiif B/I

*Akkuma mata-duree irratti ibsamuuf yaalametti, guyya**13/08/2012**irraa eegalee hanga guyyaa **30/06/2012** tti hojii idilee keessan irratti argamuu hin dandeenye.*

*Kana waan ta'eef sababa hojii idilee keessan irratti argamuu hin dadeenyeef hanga guyyaa **3/09/2012** tti waajjira bulchiinsaa A/Z/Dugdaa biiroo lakk.09 kutaa B/Q/Humna namaatti ragaa qabattanii qaamaan akka dhiyaattan jechaa ragaan qabattanii dhiyaattanis qabatamaa fi qajeelfama biratti fudhatama kan qabu ta'uu dursinee isinii ibsina.*

**Nagaa Wajjin!**

Huseen Quubsaa

Gaggeessaa Adeemsa Hojii QabeenyaBulchiinsa Humna Nama W/Bulchiinsa Aanaa

Motummaa Nannoo Oromiyaatti Bulchiinsa
Godina Arsii Wajjira Bulchiinsa
Aanaa Zuwaay Dugdaa

Lakk WBA/01/ ... 568

Guyyaa 06/09/2012

# Beeksisa Waamicha Duraa (1ffaa)

B/I

Obbo Xaahir Bashiir tiif

Akkuma mata-duree irratti ibsamuuf yaalametti, guyyaa 21/08/2012irraa eegalee hanga guyyaa 6/09/2012 tti hojii idilee keessan irratti argamuu hin dandeenye.

Kana waan ta'eef, sababa hojii idilee keessan irratti argamuu hin dadeenyeef hanga guyyaa 7/09/2012 tti waajjira bulchiinsaa A/Z/Dugdaa biiroo lakk.09 kutaa B/Q/Humna namaatti ragaa qabattanii qaamaan akka dhiyaattan jechaa, ragaan qabattanii dhiyaattanis qabatamaa fi qajeelfama biratti fudhatama kan qabu ta'uu dursinee isinii ibsina.

Nagaa Wajjin!

Huseen Qoobsaa Tusaa

Motummaa Nannoo Oromiyaatti Bulchiinsa Godina Arsii Wajjira Bulchiinsa Aanaa Zuwaay Dugdaa

IV Guyyaa 25-05-2012

# Beeksiisa

Daldaltoota Hojii Daldala Beeyiladoota Dhaabbii irratti bobbaatan Hundaaf.

B/J

Waajjiirri Misooma Gabaa Aanaa Z/Dugdaa Labsii Lakk. 213/2011'n Keewwata 51 tin seeraan keennameef Angoo gurguddoo 25 tu jira.

Angoowwan seeraan keennameef keessaa Beeyiladoota Dhaabbii Gabaa Aanaa Keenyarraa Fe'amanii bahaniif Seera qabeessummaa isaa erga mirkaneesseen booda waraqaa karaa dabarsa(Pass permit) ni keenna. Kanarratti Hundooftanii daldaltootnii Beeyilada dhaabbii Biittanii Gabaa Aanaa Keenyarraa feetan hundi guyyaa beeksiifni kun bayerraa kaasee Waraqaa karaa dabarsa(Pas permit) Waajjiira Misooma Gabaa Aanaa Z/Dugdaarraa osoo hin fudhatin Beyladoota feetanii baasuu kan hin dandeenye ta'u isiniif ibsaa, yoo kana ta'u baatee akkataa qajeelfamaatin kan tarkaanfiin seeraa fudhatamu ta'uu cimsinee isin beeksiifna.

Nagaa Wajjiin!

Waajjiira Misooma Gabaa Aanaa Z/Dugdaa

Moototummaa Naannoo Oromiyaa Bulchiinsa Godina Arsii ... Waajjira Misooma Gabaa Adaamii Tulluu Dugdaa

Lakk ___UM6. 99/67/12/2012___

Guyyaa ___03/02/2012___

## Beeksiisa Waamiicha 1ffaa

Obbo Gabree Burqaa tiif

B/J

Dhimmi:- **Hojii idilee keessan irraa dhabamuu beeksisuu ta'a.**

Akkuma mata duree irratti ibsamuuf yaalameetti, guyyaa 03/02/2012 irraa eegalee hojii idilee keessan irraa waan dhabamtaniif guyyaa beeksifni kun bayeerraa hanga guyyoota hojii 10(Kudhan)tti sababa keessan akka dhiyeessitan gaafachaa, guyyoota ibsame kanatti kan sababa hin dhiyeessine yoo ta'e, waajjirichi beeksisa 2ffaa baasuuf kan dirqamuu fi tarkaanfii fudhatu ta'u isin beeksifna.

Nagaa Wajjiin!

Muhaammad Tunaa Hedatoo

Itti Gaaffatamaa Waajjira Misooma Gabaa A Z Dugdaa

Lakk W/DAZD/127/12

Guyyaa 17/08/2012

# Beeksiisa

Hawaasa fi Hojjattoota mootummaa Hundaaf,

Meeshalee bu;uura seeraan alaa qabamee koreen akka gurguramuu waan murteesseef, Namoonni bitachuu barbaaddan

Guyyaan Galmee 21-10-2012-24-10-2012,

Iddoon Galmee Waajjira poolisii A/Z/Dugda,

Guyyaan Gurgurtaa 25-10-2012 sa'aatii 2;30-11;30,

Meeshaleen Gurgurtaaf Qophaa'an :

1.ffaa Sukkaara kumtaala shaan (5),

Gatii k.g tokkoo qarshii 21,

2.Zayita nyaata abbaa litra 20,

baayinni jaarkan 4.

3.Zayita nyaata abbaa litira shan (5),

Baayinni 4 gatiin tokko qarshii 26.

4.Buna kuntaala sadii(3), gatii bittaa k.g tokko qarshii 70. Ta'uu ni ibsina.

Koree Gurgurtaa

Lakk W/DAZ D/326/12

Guyyaa 19/03/2012

# Beeksisa

Hawaasa Fi Hojjattoota Mootummaa Hundaaf,

Meeshalee Bu'uura seeraan alaa qabamee koreen akka gurguramuu waan murteesseef, namoonnii barbaaddan qaaman argamuun akka bitattaan.

Guyyaan Galmee fi gurgurtaa 10/04/2012,

Iddoon galmee waajjira Poolisii A/Z/Dugdaa,

Sa'aatii 3:30 irraa eegale,

Meeshaan gurgurtaaf Qophaa'e

Buna Kg 295 qofa gatiin kg tokkoo qarshii 70.namaa tokko bitachuu kan danda'u kiloo giraama tokkoo ta'u isiin beeksifna.

Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Godina Arsii Waajjira Daldala Aanaa Z/Dugda

Lakk UAT-30/2012

Guyya 8/08/2012

**Beeksiisaa yaamicha Ayyaana irreecha Magaala Asallaa ,**

***Qeerroo fi Qarree akkasumaas Hawaasa Aanaa Zuwaay Dugdaa tiif***

***B/J***

***Dhimmi;- Kabaja Ayyaana Irreechaa irratti Akka hirmaatan isiin beeksisuu ilaala .***

*Akkuma olitti ibsamuuf yaalameetti, Ayyaani irreecha magaala Asallaa bara kanaa haala hoo'a ta'een ni kabajama. Ayaani bara kanaa kuni yeroo qeerroon injifannoo isaa itti dhandhamatu ta'uun isaa, ayyaanota kanaan dura kabajaa turre hundaan adda kan isa godhudha. Kanuma bu'uura godhachuun, Ayyaanni kuni haala tokkumma qeerroo fi Ummata keenyaa mirkaneessun kabajuun dhimma murteessaa fi barbaachisadha. Kanaaf, qeerroon Aanaa keenyaas ayyaana kana bifa hoo'aa fi tasgabbii qabuun kabajachuun injifannoo argamee daraan cimsachuuf akka danda'amuuf, osoo guyyaa Ayyaana hin geenye Hirmaattoonni Ayyaanicha guyyaa **7/1/2012** waajjira Aadaa fi turizimiittii qaaman gama waajjira Aadaa fi turizimii dhuftanii akka galmoftan jecha, ayyanichi kan kabajamu gaafa guyyaa **9/2/2012** magaala Asallaa Maalkaa Doo'iishaatti kan kabajamuu waan ta'eef, gammachuu guddaan isin beeksifna .*

*Nagaa wajjin*

Caanat Ashannaa

Itti Gaafatamaa Waajjiraa Aadaa fi Turizimii A/Z/Dugdaa

VII

Lakk -------------------

Guyyaa--08/07/2012

# BEEKSISA

## HOJJATOOTA DIRREE DHAABBATA LIFT HUNDAAF

Akkuma mata duree irratti ibsuuf yaalametti,hojjattoonni dirree dhaabbata **LIFT'n** kontiraatan qaxaraamtan hojii **shallaggii marsaa 2 ffaa Aanaa Z/Dugdaa** hojjataa turuun keessan ni beekkama.

Haa ta'u malee, sababa **Weerara dhibee korononaa vaayiraasi** yeroo amma kanaa guutuu addunyaa mudate fi biyya Keenyas yaaddoo keessa galchee bu'uura godhaachuun, **yeroof hojii kontiraata kanaa addaan kutnee** jira.kallatti akka **Biyyaatti fi Naannoottii** kaayamuu bu'uura godhachuun **waamichaa** biroo hanga isiin goonuu hojii shallaggii marsaa 2ffaa dhaabbatee jirra. Hanga waajjirichi beeksisa birootiin waamichaa isiniif godhutti.

Nagaa waliin

Bul/Mootummaa Naannoo Oromiyaa Godina ... Waajjira Bulchinsa fi Itti Fayyadama Lafa A/Z/Dugdaa

Guyyaa 13/08/2012

# Beeksisa Waamicha 3FFAA

## Obbo Amaan Hajjii tiif

**B/jiranitti**

Kunis obbo Amaan Hajjii hojjataa Waajjira BIFLB Aanaa Z/dugdaa hojjataa ogeessa lafaa ganda Q/Booraraa taatanii hojjataa akka turtaan ni beekama. haata'u malee yeroo guyyaa 1-16/7/2012 irraa hojii idilee keessan irraa sababa hin beekkamneen hojii keessan irratti hin argamne.

Ta'us sababa hojii irraa dhabamtaniif beeksisa 1ffaa irratti 1-16/7/2012 ragaa keessan akka dhiyeefatan ajajamtanis hin dhiyaanne. dabalataan hanga guyyaa 12/08/2012(guyyota hojii kudhan keessatti ragaa keessan qabattanni qaamaan akka dhiyaattan beeksisa 2ffaa isinitti baafnus hanga ammaa ragaan dhiyyeeffatan hin jiru

kanaafuu ammas yeroo isa dhumaatiif(beeksisa 3ffaa) Guyyaa **13/8/2012 -30/8/2012** tti ragaa keessan yoo hin dhiyeeffatin waajjirichi murtee itti aanutti kan deemu ta'uu isin beeksifna.

Oromiyaa Godina Arsii Waajjira ... Z/Dugdaa

Guyyaa 27/9/2012

# Beeksisa

**Hojjatoota Waajjiraa keenyaa maraaf.**

Akkuma beekkamu Laakka'umsi qabeenya (material Inventory) bara dhuma Waggatti akka taasifamu ni beekkamaa .kanaafu, hojjataan qabeenya mootummaa harka keessan jiru hanga ***Caamsa 30/bara 2012tti*** akka lookofsisuu cimsinee isin beeksisaa ,

Waajjiricha

Guyyaa 25/10/2012

**Maamiltoota W/ keenyaa Hundaaf**

Akkuma Beekamu **Waxabajjiin 30** bara 2012 Heerrega bara baajata 2012 kan ittii cufuu waan ta'eef, Waajjirrii Guyyaa Beeksifni kun baye irraa kaasee, abbaa dhimmaa Kamiyyuu kan hin keessumeessine ta'uu cimsinee isiin beeksifna.

Nagaa Wajjiin

Waajjiricha!!

Guyyaa 09/10/2012 VIII

# Beeksisaa

***Abbooti Addeemsaa fi Qindeesoota Garee Waajira***

***Keenyaa hundaaf***

Maddalliin Marsaa 2ffaa kan bara 2012 Hojjatoota isin jala Jiran madaalun firii madaalli isaani Unkaa madaalliitin guttani hanga Guyyaa 15/10/2012 Kuta Humna Namaa Waajjira Keenyaaf, akka gaabaaftan isin beeksisa .

Waajjiricha

Godina Arsii Waajjira Mallaqaa fi Walta'iinsa Dinagdee Aanaa Ziwaay Dugdaa

Guyyaa 17/09/2012

# BEEKSISA

**Hojjattoota Bul, Magaalaa Ogolchoo** irraa yeroo addaa rakkina dhuunfaa fi Hojii waajjiraatiif liqiin Moodel (6) (Tursisa) of irraa qabdan Hundinuu, hanga **waxabajjii 10/10/12tti** ragaa keessan dhiyeefatani of irraa yoo buusuu baattan, bara bajaata itti Aanuuf Idaa ta'ee kan darbu ta'uu cimisinee isin Beeksifna.

Nagaa Wajjiin!

- Kutaa Herrega W,B,M ,Ogolchoo

Guyyaa 28/09/2012

# BEEKSISA

*Dhimmi* :- **woldalee sheedii hojiidhaaf fudhatanii hojii addan kuttanii sheedii cuuftani taa'utti jirtan hundumaaf.**

Akkuma mata-duree gubatti ibsamuuf yalameetti kanan dura hojii Uumachuuf namoonni woldaan ijaramtanii sheedii Bulchinsaa magaalaa Ogolchoo Kireefachuun keessaan ni yadatama. Haa ta'u malee Woldaaleen Heddun isanii hojii addaan kutanii sheedii waan cuufaniif yeroo amma kana woldaan hojii barbaadu Sheedii itti hojjatuu waan dhabeef Guyyaa 03/10/2012-08/10/2012tti akka meeshaa keessan keessaa bafattani cimsinee isiin beeksifna.

Nagaa Waliin!

Oromia Credit and saving
Share Company
Ogolcho Branch

LakK OCS/Ogol/165/20

Guyyaa 20/04/2020

# Beeksisa 1ffaa

**Addee Misiraa Bashiriitiif**

B/J

*Dhimmi: Sababa hin beekkamneen hojii irraa dhabamuu ta'a*

*Akkuma mata-duree irratti ibsuuf yaalametti gaafa guyyaa13 /04/2020 irraa kaaftanii sababaa hin beekkamneen hojii idilee keessan irratti argamuu hin dandeenye.*

*Kanaafuu,yeroo gabaabaa keessatti sababa gahaa hojii irraa ittiin haftan dhiyyeeffattanii,akka dhihattan kabajaan isin beeksifna.*

Nagaa Wajjin

*G/G*

*Kutaa Heregaa Damee Ogolchootiif*

*-WALQO Godina Arsiitiif*

Lamma Geriyo Geleto.
Branch Manager

Oromia Credit and saving Share Company Ogolcho Branch

Lakk. Ocs/Ogo/136/17

Guyyaa 16/6/2017

# Beeksisa 1^ffaa

Addee Misiraa Bashiiriitiif

B/J

Dhimmii :- Sababa hin beekamneen hojii irraa dhabamuu ta'a.

Akkuma mata duree gubbaattii ibsuuf yaalameettii, guyyaa 13/6/2017 irraa egalee hanga hanga gaafa guyyaa beeksini kun baheettii hojii idilee keessan irrattii argamuu hin dandeenye.

Kanaafuu, yeroo gabaabaa keessattii sababa gahaa hojii irraa ittiin haftan qabatanii akka dhiyaatan kabajaa waliin isiin beeksifna.

Nagaa Wajjin

G/G

WALQO Goodina Arsiitiif

Bebailu Bahiru
Branch Manager

Orom·· Credit and saving
Sh·· Company
O····· Branch

Lakk/WALQO/Ogo/11/2020

Guyyaa 15/12/2012

# Beeksiisa Qacarrii

Waldaan Aksiyoona Liqii fi Qusannaa Oromiyaa Damee Ogolchoo Eddoo Duwwaa qabu irraatti waldorgcmsiisee qacaruu waan barbaaduuf namoonni dorgoomuu barbaaddan Qaamaan dhiyaattanii galmaayuu ni dandeessuu.

Eddoo Duwwaan Qabnuu Qulqulleessituu Kontiraataan Qacaruu Barbanna.

1.1 Saalli Dubara Takka (1).
1.2 Mindaan Akkataa dhaabatichaatiin.
1.3 Eddoon hojii WALQO Damee ogolchooti.

2.Ulaagaan Galmeef Barbaachisu:-
1.Waraqaa Kutaa 8ffaa orijinaalaa fi fotoo koppii tokko.

3.Waraqaa Qulqullummaa Gandaa.
4.Wabii nama Dhiyeeffachuu danda'uu.
5.Waraqaa Eenyummaa kan Ganda isaa Harkattii Qabachuu.
6.Guyyaan Galmee 15/12/2012-24/12/2012 ttii.
7.Galmeen wjixataa hanga jimaataa saa'aatii hojii Ganama 2:30-6:30 waaree boooda 7:30-11:30 ttii.
8Barbaadamaan Aanaa Z/Dugdaa Qofa.
9.Kutaan Galmee Lakk shan (5).
10.Waraqaa Hojii Dhabdummaa dhiyeeffachuu kan Danda'uu.
11.Guyyaan Qormaataa 25/12/2012 Ganama saa'aatii 2:30 ttii

Nagaa Wajjiin

Oromia Credit and saving Share Company Ogolcho Branch

# Waraqaa mirkaneeffannaa

Qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa kootii ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa qorataa ______________________

Mallattoo__________________________

Guyyaa____________________